

Lakk. Galmee - 303547

Guyyaa: 11/02/2012

Abbootii Murtii: Dasaa Bulchaa
Muhaammad Nuuree
Fiixaa Dachaasaa
Huseen Kamaal
Masfin Geetaachoo
Duulaa Lataa
Abdullaahii Shaafii

Iyyataan: Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa- Tsaggaayee
Darrasee-dhiyaateera

Waamamtoonni:

- 1) Asmaraaw Inniyew –hin dhiyaanne
- 2) Indaalee Yaaquub-hin dhiyaanne

Galmeen qoratamee murtiin kanaa gadii kennameera.

Murtii

Dhimmi falmii kun kan eegale himata Abbaan Alangaa Aanaa Aqaaqii waamamtoota irratti Mana Murtii Aanaa Aqaaqii dhiyeesseeni dha. Tarreen himatichaas gabaabinaan waamamtootni kun Seera Yakkaa bara 1996 bahe keewwata 32(1)(a) fi Labsii Bosonaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 72/1995 keewwata 15(1) irra darbuudhaan gaafa 20/11/2010 Magaalaa Dukam Ganda 01 Naannoo Baankii Daldala Itoophiyaa Damee Xaddachaa biratti nama yeroodhaaf dhiyaatee jecha isaa hin kennanne waliin cilee baay’inni isaa kuntaala 159 ta’e konkolaataa Lakkoofsi

Gabatee isaa 3-18932 A.A ta’e qabeenyaa Darajjee Maammaa ta’etti Magaalaa Finfinnee irraa gara Magaalaa Dukamitti fe’anii

otoo socho'aa jiranii harkaa fi harkatti waan qabamaniif yakka cilee seeraan ala geejibsiisuutiin himatamaniiru kan jedhu dha. Waamamaa 1ffaan cilee bu'aa bosonaa ta'e kana fe'uu isaa ibsuun garuu kan inni fe'e abbaan qabeenyaa cilee kanaa hayyama waan qabuuf naaf fe'i jennaan Qarshii 1000tiin Magaalaa Finfinnee irraa gara Magaalaa Dukamitti fe'ee abbaa qabeenyaa kana faana otoo cilicha buusaa jirruu bu'ee dhumuuf gaafa jedhu poolisootni nu qabani abbaan qabeenyaa hayyama nan qaba dhaqeen fida jennaan isa gadhiisanii anaan immoo na qaban waan ta'eef balleessaa hin qabu yommu jedhu, waamamaa 2ffaan immoo waamamaa 1ffaan hiriyyaa koo taanaan isa faanan deema ture malee gocha kana keessaa gahee hin qabu jechuun yakkicha raawwachuu haalee falmeera. Manni murtichaa ragaa Abbaa Alangaa erga dhagaheen booda akka ofirraa ittisaniif ajajullee waamamtootni ragaa ittisaa hin qabnu waan jedhaniif keewwatuma seeraa itti himataman jalatti balleessaa raawwataniiru jechuudhaan murtii balleessaa kenneera. Adabbii ilaalchisees sadarkaan yakkichaa gadi aanaa dha jechuudhaan tokkoon tokkoon isaanii hidhaa waggaa shaniin akka adabamaniif murteesseera.

Waamamtootni murtii mana murtichaan kenname komachuudhaan ol'iyyata isaanii gara Mana Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinneetti dhiyeeffatanii, Manni Murtii Ol'aanaas ol'iyyaticha dhiyeessisuudhaan komii dhiyaate erga dhagaheen booda murtiin balleessummaa mana murtii jalaatiin kenname dogoggora hin qabu jechuudhaan murtii yoo kennu, garuu adabbiin kenname fooyyessuudhaan waamamaa 1ffaan hidhaa cimaa waggaa sadii fi ji'a torbaatiin, waamamaa 2ffaan

immoo hidhaa cimaa waggaa afuriitiin akka adabaman jedheera. Waamamtootni ammas murtiin manneen murtii jalaatiin kenname dogoggora ofkeessaa qaba jechuudhaan Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Yakkaa Giddugaleessaatti komii ol'iyannoo dhiyeeffataniiru. Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaas komii ol'iyaticichaa dhiyeessisuudhaan falmii garee bitaa mirgaa erga dhagaheen booda murtii dabarseera. Murtii kenneenis waamamtootni kan itti gaafatamuu qaban bu'uura seera itti himatameen, Labsii Bosonaa Oromiyaa Lakk 72/1995tiin otoo hin taane, Labsii Misooma, Eegumsaa fi Itti Fayyadama Bosonaa Mootummaa Federaalaa, Lakkoofsa 1065/2010tiin ta'uu qaba jechuudhaan murtii balleessummaa tumaa Labsichaa keewwata 26(1) jalatti dabarseera. Adabbii gama ilaaluunis waamamtootni tokkoon tokkoon isaanii hidhaa cimaa waggaa tokkoo fi Qarshii 2000tiin akka adabaman murteessuudhaan murtii fi adabbii manneen murtii jalaa fooyyesseera. Dhimmi kun Dhaddacha Ijibbaataa kanaaf dhiyaachuu kan danda'es iyyataan murtiin Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Yakkaa Giddugaleessaa haala kanaan kenne kun dogoggora bu'uuraa seeraa of keessaa ni qaba jechuudhaan iyyata gaafa 13/05/2011 barreessee dhiyeesse ka'umsa godhachuudhaan. Qabxiin iyyata isaas cuunfaadhaan yoo ilaalamu: biyyi kun Mootummaa Federaalaa fi Mootummaa Naannoleedhaan kan bultu dha. Mootummaan lameenuu qaama seera baasu, seera hiikuu fi seera raawwachiisu kan mataa ofii ni qabu. Qaamni seera tumtuu Mootummaa Federaalaa dhimma mootummaa federaalaaf heeraan kenname irratti, akkasumas Caffeen dhimma naannichaa irratti aangoo seera baasuu ni qabaatu. Seerri qaama seera baasuuf aangoon

heeraan kennameen bahe yookaan tumame immoo qaamoleen naannicha keessa jiran hundaanuu kabajamuun hojiirra ooluu qabu. Caffeen dhimma bosonaa irratti Labsii Bosonaa Oromiyaa Lakk 72/1995 baasee jira. Labsiin kun hanga qaama seera kana baaseen hin jijjiiramnetti manneen murtii seera kana hii-kuudhaan hojiirra oolchuu qabu. Faallaa kanaa seera jedhame kana cinatti dhiisuudhaan Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Labsii Bosonaa Mootummaa Federaalaa, lakk. 1065/2010tiin, murtii balleessaa fi adabbii inni kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan qabuuf, murtichi diigamee murtiin balleessummaa fi adabbiin seera Abbaan Alangaa jalqaba himata isaa ittiin dhiyeesseen akka kennamuuf gaafateera.

Dhaddachi Ijibbaataas iyyata Abbaan Alangaa dhiyeesse erga qorateen booda qabxiin dogoggorri bu'uuraa seeraa raawwatame jiraachuu qulqulleeffachuuf jecha waamamtoota deebii irratti akka kennan ajajeera. Haaluma kanaan, Waamamaa 1ffaan deebii dhiyeeffateen cilee qabame kana abbaan qabeenyaa feesifate itti gaafatamuu otoo qabuu isa dhiisanii anaan itti gaafatamaa taasisuun faallaa seeraa ti; Murtiin bu'uuraa Labsii Bosonaa Mootummaa Federaalaa Lakk 1065/2010tiin narratti kennamees Iyyataa kan komachiisu ta'uu hin qabu; Sababiin isaas Mootummaan Naannoo labsii ofii baafachuu kan danda'u osoo haala Labsii Bosonaa Mootummaa Federaalaa Lakk. 1065/2010tiin wal hin faallessineen ta'uu qaba; Labsiin Mootummaa Naannoo raawwatiinsa hin qabaatu; Waan ta'eefis itti gaafatamummaan koo bu'uuraa seera bosonaa Mootummaa Federaalaa baaseen ta'uun isaa kan iyyataa komachiisu ta'uu hin qabu jechuun falmeera. Waamamaa

2ffaanis sababuma walfakkaatuun itti gaafatamummaan yakkaa fi adabbiin akkaataa Labsii Bosonaa Mootummaa Federaalaa Lakk. 1065/2010tiin kenname dogoggora homaatuu hin qabu jechuun falmeera. Waan kana ta'eef, komiin Iyyataa kufaa ta'ee murtiin Mana Murtii Waliigala Oromiyaatiin kenname akka nuuf cimu jechuun waamamtootni gaafataniiru

Ka'umsii fi falmiiwwan dhimmicha irratti mana murtii jalqabaa irraa eegalee turan gabaabinaan kan olitti ibsame yommu ta'u, Dhaddachi Ijibbaataa kunis dhimmicha gadi qabee qorateera. Aangoon dhaddacha kanaa dogoggora bu'uuraa seeraa mana murtii jalaatiin raawwatame tokko ilaalee sirreessuu waan ta'eef dhimma ammaan kana qabanne keessatti dogoggorri akkasii raawwatamuufi raawwatamuu dhabuu isaa qoratee ilaaleera.

1. Dhimma kana keessatti qabxiin walfalmisiisaa ta'ee mul'ate waa'ee walitti bu'iinsa seerota (conflict of laws) kan mootummaa adda addaa lamaan bahanii ti. Dhimma yakkaa Waamamtootni itti himatamanii fi balleessaa dha itti jedhaman irratti tumaan walfakkaataan seera mootummaa Federaalaa fi kan mootummaa naannoo Oromiyaa keessatti tumamanii argamu. Labsii Bosonaa Oromiyaa Lakk.72/95 Keewwata 15(1) fi Labsii Bosonaa Mootummaa Federaalaa Lakk.1065/2010 Keewwata 26(1) jechuu dha. Tumaaleen keewwatoota Labsiiwwan kana lamaanii yoo ilaalaman tumaa yakkaa wal fakkaataa dhimma yakkaa tokko irratti tumamanii argamu. Waan kana ta'eef ijoon falmii dhimmichaa dhaddacha duratti walfalmisiiseef deebii argachuu qabu, dhimma yakkaa waamamtootni itti himatamaniifi balleessaa yakka qabu itti jedhaman irratt-

ti tumaan seeraa raawwatiinsa qabu isa kami? Tumaa Labsii Bosonaa Oromiyaa Lakk.72/1995 Keewwata 15(1) moo? Kan Labsii Bosonaa Mootummaa Federaalaa Lakk.1065/2010 Keewwata 26(1) dhaa? kan jedhu dha. Ijoo falmii qabamee kanatti deebii kennuuf Dhaddachi kun Heera Mootummaa Federaalaa Dimookiraatawaa Rippaabilika Itoophiyaa, Labsii Lakk.1/1995 (gabaabaatti ‘Heera Mootummaa Federaalaa’ jedhamee kan caqasamu), Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya’ee Bahe Labsii Lak. 46/1994 (gabaabaatti ‘Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa’ jedhamee kan caqasamu) fi seerota roggummaa qaban waliin akka armaan gadiitti qorateera.

2. Sirna federaalaa keessatti qoodinsii fi maddi aangoo mootummootaa heera federaalaa biyyattii ti. Kan biyya keenyaas kana irraa adda miti. Akkaataa kanaan qoodinsa aangoo Mootummaa Federaalaa fi kan Mootummaa Naannoo biyya keenyaa ilaaluun barbaachisaa ta’a. Heera Mootummaa Federaalawaa Itoophiyaa, Labsii Lakk.1/1995, Kwt 51(5) fi Kwt 55(2(a) jalatti akka tumametti itti fayyadamaa fi kununsa lafaa fi qabeenya uumamaa (bosona dabalatee) Mootummaan Federaalaa aangoo seera baasuu ni qabaata. Heerichuma Kwt 52(2(d) jalatti Mootummaan Naannoo (Mootummaa Oromiyaa dabalatee) ammoo seera Mootummaan Federaalaa baase irratti hundaa’uudhaan aangoo lafaa fi qabeenya uumamaa bulchuu akka qaban tumameera. Kun jechuun garuu haalli itti Mootummaan Naannoo seera bulchiinsa lafaa fi qabeenya uumamaa baasuuf aangoo qabaachuu itti danda’u hin jiru jechuu ta’uu dhiisuu danda’a. Innis bulchiinsa lafaa fi qabeenya uumamaatiin walqabatee seerri mootummaan federaalaa baasu

gahaa ta'uu dhiisuu ni danda'a. Kun ammoo haala qabata-maa naannichaa yaada keessa galchee seera dabalataa yookiin seeruma mootummaan federaalaa baase balballoomsuu fi akkaataa bulchiinsaaf ta'utti seera ofii baasuun barbaachisaa ta'ee argamuu ni mala. Wayita akkasii keewwattootuma Heerichaa olitti caqasamanii fi dabalataanis Heericha kwt 52(1) irratti hundaa'uudhaan seera dhimmicha ittiin bulchuuf gargaaru baasuuf aangoo ni qabaata. Sirna federaalaa keessatti aangoon seera baasuu mootummaa federaalaa fi mootummaa naannoo haalli itti wal irra bu'u (concurrent jurisdiction) ni jira. Kun dhimma baratamaadhas. Dhimma amma qabanne keessatti ijoon falmii jiru yoo ilaalle waa'ee guutummaa seerotaa/labsiiwwan lameenii osoo hin taane waa'ee tumaalee yakkaa labsiiwwan lameen keessatti tumamanii akka ta'e hubachuun barbaachisaa ta'a. Wayita tumaaleen seerota mootummaa adda addaa lamaan dhimma tokko irratti bahan walitti bu'an isa kamtu raawwatiinsa qabaata isa jedhu jechuu dha.

3. Labsiin Bosonaa Mootummaa Federaalaa Lakk.1065/2010 Kwt 26(1) jalattis bu'aa bosonaa haala faallaa seeraa ta'een qabatanii argamuun yakka ta'uun tumameera. Haaluma wal fakkaatuun Labsii Bosonaa Oromiyaa Lakk. 72/1995 Kwt 15(1) jalattis bu'aa bosonaa karaa seeraan ala ta'een qabatanii argamuun yakka ta'uu tumameera. Kana irratti kan hubatamu Mootummaan Federaalaa fi kan Naannoo Oromiyaa dhimma tokko irratti tumaa seera yakkaa mataa ofii baasanii jiru jechuu dha. Bu'uura Heera Mootummaa Federaalaa Kwt 55(5) tiin aangoon seera yakkaa baasuu kan Mana Maree Bakka Bu'oota Uummataa ti. Mootummootni Naannoo ammoo dhimmoota haala ifa ta'een yakka jedhamanii hin tumamne irratti seera yak-

kaa tumuu akka danda'an tumameera. Kana jechuun mootummaan naannoo tokko dhimma yakka jedhamee seera mootummaa federaalaatiin tumame tokko irratti seera ofii baasuun irra deebiin yakka godhee tumuu hin danda'u jechuu dha. Dhimma amma of harkaa qabnu yommu ilaallu, bu'aa bosonaa karaa seeraan ala ta'een otoo geejjibsiisaa jiruu namni tokko yoo qabame bu'uura Labsii Bosonaa Mootummaa Federaalaa Lakk. 1065/2010 Kwt 26(1) tiin yakka jedhamee ifaan tumamee jira. Dhimma kana irratti erga mootummaa federaalaatiin ifaan yakka ta'uu tumamee jiraatee ammoo, mootummaan naannoo seera ofitiin gochuma sana irra deebiin yakka taasissee tumuu hin danda'u; yoo baasee argames tumaan seeraa mootummaa naannichaa raawwatiinsa hin qabaatu jechuu dha. Dhimma of harkaa qabnu irratti seerri raawwatiinsa qabaatu Labsii Bosonaa Mootummaa Federaalaa lakk.1065/2010 Kwt 26(1) ti jechuu dha. Abbaan Alangaa dhimma kana irratti Labsiin Mootummaa Oromiyaa Lakk.72/1995 Kwt 15(1) raawwatiinsa ni qaba jechuudhaan kan falmu fudhatama kan qabu miti.

4. Gama biraatiin, Labsiidhumti Bosonaa Oromiyaa kun yoo ilaalamu seensa isaa keessatti akka kaa'etti matuma isaatiif iyyuu Labsii Bosonaa Mootummaan Federaalaa Lakk. 94/1986 kan yeroo sana bahee hojiirra ture irratti hundaa'ee kan bahe ta'uu isaa ibsa. Labsii Lakk. 94/1986 kun ammoo yeroo ammaa kana haqamee fi Labsii Bosonaa Mootummaa Federaalaa Lakk. 1065/2010n kan bakka bu'e dha. Kunumti illee kan agarsiisu dhimma yakkaa waamamtootni itti himataman kanaaf seerri rogummaa qabu Labsii Bosonaa Mootummaa Federaalaa Lakk. 1065/2010 ta'uu isaa ti. Akkuma olitti ibsame, akkaataa labsii kanaatiin bu'aa bosonaa kan ta'e cilee

fe'anii bakkaa bakkatti socho'uun yakkaan kan nama adabsi-
isu waan ta'eef falmii Abbaan Alangaa kan fudhatama qabu
ta'ee hin argamu. Dabalataan, Heerri Mootummaa Naannoo
Oromiyaa Labsii Lakk. 46/1994 Kwt 49(3)(a) jalatti haala ibsa
armaan olii cimsuun Caffeen seerota adda addaa yoo baasu
akkaataa Heeraa fi Seera Mootummaa Federaalaan walit-
ti hin buuneen akka ta'uu qabu tumameera. Kunis kan cim-
su, tumaan seeraa Labsii Bosonaa Oromiyaa Lakk. 72/1995
Kwt 15(1) Labsii Bosonaa Mootummaa Federaalaa Lakk.
1065/2010 Kwt 26(1)n waan walitti bu'uuf dhimma harkaa
qabnu kana irratti raawwatiinsa kan hin qabaanne ta'uu isaa ti.

5. Walumatti, aangoon seera yakkaa baasuu kan mootum-
maa federaalaa ta'uun ifatti Heera Federaalaan kan tumame
ta'uu, aangoon mootummaa naannoo seera yakkaa baas-
uu dhimma ifatti seera mootummaan federaalaatiin hin
aguugamne qofaa irratti kan daanga'u waan ta'eef; dhimma
yakkaa amma falmii kaasise kana irratti tumaan seeraa kan
mootummaan federaalaa baaseen ifatti haguugamee osoo jiruu
tumaan seeraa naannoo Oromiyaa (Labsii Bosonaa Oromiyaa
Lakk. 72/1995 Kwt 15(1)) raawwatiinsa hin qabaatu jechuud-
haan sagalee guutuudhaan murteessineerra. Murtiin Mana
Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Yakkaa Giddugalees-
saa dhimma kana irratti kenne dogoggora bu'uuraa seeraa
kan qabu ta'ee waan hin argamneef murtii balleessummaa fi
adabbii kenname akkuma jirutti sagalee guutuudhaan cimeera.

Ajaja

1. Murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Galmee Lak-
koofsa 292841 ta'e irratti dhaddacha gaafa 25/04/2011 oo-
leen kenne dogoggora bu'uuraa seeraa of keessaa waan hin

qabneef akkaataa tumaa SDFY Kwt. 195(2)(b)(2) tti sagalee guutuudhaan cimeera.

2. Hiikni seeraa murtii kana keessatti kenname dhimmoota naannichaa walfakkaataa biroo irratti akkaataa Labsii Manneen Murtii Oromiyaa Lakk. 216/2011 Kwt. 29(1) tiin hiikni seeraa dirqisiisaata'eni qabaata waanta'eef manneen murtii naannichaa hundi beekanii akka itti hojjataniif haa beeksifaman jenneerra.

3. Galmeen murtii waan argateef cufameera, mana galmeetti deebi'ee haa taa'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa 7 hin dubbifamne ni qaba.

Lakk. Galmee 283392
Guyyaa 25/10/2011

Abbootii Seeraa: - Muhaammad Nuuree
Masfin Getaachoo
Ashannaafii Raggaasaa
Abdullaahii Shaafii
Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyattuun: Boontuu Waldee

Waamamaan: Sintaayyoo Habeebee

Galmeen qorannoof kan bule yoo ta'u, qorannee murtii armaan gadii kennineerra.

Murtii

Galmeen kun banamee dhiyaachuu kan danda'eef, Iyyattuun iyyata gaafa 3/8/2010 barreeffameen murtii Manni Murtii Aanaa Gimbichuu lakkoofsa galmee 22275 ta'e irratti dhaddacha gaafa 27/3/2010 ooleen kenne akkasumas murtii Manni Murtii Ol-aanaa Godina Shawaa Bahaa lakkoofsa galmee 051641 irratti dhaddacha gaafa 8/5/2010 ooleen kenne dogoggora bu'ura seeraa waan qabuuf akka naaf sirratu jechuun waan gaafatteefi dha.

Ka'umsi dhimma kanaa Mana Murtii Aanaa irratti murtii waamamtuun ammaa bu'ura seera siivilii 996 ajajuun ragaan dhaaltummaa fudhatte dogoggora qaba waamamtuun Sintaayyoo Habeebee osoo hin ta'in ani sintaayyoo Habeebeeti jechuun ragaa kana fudhatte waan ta'eef ragaan kun akka naaf haqamu jechuun iyyattuun ammaa mormii waan dhiyeessiteefi dha. Waamamtuun ammaas ani Sintaayyoo Habeebee waanin ta'eef iyyattuun ammaa osuma ta'ee iyyuu

gahee haadha manummaa ishee gaafatti malee ragaan akka haqamuuf gaaffii dhiyeessuuf waan mirga hin qabneef, mormiin ishee kufaa naaf haa ta'u jechuun gaafattee turte. Manni Murtii Aanaa bitaa fi mirga falmisiisuun dhimmicha ragaan qulqulleeffadheera jechuun ragaan kenname haqamuu hin qabu jedhee mormii iyyattuu ammaa kufaa gochuun murteesseera. Manni Murtii Ol-aanaas murtii Mana Murtii Aanaa kana cimsuun murteessee jira.

Iyyatni amma dhiyaates murtii Manneen Murtii jalaa haala olitti ibsameen kennan jijjiirsisuuf kan dhiyaate dha. Iyyatni dhiyaates gabaabinaan kan jedhu, waamamtuun ammaa maqaa mucaa keenyaa Sintaayyoo Habeebee kan amma lubbuun hin jirreen ani Sintaayyoo Habeebeeti jechuun dhaaltummaa du'aa mirkaneeffachuun ragaadhaan mirkanaa'ee osoo jiruu waamamtuun du'aa dhaaluuf mirga kan hin qabne ta'uunis osoo mirkanaa'ee jiruu waamamtuun miseensa maatii du'aa fi kiyya akka hin taane osoo mirkanaa'ee jiruu qabeenyaa fi qabiyyee anii fi du'aan waliin qabnu irratti ragaa dhaaltummaa baafattee kan qabatte seeraa ala ta'ee osoo jiruu Manneen Murtii jalaa mormii koo kufaa gochuun isaanii dogoggora waan ta'eef, murtiin manneen murtii jalaa naaf diigamee ragaan dhaaltummaa waamamtuu akka haqamu akka naaf murtaa'u baasii fi kisaaraan koos akka naaf murtaa'u jechuun gaafatteetti.

Dhaddachi Ijibbaataa kunis iyyata dhiyaate murtii Manneen murtii jalaa waliin qoratee dhimmoota tokko tokko qulqulleessuuf iyyatni kun ni dhiyeessisa jedhee waamamtuun deebii akka dhiyeessitu bu'uura ajajeen waamamtuun deebii gaafa 20/6/2011 barreeffame dhiyeessitee jirti. Deebiin dhiyaates

gabaabinaan kan jedhu, iyyattuun gahee du'aa dhaaluuf kan mirga qabdu yoo ta'e falmii qabeenyaa irratti gaafatti malee ragaan dhaaltummaa kiyya akka haqamuuf gaaffii dhiyeesuuf mirga hin qabdu. Ani maatii du'aa ta'ee erga du'aa fi iyyattuun bara 2007 keessa gargar bahanii du'aa xooree lafa kanas waliin itti fayyadamaa ture waan ta'eef iyyatni iyyattuu kufaa akka naaf ta'u. Ani maqaan koo sirriin Sintaayyoo Habeebeeti waan ta'eef, iyyattuun maqaa mucaa koo duutee fudhatte kan jettu kufaa akka naaf ta'u. kanaaf murtiin manneen murtii jalaa dogoggora bu'uura seeraa waan hin qabneef, iyyatni dhiyaate kufaa naaf ta'ee baasii fi kisaaraan naaf kaffalamee murtiin jalaa akka naaf cimuu kan jedhu dha.

Seenaan dhufaatii dhimma kanaa fi falmiin dhaddacha kanatti dhiyaate gabaabinaan kan olitti ibsame yoo ta'u, dhaddachi kunis galmee kana jalaa kaasee qorateera. Akka qoratettis, murtiin manneen murtii jalaa dhimma kana irratti kenne dogoggora bu'uura seeraa kan qabu dha moo miti? kan jedhu ilaalleerra. Haaluma kanaan dhimmicha yoo ilaallu, iyyattuun ammaa falmii asitti dhiyeessiteen waamamtuun osoo mucaa du'aas hin ta'in miseensa maatii keenyaas osoo hin ta'in ani miseensa maatii du'aati jechuun maqaa mucaa keenya ishee lubbuun hin jirreetiin waamamaa dhaaluuf ragaa dhaaltummaa fudhachuuf mirga hin qabdu waan ta'eef, ragaan dhaaltummaa isheen fudhatte akka naaf haqamu jechuun kan gaafachaa jirtu yoo ta'u, waamamtuun immoo ani miseensa maatii du'aa abbaa manaa iyyattuu waanin ta'eef, inni du'e eessuma koos waan ta'eef, iyyattuun ragaan dhaaltummaa gahee du'aa irratti naaf kenname akka haqamuuf gaafachuuf mirga hin qabdu jechuun fal-

mittee jirti. Manneen Murtii jalaatti ragoolee bitaa fi mirgaan dhiyaatan irraa firiwwan dubbii mirkanaa'uun murtii manneen Murtii jalaa irratti ibsaman yoo ilaallu, du'aa fi iyyattuun mucaa Sintaayyoo Habeebee jedhamtu akka qabanii fi isheenis lubbuun kan hin jirre ta'uu, waamamtuun mucaa du'aa akka hin taane, akkasumas waamamtuun maqaa Sintaayyoo Habeebee jedhamuun du'aa dhaaluuf ragaa dhaaltummaa kan baafatte ta'uu fi waamamtuun maqaa biroo qabaachuun kan hin mirkanoofne ta'uu isaa ti. Kana malees, inni du'e waamamtuu biratti du'ee sirni awwaalcha isaas Waamamtuudhaan naannoo Amaaraatti kan raawwate ta'uu fi waamamtuun yeroo du'aan lubbuun turetti naannoo Amaaraatii deddeebi'aa isa du'e kan gaafachaa turte ta'uu isaa ti. Isaa olittis waamamtuun ragaa dhaaltummaa kan mana murtiin murteeffatte irratti qabiyyee lafa baadiyyaa du'aa dhaaluuf kan baafattee fi gaheen ishees ragaa dhaaltummaa kana irratti kan ibsame ta'uu galmee keessaa ni hubatama. Bu'uura labsii lafa baadiyyaa lakkoofsa 130/99 keewwatni 9 ajajuun qotee bulaan qabiyyee lafa baadiyyaa isaa miseensa maatii isaa akkaataa seera dhaalaatiin dhaalchisuuf mirga kan qabu yoo ta'u, labsiidhuma kana keewwata 2(16) jalatti immoo Miseensa maatii jechuun ijoollee qotee bulaa sanaa fi namoota biroo galii biroo hin qabneef dhaabbataadhaan qotee bulaa sana bira jiraatu akka ta'etti hiikkoon isaa kennamee jira. waamamtuun mucaa qotee bulaa isa du'e miti.

Waamamtuun naannoo biraatii deddeebitee isa du'e kan gaafachaa turte dha malee isa du'e bira dhaabbataan kan jiraachaa turte miti. kana malees, waamamtuun naannoo biroo keessa jireenyaa fi madda galii kan qabdu ta'uu malee waamamtuun

kan galii hin qabne miti. Haala kanaan immoo waamamtuun miseensa maatii isa du'ee miti waan ta'eef haalli itti isheen qabiyyee lafa baadiyyaa isa du'ee dhaaluuf mirga qabaachuu dandeessu hin jiru. Ragaan dhaaltummaa lafti baadiyaa gahee dhaaltuu irratti ibsamuun kennameef kun immoo mormiin yoo irratti dhiyaate waamamtuun qabiyyee lafa baadiyaa isa du'ee dhaaluuf waan mirga qabduuf ragaan kun kennameefii moo miti? kan jedhu ilaalanii murteessuu seerri dhorku waan hin jirreef kan waamamtuun deebii ishee irratti falmii haadhoo irratti malee amma falmii kana dhiyeessuu hin dandeessu jechuun kaaste falmii fudhatama qabu miti jennee kufaa gooneerra.

Manneen Murtii jalaa isa kana bira darbuun qabiyyee lafa baadiyyaa akka qabeenya birootti ilaaluun iyyattuun waa'ee gahee ishee irratti malee gaaffii dhiyeessuu hin dandeessu jechuun ragaan dhaaltummaa waamamtuuf kenname haqamuu hin qabu jechuun murtiin kennan murtii dogoggora seeraa qabu dha waan ta'eef sirrachuu qaba jenneerra. Dabalataanis maqaan mucaa bitaa fi mirgaa isheen duute maqaan ishee Sintaayyoo Habeebee kan jedhamtu ta'uu fi waamamtuunis maqaa guutuu mucaa abbaa manaa iyyattuu fi iyyattuun wal fakkaatuun ragaa dhaaltummaa fudhachuun ishee yoo ilaalamu waamamtuun maqaa biroo qabaachuun ishee yoo hin mirkanoofta illee, haalli kun garuu akka tasaa dhimma ta'e dha jechuuf dhaddacha ijibbaataa kana kan hin amansiisneef himatni haala kanaan dhiyaates fudhatama argachuu hin qabu jenneerra. Walumaagalatti murtii Manneen Murtii jalaa dhimma kana irratti kennan dogoggora bu'uura seeraa kan qabu dha jennee, ragaan dhaaltummaa waamamtuuf kennamee ture haqamuu

qaba jennee ajaja kana gadii kennineerra.

Ajaja

1. Murtii Manni Murtii Aanaa Gimbichuu lakkoofsa galmee 22275 ta'e irratti dhaddacha gaafa 27/3/2010 ooleen kenne akkasumas murtii Manni Murtii Ol-aanaa Godina Shawaa Bahaa lakkoofsa galmee 051641 ta'e irratti dhaddacha gaafa 8/5/2010 ooleen kenne bu'uura seera deemsa falmii siivilii keewwatni 348/1/ ajajuun diigneerra.
2. Ragaan dhaaltummaa waamamtuuf murtii Manni Murtii Aanaa Gimbichuu lakkoofsa galmee 22275 irratti dhaddacha gaafa 21/7/2009 ooleen kenneefii ture haqameera. Waamamtuun ragaa dhaaltummaa kana akka deebistu ajajameera. Haa barreeffamu.
3. Baasii fi kisaaraa bitaa fi mirgi of haa danda'an.
4. Garagalchi Manneen Murtii jalaa haa dhaqqabu.
5. Dhorkaan kenname yoo jiraate ka'eera. Haa barreeffamu.
6. Galmeen cufameera. Mana galmeetti haa deebi'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa 5 hin dubbifamne irra ni jira.

Lakk. Galmee - 287259

Guyyaa - 04/03/2012

Abbootii Seeraa: Tamaam Adam

Gammachiis Dhugumaa

Jamaal Qumbii

Himataan: Obbo Yaared Mulaat

Himamatoota:1. Obbo Gabarahiwoot Kidaanee

2. Aaddee Zufaan Tawoldee

Galmeen kan buleef qorannoof ture. Haaluma kanaan qoratamee murtiin kennamee jira.

Murtii

Dhimmi murtii kanaaf sababa ta'e himannaa himataan gaafa 16/05/2011 barreessuun himamatootni tilmaama mana jireenyaa magaalaa bal'ina iddoon argama isaa fi daangaan isaa caqafamee jiru Qr, 700,000.00 (kuma dhibba torba) akka kanfalaniif gaafateen galmeen kan bannamee fi himamatootnis deebii barreeffamaa gaafa 28/06/2011 qophaa'e itti kennuun falmii dhimma kanfaltii tilmaama qabeenya hin sochoonee ilaalchisee asitti dhiyaatee dha.

Firiiwwan ijoo falmii bitaa fi mirgaan asitti dhiyaate gabaa-binaan yemmu ibsamu himataan himannaa gaafa 16/05/2011 qophaa'een himamatootni ammaa kun kanaan dura himannaa himataa ammaa dabalatee namoota biroo afur irratti M ana Murtii kanatti dhiyeessanii galmee lakk.118201 ta'erratti ilaalamuun qabeenya falmii yeroo sanaaf sababa ta'e Godina Gujii Magaalaa Nageellee ganda 03 keessatti argamu hoteela turistii

lakk.200 jedhamuu fi manni jireenyaa lakk.1 jedhamu qabiyyee lafa manni jireenyaa falmii ammaa kanaaf sababa ta'e kun irratti argamu dabalatee lafa kaaree meetira 36,000 irra jiru himataa ammaa dabalatee himatamtootni yeroo sanaa kan biroo namootni afur himatamtoota ammaatiif akka gad-lakkisan jedhamuun dhaddacha gaafa 14/04/2007 ooleen murtiin kan kenname ta'uu; Qabiyyee lafaa kaaree meetira 36,000 himatamtoota ammaaf akka gad-lakkifamu murtaa'e kana keessaa immoo himataan ammaa lafa kaaree meetira 1080 kan manni jireenyaa falmii ammaa kanaaf sababa ta'e irra jiru bara 2001 keessa waliigaltee kennaa seera qabeessa ta'een nama Aadde Misiraachi Yohaannis jedhamtu irraa argachuun waliigaltichis qaama aangoo qabu biratti dhiyaatee mormii tokko malee galmama'ee mirkanaa'uun ragaan abbaa qabiyyummaa kaartaa fi pilaaniin himataa ammaaf kenname hayyama ijaarsaas itti fudhattee mana jireenyaa tilmaamni isaa himannaa ammaa kanaan gaafatame kana himataan mormii fi falmii tokko malee bu'uura Seera Hariiroo Hawaasaa (SHH) kwt.1179(1)tiin mallaaqaa, humnaa fi dafqa ofitiin kan ijaarrate akka ta'ee fi; Murtiin kanaan dura himatamtoota ammaatiif kennamees mana jireenyaa lakk. 1 fi hoteela tuuristi lakk.200 fi lafa manneen kun irra jiran qofa irratti malee mana jireenyaa himataan ijaarradhe jedhu kanaa fi lafa manicha irratti ijaare kaaree meetira 1080 himataan waliigaltee kennaatiin argate kana irratti kan hin kenname ta'uu ibsuudhaan garuu murtii kanaan dura galmee lakk.118201 ta'erratti himatamtoota ammaatiif kennameen qabiyyee lafaa himataan mana irratti ijaarrate kanas himatamtoota ammaaf akka gad-lakkisu waan murtaa'eef tilmaama mana jireenyaa himataan kun lafi-

cha irratti mormii tokko malee ijaarratee Qarshii 700,000.00 (kuma dhibba torba) bu'ura SHH kwt.1179(2)tiin himatamtootni akka kanfalaniif gaafachuun himannaa dhiyaatee dha. Gama biraatiin himatamtootni deebii barreeffamaa gaafa 28/06/2011 qopheessuun dhiyeessaniin mana jireenyaa himataan himannaa tilmaama kanfalchiisuu amma itti dhiyeef-fate kana ilaalchisee kanaan dura himataan kun Mana Murtii kanatti namoota biroo waliin galmee lakk.118201 ta'erratti himatamee innis laficha karaa seera qabeessaan kan argate ta'uu fi manichas karaadhuma seera qabeessaan kan ijaarrate akka ta'e ibsuun ragaa himannaa ammaa waliin dhiyeeffate kana dhiyeeffachuun falmatee Mana Murtii kun falmii fi ragaa isaa qulqulleessuun waliigalteen kennaas ta'ee haalli himataan ittiin laficha qabatee fi manichas ijaare seeraan ala ta'uu mirkaneessee akka gad-lakkisu himatamtoota biroo waliin kan itti murteesse ta'uu ibsuudhaan himanni himataan amma dhiyeesse kun himannaa seeraan ala yeroo 2ffaaf dhiyaatedha jechuun mormii sadarkaa duraa bu'ura Seera Deemsa Falmii Siivilii (SDFS) kwt.244(2)tiin kaasuu kan falman yoo ta'u;

Ijoo bu'uraa ilaalchiseetis deebiin filannoon kennaanis gabaabinaan haalli argannaa fi qabannaa qabiyyees ta'ee ijaarsa manna himataan amma tilmaama gaafatu kun seeraan ala ta'uun kanaan dura galmee biroo olitti caqafame irratti ilaalamee mirkanaa'uun murtiin kan itti kenname ta'uu, namni himataan lafa mana jireenyaa falmii kaase kana waliigaltee kennaatiin irraa argadheera jedhus galmee lakk.118201 olitti ibsame irratti himataa kana waliin himatamtuu 3ffaa taatee himatamtee haalli mataan ishii qabiyyee kana itti qabatee fi namoota biroo garee

3ffaatti dabarsiteen seeraan alaa dha jedhamee murtiin kan itti kenname ta'uu, murtiin galmee lakk.118201 olitti caqafame kana irratti himataa ammaa fi miiltoowwan isaa kan biroo isa waliin himataman irratti kennamees ol'iyannoonis ta'ee haala biroo kamiinuu hanga ammaatti kan hin haqamne ta'uu fi akkasumas namootni akkuma himataa kanaa qabiyyee himatamtoota ammaa nama himataan kennaan irraa argadhe jedhu irraa bifa adda addaatiin argatan kan birootis bu'ura SDFS kwt.358tiin galmee olitti caqafame kanarratti iyyatanii mirga kan hin qabne ta'uun mirkanaa'ee iyyatni isaanii kufaa kan ta'e ta'uu fi himataan kan mana kiyya jedhu kanas kan ijaare yeroo himatamtootni biyya keessa hin jirrettii fi beekuufis ta'e mormuuf gonkumaa hin dandeenyetti bu'uura SHH kwt.1178tiin kan ijaare waan ta'eef bu'uurri seeraa gatii ykn tilmaama manichaa gaafachuuf isa dandeessisu kan hin jirre akka ta'e bal'inaan ibsuudhaan walumaagalatti himannaan himataadhaa galmee lakk.118201 fi SHH kwt.1178 waliin ilaalamee kufaa ta'uun himatamtootni bilisaan akka gaggeeffaman kan jedhu dha.

Haaluma walfakkaatuun dhagaha falmii afaanii irrattis himataan gama isaatiin murtii galmee lakk. 118201 ta'e irratti kennameen himataan ammaa qabiyyee lafaa akka gad-lakkisu malee manicha gad-lakkisi kan hin jedhamne ta'uu, waliigaltee kennaan himataan qabiyyee lafaa kana ittiin argate ilaalchiseetis galmee lakk.olitti caqafame kan duraanii sana irratti himataan akka ragaatti kan dhiyeeffate yoo ta'ellee murtii keessatti garuu wanti jedhame kan hin jirree fi lafa sana irrattis manicha himataan kan ijaarrate mormii tokko malee hayyama qaama ilaalu irraa kan argate ta'uu, ijoon himannaa

amma dhiyaate kanaas gatii qabeenya manaa laficha irratti himataan ijaaree deebisiisuuf kan dhiyaate akka ta'e bu'uuruuma himannaa barreeffamaan dhiyeeffateen ibsuun falmee jira. Himatamtootnis gama isaaniitiin firriiwwan dubbii, ijoon falmii fi tarreen ragaa himannaa himataa kan ammaa isa galmee duraanii irratti dhiyaate waliin tokkuma ta'uu fi seeraan ala yeroo 2ffaa himannaa dhiyaate akka ta'e mormii sadarkaa duraa kaasani ijoo bu'uuraa irrattis waliigaltee kennaa lafaas ta'ee haalli biroo kamiyyuu himataan qabeenya kana ittiin argadhe jedhe hundi seeraan ala jedhamee kanaan dura murtiin kan itti kenname ta'uu, qabiyyee nama biroo irratti mana kana ijaaruun baasii fi xaariin isa irra gahe yoo jiraate himataan nama qabiyyicha irratti mirga seeraa otuu hin qabaanne waliigaltee kennaa seeraan alaatiin isaaf dabarse gaafachuu qaba malee himatamtoota himachuu kan hin dandeenye ta'uu fi manichas kan ijaare haala himatamtootni beekuu fi mormuu hin dandeenyee fi carraas hin qabne keessatti ta'uu ibsuudhaan haala kanaan himanni himataan tilmaama manaa gaafachuun dhiyeesse seera qabeessa waan hin taaneef kufaa akka ta'e falmanii jiru.

Egaa falmiin dhimmicharratti barreeffamaa fi afaaniin dhagahame kanuma olitti ibsame Kanaan xumuramuudhaan dhimmichailaalamee qabxiin mormii sadarkaa duraa himannaan himataa dhimma duraan murtii argate irratti seeraan ala yeroo 2ffaa kan dhiyaateedha jechuun himatamtootni kaasan jal-murtiidhaan bira darbamee qaamolee adda addaa irraa ragaaleen garaagaraa akka dhiyaatan taasifamuun galmeen kun galmee lakk. 118201 ta'e kan kanaan dura falmiin qabiyyee himataa fi himatamtoota ammaa giddutti irratti ilaalamuun murtiin akka itti kenname

ibsame waliin walqabatee akka ilaalamu ajajamee haaluma kanaan dhiyaatee walqabachuun dhimmichi falmii barreeffamaa fi afaaniin bitaa fi mirga irraa dhiyaate, ragaalee barreeffamaa fi sanada adda addaa bitaa fi mirgaan akkasumas ajaja Mana Murtii kanaan dabalataan asitti dhiyaatanii fi tumaalee seeraa rogummaa qaban waliin walbira qabamee qoratamee jira. Akkaatuma kanaan dhimmichi akka qoratametti falmii fi murtii kanaan dura galmee lakk.118201 ta'erratti gaggeeffamee fi kennameen mana jireenyaa falmii ammaa kanaaf sababa ta'e ilaalchisee maaltu jedhamee? murtiin sun mana jireenyaa falmii ammaa kana ni hammata moo mitii? bu'ura murtii sanaatiin mirgi abbaa qabeenyummaa mana falmii kaasee kan eenyuutii? murtii sanaan himataa ammaa irratti maaltu murtaa'ee? maaltu murtaa'eef? Mana jireenyaa himannaa kanaaf sababa ta'e kana himataan lafa himatamtootaa irratti mormii tokko malee ijaare moo mitii?, mormii tokko malee kan ijaare yoo ta'e mirgi himataan bu'ura seeraatiin gaafachuu danda'u maali dhaa? hayyama/beekamtii abbaa qabiyyee malee kan ijaare yoo ta'e hoo bu'uurri seeraa tilmaama gatii ijaarsaa/manichaa gaafachuuf dandeessisu jira moo hin jiru? kan jedhu qabxiilee ijoo dhimma kana irratti murtii seerawaa fi haqa qabeessa ta'e kennuudhaaf barbaachisan/dandeessisan ta'anii waan argamaniif adda bahanii qabamuun bu'ura falmii bitaa fi mirgaa, ragaalee adda addaa galmee keessatti argamanii fi tumaalee seeraa ilaaluutiin akka armaan gadiitti xiinxalamuun ilaalamanii jiru.

Akkaatuma kanaan qabxiin ijoo xiinxalaa inni jalqabaa waa'ee falmii fi murtii galmee lakk.118201 irratti kenname ilaalchisee qabame yemmu ilaalamu lffaa galmee lakk. 118201 ta'er-

ratti himannaa himatamtootni ammaa kun himataa ammaa namoota afur; Obbo Yaared Mulaat (himatamaa 4ffaa ta'uun), aadde Gannat Mulaat himatamtuu 1ffaa, obbo Yohaannis Leenchaamoo himatamaa 2ffaa fi, aadde Misiraachi Yohaannis himatamtuu 3ffaa ta'uun, irratti dhiyeessaniin qabiyyee fi qabeenya manneen jireenyaa kan himatamtoota kanaa ta'ee hoteela Tuuristi lakk.200 jedhamuu fi manneen jireenyaa lakk.1 jedhaman Godina Gujii Magaalaa Nageellee ganda 03 keessatti lafa bal'inni isaa kaaree meetira 36,000 (kuma sodomii jaha) irratti qabatanii argamu himatamtootni sababa biyya alaa deemaniif bakka bu'ummaan akka bulchituuf himatamtuu 1ffaa aadde Gannat Mulaat nama jedhamtutti kennatanii turan; aadde Gannat Mulaat seeraan ala kennaadhaan abbaa warraa ishii kan ta'e himatamaa 2ffaa obbo Yohaannis Leenchaamotti dabarsitee innis haaluma walfakkaatuun kennaadhaan intala isaa kan taate himatamtuu 3ffaa aadde Misiraachi Yohaannisitti dabarsuun lafa kana keessaa isa falmii ammaa kanaaf sababa ta'erratti himataan ammaa ijaarsa manna raawwachaa jiraachuu fi akkasumas lafa duwwaa isa hafes himatamtootni sun namoota birootti gurguraa jiraachuu ibsanii waliigalteewwan seeraan ala qabiyyee fi qabeenya himatamtoota ammaa irratti raawwataman akka diigaman, ragaaleen abbaa qabiyyummaa kennamanii fi ijaarsi raawwatame seeraan ala akka jedhamanii fi qabiyyee fi qabeenyaa seeraan ala qabatan himatamtootni sun himattoota (himatamtoota ammaa) tiif akka gad-lakkisan ykn tilmaama Qarshii miiliyoona lama akka kanfalaniif kan gaafatan akka ta'e garagalchi himannaa himatamtootaa galmee lakk.118201 keessaa ilaalamee jira. Himataan ammaa kunis deebii fi falmii galmee sana irratt-

ti dhiyeesseen akka waliigalaatti qabiyyeen inni qabatee jiru nama abbaa qabeenyaa seera qabeessa ta'e (himatamtuu 3ffaa galmee lakk.118201) irraa kan isatti darbee fi karaa seera qabeessaan galmaa'ee ragaan abbaa qabeenyummaa fi hayyamni ijaarsaa qaama aangoo qabuun itti kennameefii gibira mootummaa itti kanfalaa jirru qabeenya seera qabeessa ta'uu isaa ibsee dhimmichi kan na himachiisu miti jechuun falmuudhaan himannaan himatamtootni ammaa isarratti dhiyeessan kufaa akka ta'u gaafachuu isaatis galmeen lakk.118201 ni mul'isa. Namootni himataa ammaa waliin himatamanis qabeenyaa fi qabiyyee falmii kaase waliigaltee bittaa fi gurgurtaa fi akkasumas kennaa qaama aangoo qabu biratti mirkanaa'uun galmaa'een kan argatan ta'uu bal'inaan kaasani kan falman akka ta'es galmee olitti caqafame kana irraa hubatamee jira.

Akkasumas 2ffaa Mana Murtii kun seera qabeessummaa waliigalteewwan kennaa fi kanneen biroo qabiyyee fi qabeenyaan himatamtootni ammaa kun himatanii turan ittiin daddarbaa turree fi akkasumas ragaalee abbaa qabeenyummaa aangoo bakka bu'iinsaa qabiyyicha irratti kennaman jedhamanii falmii fi ragaalee adda addaa qaamolee garaagaraa irraa ajajaan dhiyees-sisuun qulqulleessee waliigalteewwan kennaa, kan gurgurtaa, ragaaleen abbaa qabeenyummaa fi aangoon bakka bu'ummaa qabiyyee fi qabeenya lafaa himatamtootni ammaa himatanii turan lafa kaaree meetira 36,000 irratti raawwatamanii fi kennaman seeraan ala ta'uu mirkaneessee diiguudhaan himataa ammaa waliin himatamtootni afranuu qabiyyee fi qabeenyaa hoteelaa fi manneen jireenyaa lafa kaaree meetira 36,000 irratti argaman himatamtoota ammaatiif akka gad-lakkisan, gad-lak-

kisuun kan ulfaatu yoo ta'e immoo gatii qabeenyichaa tilmaama gatii gabaa yeroo murtichi kennamutti jiruun ogeessaan tilmaamamee himatamtoota ammaaf akka kanfalan jechuun kan murteesse akka ta'e murtichi galmee lakk.118201 keessaa ilaalamee jira.Qabiyyee lafaa kaaree meetira 1080 fi manni jireenyaa falmii ammaa kanaaf sababa ta'e lafa kaaree meetira 36,000 himatamtoota ammaatiif akka gad-lakkifamu murtaa'e kana keessatti kan argamu akka ta'e falmii fi murtii galmee lakk. 118201 irraa ifatti kan mul'atu waan ta'eef falmiin himataan murtichi lafaa fi mana jireenyaa ani qabadhe kana hin ilaallatu jechuun kaasuu dhugummaa fi haqummaa kan qabuu miti. Haaluma kanaan 3ffaa mana jireenyaa himannaa himataa ammaatiif sababa ta'e kana ilaalchisee bu'uura murtii galmee lakk.118201 irratti kennameetiin himataa ammaa irratti maaltu murtaa'ee fi/ykn maaltu isaaf murtaa'ee kan jedhus akka qoratametti qabiyyee lafaa kaaree meetira 36,000 himatamtoota ammaaf murtaa'ee ilaalchisee waliigalteewwan raawwataman, ragaaleen kennamanii fi hoteela tuuristii lakk.200 fi mana jireenyaa lakk.1 jedhaman irraan kan hafe ijaarsaaleen biroo raawwataman hundinuu seeraan alaadha jedhamee himatamtoota ammaatiif akka gad-lakkifamu ykn tilmaamni gatii gabaatiin ogeessaan hojjetamee akka kanfalamu galmee lakk. olitti caqafame irratti ifatti murtaa'ee jira. Qabiyyeen lafaa fi manni jireenyaa himannaa himataa kanaaf sababa ta'e immoo daangaa lafa qabiyyee lafaa kaaree meetira 36,000 himatamtootaaf akka gad-lakkifamu murtaa'ee keessatti kan argamu ta'uu fi murtiin kan irra qubate ta'uu isaatis qabxii xiinxalaa 2ffaa armaan olii keessatti ibsamee kan jiru dha.Mana jireenyaa himataan ijaare jedhu kana ilaalchisees mirgi abbaa qabeenyum-

maa himatamtoota ammaatiif murtaa'eera jechuun sadarkaa xiinxala kanaatti yoo dhibellee himataan ammaa mirga tokkoyyuu irraa hin qabdu, seeraan ala qabatee ijaarte jedhamee kan itti murtaa'e ta'uun isaa garuu ifatti kan mul'atu dha. Haaluma olitti ibsameen waliigalteen kennaa himataan qabiyyee lafichaa ittiin argadhe jedhes ta'ee ragaaleen abbaa qabeenyummaa qaama aangoo qabu irraa naaf kennaman jechuun himannaa fi falmii isaa keessatti ibsee fi akka ragaattis dhiyeeffate seeraan ala dha jedhamuun himataan qabiyyicha himatamtoota ammaaf akka gad-lakkisu kan itti murtaa'ee fi gad-lakkisuun kan ulfaatu yoo ta'e immoo gatii qabeenya manaa tilmaama gatii gabaa yerootti jiruun himatamtootaaf kanfalee manicha oolfachuu akka danda'u mirgi bitachuu qofa kan eegamee akka ta'e ifatti hubachuun danda'amee jira.

Kanaaf, walumaagalatti qabiyyee lafa mana jireenyaa himannaa kanaaf sababa ta'e irratti ijaare kana himataan seeraan ala qabate jedhamee himatamtoota ammaaf akka gad-lakkisu kan itti murtaa'e ta'ee otuu jiruu mana lafa kana irratti ijaarame irraa mirga abbaa qabeenyummaa seera qabeessa ni qaba jechuun falmiin himataan dhiyeesse sirrii ta'ee hin argamu. Gama biraatiin qabxiin ijoo xiinxala lammaffaa gaaffii seerummaa himataan himannaa amma dhiyeesse kanaan gaafate ilaalchisee qabame irrattis dhimmichi akka qoratametti lffaa himataan qabiyyee lafa himatamtootaa seeraan ala qabatee mana himannaa isaa kan ammaa kanaaf sababa ta'e irratti ijaare jedhamee namootuma inni qabiyyee kana karaa seera qabeessaan irraa argadhe jedhu waliin kanaan dura galmeero biroo irratti himatamuun falmii fi ragaadhaan qulqullaa'ee

mirkanaa'uun qabiyyichi akka gad-lakkisu kan itti murtaa'e yoo ta'u, murtichis ol'iyyannoodhaan ykn haala biroo seeraan beekamtii qabuun kan hin haqamne ykn hin jijjiiramne ta'uun alattis akkaataa murtichaatti akka raawwatu himannaa raawwii Mana Murtii kanatti irratti dhiyaatee galmee lakk.237632 ta'erratti raawwii gaggeeffamaa jiruun himataan qabiyyicha himatamtootaaf gad-lakkisuun manni himannaa kanaaf sababa ta'e kun himatamtoota harka galee kan jiru akka ta'e galmee raawwii olitti caqafame kanaa fi iyyannoo wabii ykn dhorki manichaa gaafachuun himataan gaafa 28/06/2011 qopheessee dhiyeessuun galmee kana keessatti argamu irraa ni hubatama.

Akkasumas himataan mana falmiif sababa ta'e kana akka gad-lakkisu raawwiin galmee raawwii olitti ibsameen kenname hanga himatni isaa kun fala argatutti dhorkamee akka ture iyyannoo gaafa 16/05/2011 barreesseen kan gaafate yoo ta'u; iyyannoon isaas bu'uura seeraa raawwii murtichaa dhorkisiisu hin qabu jedhamee dhaddacha gaafa 20/06/2011 ooleratti galmeedhuma kanarratti jal-murtiidhaan kufaa ta'ee jira. Akkaataa kanaan 2ffaa himataan tilmaama gatii manichaa ykn tilmaama baasii ijaarsaa lafa himatamtoota jalaa seeraa ala qabate jedhame irratti raawwatee himatamtoota irraa gaafachuu kan isa dandeessisu bu'uura seera qabeessa lama qofaani dha. Innis murtii haadhoo galmee lakk.118201 ta'erratti kanaan dura kenname keessatti mirgi tilmaama qabeenyichaa gaafachuu ifatti kan isaa eegame yoo ta'ee fi ykn immoo waliigalteen addaa gama kanaan himatamtoota waliin bu'uura SHH kwt.1178(2), 1179 (2) fi 1180tiin taasisan yoo jiraate dha.Kallattii kanaan waliigalteen dhimma kana irratti himataan himatamtoota waliin

godhe jiraachuu isaa falmiis ta'ee ragaan dhiyaate kan hin jirre ta'uun alattis yaaliin gama kanaan taasisan milkii malee kan hafe ta'uu yaada bitaa fi mirgi yeroo adda addaa dhaddachaaf ibsaaniin waliigaluu kan hin dandeenye ta'uu mirkaneessanii jiru. Kallattii biroon murtiin galmee lakk.118201 ta'erratti kanaan dura qabiyyee manni falmii kaase kun irratti ijaarame irratti kenname yommu ilaalamu himataa ammaa dabalatee himatamtootni isa waliin turan qabiyyee fi qabeenya himatamtoota ammaa jalaa seeraan ala waan qabataniif akka himatamtoota ammaaf gad-lakkisan kan murtaa'e ta'uu malee mirga himataan ammaa mana jireenyaa falmii ammaa kanaaf sababa ta'e kanaan walqabatee gaafachuu malu jiraachuu isaa qabiyyee murtichaa keessattis ta'ee ajaja kenname keessatti wanti ibsame kan hin jirre akka ta'e garagalcha murtichaa irraa ifatti ilaalamee jira.

Inumaayyuu murticha irraa akka hubatamutti qabiyyee fi qabeenyaa akka gad-lakkisan jedhame sababa jijjiirama irratti raawwatameen himatamtoota ammaa (himattoota yeroo sanaa) harkaa gahuun kan hin danda'amne yoo ta'e qabeenyi laficha irra jiru gatii gabaa yeroo murtichi sun kennamutti jiruun ogeessaan tilmaamamee himatamtoota ammaatiif akka kanfalamu akka filannootti kan murtaa'e ta'uu garagalchi murtichaa ni mul'isa. Egaa, falli filannoo olitti ibsame kun akka mirga murtichaan eegameetti kan ilaalamu yoo ta'e himataan ammaa tilmaama gatii gabaa ammaatiin gatii manichaa himatamtootaaf kanfaluun mana falmii kaase oolfachuu kan danda'u ta'us garuu himataan himannaa dhiyeesseen seerummaa kana hin gaafanne waan ta'eef filannoon kunis gaaffii himannaa himataatiif bu'uura ta'uu kan danda'u miti.

Kana malees, tarii akka fala seeraa isa birootti ilaalamuu kan danda’u qabeenya manaa himataan qabiyyee himatamtootaa akka gad-lakkisu jedhame irratti ijaare bu’uura SHH kwt.1178 (2) jalatti tumameen baasii ofii isaatiin diigatee kaafachuu yoo ta’u, kun garuu fedhii fi hayyama himatamtootaa irratti kan hundaa’e ta’uu caalaayyuu himataanis himannaa dhiyeesseen seerummaa kana waan hin gaafanneef himannaa himataas rogummaa kan qabu ta’ee hin argamu. Kanaaf, himataan qabiyyee lafa mana falmiif sababa ta’e kana irratti ijaare akka gad-lakkisu bakka itti murtaa’ee jiruttii fi murtii sana keessatti immoo mirgi tilmaama/baasii qabeenya laficha irratti horatee gaafachuu ifatti eegameef hin jirretti himannaan SHH kwt.1179 caqasuun himatamtoota irratti dhiyeesse bu’uura SDFS kwt. 216(4)tiin deeggarsa seeraa kan qabu ta’ee hin argamu.

Kana malees 3ffaa mana jireenyaa falmii kaase kana himataan qabiyyee lafa himatamtootaa irratti haala kamiin ijaare qabxii jedhu ilaalchisee himataan himannaa fi falmii isaatiin waliigaltee kennaa qabiyyee lafichaa ittiin qabadhe jedhu qaamni mormu yoo jiraate akka beekuuf gaazexaadhaan qilleensa irra akka oolu eega taasifameen booda qaamni dhiyaate otuu hin jiraatin falmii fi mormii tokko malee ijaarsa manaa kan raawwate akka ta’e ibsuun mormiin gama himatamtootaan ture kan hin jirre ta’uu SHH kwt.1179(1) bu’uura godhachuun falmee jira. Himatamtootni immoo gama isaaniitiin qabiyyee fi qabeenya kana obboleettii himataa ammaa kan taatee fi himatamtuu 1ffaa galmee lakk.118201 kan turte nama aadde Gannat Mulaat jedhamtutti bakka bu’ummaan akka bulchituuf itti kennaniin biyya keessaa kan bahan ta’uu, haalli himatam-

tootni gochaa raawwatame kana itti beekuu danda'an kan hin jirre akka ta'e himataa ammaa nama qabeenyicha bakka bu'ummaan akka bulchitu itti kenname waliin waliigaluudhaan laficha kan qabatee fi ijaarsa kan raawwate akka ta'e, haalli kunis falmii kanaan dura galmee lakk.118201 irratti gaggeeffameen mirkanaaa'ee haalli qabannaa lafichaas ta'ee ijaarsi laficha irratti raawwatamee beekumsaa fi hayyama himatamtootaa malee seeraan ala kan raawwatame dha jedhamee murtiin kan itti kenname ta'uu deebii barreeffamaa keessatti ibsanii jiru. Dabalataanis, falmii afaanii irrattis himatamtootni lammiilee biyya Eeritiriyaa ta'uu isaanii fi hariiroon biyyoota lamaan gidduu tures himatamtootni gochaa seeraan alaa qabeenya isaanii irratti raawwatamaa ture beekuufis ta'ee ijaarsa himataan raawwate mormuuf kan hin dandeessifne ta'uu ibsanii, walumaagalatti himataan manicha beekumsaa fi mormii himatamtootaa malee ijaare jechuun kan hin danda'amne akka ta'e SHH kwt.1178 bu'uura gochuun falmanii jiru.

Manni Murtii kunis akka ilaaletti qabeenyi qabiyyee waliigaltee seeraan ala godhameen qabatame irratti horatame waliigaltichi seeraan ala ta'uun mirkanaa'ee kan murtaa'e yoo ta'e qabeenyi laficha irratti horatame mormii abbaa qabiyyichaa malee ijaarame jechuun kan hin danda'amnee fi bu'uura SHH kwt.1179(2) tiin abbaan qabiyyichaa tilmaama gatii/baasii qabeenyichaa akka kanfalu jechuun seeraan ala akka ta'e Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaddachi Ijibbaataa murtii galmeewwan Ijibbataa lakk.141606 ta'ee fi 128650 ta'an irratti kenneen hiikkoo seeraa dirqisiisaa kan itti kenne ta'uun maxxansa murtiilee jiildii 22ffaa keessatti argamu irraa hubatamee jira.

Dhimma ammaa kana keessattis himataan qabiyyee mana falmii kaase kana irratti ijaare waliigaltee kennaatiin kan qabate ta'uu fi kunis haalli qabannaa isaa seeraan ala dha jedhamee himataan qabiyyicha akka gad-lakkisu kan murtaa'e waan ta'eef bu'uura hiikkoo seeraa dirqisiisaa olitti caqa-fame kanaatiinis falmiin himataan manicha mormii himatamtootaa malee ijaare waan ta'eef himatamtootni akkaataa SHH kwt.1179(2)tiin tilmaama manichaa naaf kanfaluu qaban jechuun dhiyeesse fudhatama kan qabuu miti. Kana malees, tumaan SHH kwt.1179(1) fi (2) raawwatiinsa kan qabaatu abbaan qabiyyee ijaarsi qabiyyee isaa irratti raawwatamaa jiraachuu/raawwatamuu otuu beekuu/quba qabuu mormuu yoo hafe qofa akka ta'e SHH kwt.1179(3) jalatti ifatti kan tumame yommu ta'u, abbaan qabiyyichaa ijaarsa qabiyyee isaa irratti raawwatamu mormuudhaaf kan hin dandeenye yoo ta'e ijaarsichi akka ijaarsa otuu abbaan qabiyyichaa mormatuu raawwatametti fudhatamee SHH kwt.1178 jalatti kan ilaalame ta'uu isaa SHH kwt.1178(3) jalatti tumamee argama.

Kanaaf, dhimma harkaa qabnu kana keessattis himataan qabiyyee himatamtootaa kan qabatee fi mana falmii kaase kan irratti ijaare yeroo himatamtootni biyya keessa hin jirrettii fi nama isaan qabeenyicha akka bulchuuf itti kennatan waliin waliigaluun ta'uun isaa, akkasumas haalli nageenyaa fi hariiroon siyaasaa walitti dhufeenya biyya himatamtootni yeroo sana keessa turanii fi biyya Itiyooophiyaa kan qabeenyi falmii kaase keessatti argamu gidduu ture kan nagaa hin qabnee fi addaan cite ta'uu waliin yommu madaalamu himatamtootni gochaa himataan qabiyyee isaanii irratti raawwate kana kan hin beeknee fi otuma

kan beekanis ta'ee mormuudhaaf gonkumaa kan hin dandeenye ta'uun isaanii ifatti kan hubatamu waan ta'eef ijaarsi manaa himataan qabiyyee himatamtootaa irratti raawwate mormii isaanii malee raawwatame kan jedhamu ta'ee hin argamu. Walumaagalatti sababoota bal'inaan armaan olitti xiinxalamuun ibsamaniin himatni himataan tilmaama gatii mana qabiyyee himatamtootaa irratti ijaaree ture himatamtootni akka kanfalaniif gaafachuun dhiyeesseef bu'uura SHH kwt.1178(3), 1179(3) fi hiikkoo seeraa dirqisiisaa Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaddachi Ijibbaataa galmee-wwan lakk.141606 fi 128650 ta'an irratti kennuun jiidii 22ffaa keessatti maxxanfamanii argamaniitiin himatamtootni ittigaafatamummaa hin qaban jedhamee murtaa'ee jira.

Ajaja

1. Himannaa himataan himatamtootni tilmaama qabeenya mana lafa isaanii irratti ijaare akka kanfalaniif dhiyeesse bu'uura SHH kwt.1178(3), 1179(3), SDFS kwt. 216(3) fi hiikkoo seeraa dirqisiisaa Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaddachi Ijibbaataa galmee-wwan lakk.141606 fi 128650 ta'an irratti kennuun jiidii 22ffaa keessatti maxxanfamanii argamaniitiin himatamtootni itti gaafatamummaa hin qaban jedhamee jira.
2. Mirgi ol'iyyannoo dhaddacharratti himamuun mirgi baasii fi kisaaraa gaafachuu himatamtootaaf eegamee jira.
3. Ajajni dhorkii galmee kana keessatti kenname ka'uun galmeen cufameera; haa deebi'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa 3 hin dubbifamne ni jira.

Lakk.Galmee - 287722

Guyyaa 10/03/2012

Abbootii Seeraa: - Kaasahuun Guuttataa

Jamaal Kadiir

Muhaammad Jimaa

Ol'iyyataan: - Abbaa Alangaa Naannoo - Obbo Abdusalaam
Amaan - dhiyaataniiru

Deebii Kennaan: -Faayee Eelemoo - dhiyaataniiru

Galmeen kan beellamameef qorannoof yoo ta'u, qoratamee
murtiin kennameera.

Murtii

Murtii kanaaf ka'umsa kan ta'e komii murtii Mana Murtii
Ol'aanaa Godina Gujii Lixaa galmee lakk. 01199 ta'e irratti
dhaddacha gaafa 04/06/2011 ooleen kenne komachuun dhiyaate
dha. Falmiin mana murtii jalaa gabaabumatti, himannaa Ab-
baa Alangaa Aanaa gaafa guyyaa 09/04/2011 barraa'een deebii
kennaa ammaa himatamaa jalaa irratti hundeesseen himatama-
an kun seera yakkaa bara 1996 bahe kewt.690 (1) (A) fi 556 (2)
(A) bira darbuun, itti yaadee gaafa guyyaa 17/03/2011 guyyaa
keessaa tilmaamaan sa'aatii 10:30 hanga galgala keessaa sa'aa-
ti 1:30tti Aanaa Dugdaa Daawwaa Magaalaa Fincaawaa ganda
01 bakka addaa Kellaa Diddiimtuu jedhamutti Zayitii Nyaataa
baay'inni torba gatiin tokkoo qarshii 800 yoo ta'u, gatiin wali-
iigalaa immoo 5600 (kuma shanii fi dhibba jaha), sukkaara
kuntaala shan gatiin tokkoo qarshii 2200 (kuma lamaa fi dhib-
ba lama) gatiin waliigalaa qarshii 11,000 (kuma kudha tokko)
baasuu gottoo harka mirgaan qabatee mummuruun faayidaan

ala kan taasise yoo ta’u, dabalataanis gaafuma kana dhagaa harka mirgaan qabatee konkolaataa gosti Rivolushinariii taatee fi lakk. gabatee A3-59745 taatee balbala duubaa gama bitaan qolaa seemiidhaa tilmaamaan qarshii 134, 205 (kuma dhibba tokkoo fi kuma soddomi afurii fi dhibba lamaa fi shan) yommu mancaasu miseensi poolisii namni Saajin Ol’aanaa Baay’isaa Gaarradoo jedhamu immoo yommu harkaa fi harkatti qabuuf jedhu dhagaadhaan darbatee mataa gama bitaa rukutuun yakka qabeenya nama biraa irratti miidhaa qabeenya ballessuu cimaa fi yakka miidhaa qaamaa raawwateen himatameera kan jedhu dha.

Bu’uura himannaa dhiyaateen Mana Murtii Aanaa bitaa fi mirga falmisiisee dhimmicha ragaadhaan erga qulqullessee booda deebii kennaa irratti murtii ballessummaa kennuun adabbii hidhaa ciimaa waggaa afurii fi baatii afurii fi qarshii 2000 (kuma lamaa) tiin akka adabamu kan murtesse yommu ta’u, deebii kennaan ammaa komii waan dhiyeesseef Mana Murtii Ol’aanaa Godina Gujii Lixaa lakk. Galme 01199 irratti bitaa fi mirga wal falmisiisee bu’uura SDFY kewt.195-2-(B, D) adabbii fooyeesuun hidhaa salphaa ji’a 8 (saddetiin) akka adabamu murteesseera.

Abbaan Alangaa Godina Gujii Lixaa murtii kana komachuun komii isaa mana murtii kanatti dhihyeefatee jira. Komiin dhiyaate gabaabumatti: -1ffaa. himatni 1ffaan seera yakkaa kewt. 690 (1) (A) bira darbuun ballessaa kan jedhame yommu ta’u, yakki kunis kan sadarkaa fi gulantaan kan hin baaneefii waan ta’eef haala raawwii yakkichaa, miidhaa dhaqqabee fi yakkichi itti yaadamee raawwatamuu isaa ilaalcha keessa galchu osoo qabuu qabeenyi qarshii 134,205 (kuma dhibba tokkoo fi kuma

soddonii afurii fi dhibba lamaa fi shan) ol ta’u manca’ee osoo jiruu sadarkaa gadi aanaa jalatti adabbiin kennamuun sirrii waan hin taaneef nu komachiiseera. 2ffaa. deebii kennaan ammaa erga gochicha raawwatee boodas poolisiidhaaf hooggan-amuu didee hanga poolisii irratti miidhaa dhaqqabsiisuu gahee adabbii fooyessuun hidhaa ji’a saddetiin adabamuun kan isa hin barsiifne waan ta’eef nu komachiiseera kan jedhu dha. Abbaan Alangaa Naannoos komii Abbaa Alangaa godinaatiin dabalatatti yaada kennaniin Mana Murtii jalaa sadarkaa yakkichaa giddugaleessa jalatti adabuu osoo qabuu adabbii haala saniin fooyessuun sirrii miti jechuun murtiin mana murtii ol’aanaa diigamee kan mana murtii aanaa akka cimuufta gaafataniiru.

Manni murtii kunis komii dhiyaatee fi galmees mana murtii jalaa qorachuun erga dhiyeessiisee booda waamichi deebii kennaan karaa qajeelcha poolisii godina Gujjiitiin erga dhaqqabee nagahee mallatteessee booda sababa dhiyaachuu dhabeef deebii kennuu akka hin barbaadnetti lakkaawamee mirgi falmii bira darbamee jira.

Manni murtii kunis komii Abbaa Alangaa godinaa dhiyeesse, galmeen mana murtii jalaatti hojjatamee fi yaada Abbaa Alangaa waliigalaa irraa mana murtii kanatti kenname irratti hundaa’uun erga galmeen qoratamee booda ijoon haalli manni murtii jalaa adabbii itti fooyyesse qajeelfama adabbii irratti kan hundaa’ee fi kaayyoo adabbii giddugaleessa kan godhate dhaa? jedhu qabamee galmees mana murtii jalaatti hojjatamee, ragaa fi seera waliin akka armaan gadiitti xiinxallee jirra. Ijoo qabamee ilaalchisee, deebii kennaan himannaa lamaan hi-

matamee keewwatni ballessaa jalatti jedhamee seera yakkaa bara 1996 bahe keewwata 690 (1) fi 556 (1) (A) dha. Keewwatni 690 (1) ilaalchisee akkaataa qajeelfama adabbiitiin gulantaa fi sadarkaan kan hin baaneef ta'us akkaataa shallaggii adabbii ilaalchisee qajeelfamni adabbii tumaan kaa'e ni jira.

Qajeelfamni Adabbii Mana Murtii Waliigalaa Federaalawaa baase lakk.2/2006 keewwata 19 jalatti yakkoota gulantaa fi sadarkaan hin baaneef ilaalchisee haala shallaggii adabbii ulaa-gaawwan ilaalamu qaban tarreessee jira. Ulaagaawwan kunis yakkichi dagannoon yookiin ta'e jedhamee kan raawwatame ta'uu, miidhaa dhaqqabee fi haala raawwii yakkichaa akka waliigalaatti ilaalcha keessa galchuun sadarkaan kan bahuufi dha. Haaluma kanaan yakka deebii kennaan raawwate yommu ilaallu yakkichi ta'e jedhamee kan raawwatamee fi miidhaan dhaqqabes qabeenyi qarshii 100,000 ol ta'e kan manca'e dha.

Kana yommu ilaallu Mana Murtii ol'aanaa yakka kana sadarkaa gadi aanaa jalatti ramaduun isaa sirrii ta'ee hin mul'anne. Akkaataan Mana Murtii Ol'aanaa Godina Gujii Lixaa adabbii itti fooyyesse kaayyoo adabbii fi ulaagaa qajeelfama adabbii kan giddugaleessa hin godhannee fi hanqina kan qabu dha. Manni Murtii kunis haala raawwii yakkichaa fi miidhaa dhaqqabe akka waliigalaatti ilaalcha keessa galchuun sadarkaa giddugaleessa jalatti qabnee jirra. Yakki kun immoo hanga hidhaa cimaa waggaa torbaa kan adabsiisu yommu ta'u sadarkaan giddugaleessaa akkaataa qajeelfama adabbiitiin hidhaa cimaa waggaa lamaa fi ji'a jahaa hanga waggaa afurii adabsiisa. Adabbii ka'umsaa hidhaa cimaa waggaa sadii qabannee jirra.

Himannaa 2ffaatiin hidhaa ji'a jahaa kan mana murtii jalaa akkuma jirutti fudhatamee jira. Kunis gara adabbii hidhaa cimaatti yommu jijjiiramuu baatii sadii ni ta'a. Himannaa lamaaniif adabbiin ka'umsaa yoo walitti ida'amu adabbii hidhaa cimaa waggaa sadii fi baatii sadii ni ta'a. Adabbiin ka'umsaa kunis gulantaa adabbii 15ffaa jalatti kufa. Yaadni adabbii salphisuu tokko kan mana murtii jalaatiin fudhatamee akkuma jirutti fudhannee adabbiin gulantaa 14ffaa jalatti kufa. Gulantaan 14ffaanis adabbii hidhaa waggaa lamaa fi ji'a jahaa hanga waggaa sadii kan adabsiisu ta'a. Mana Murtii kunis deebii kennaa kan barsiisuu fi fakkaattota isaa akeekkachiisuu dha jennee adabbii hidhaa cimaa waggaa lamaa fi ji'a jahaatiin akka adabamu jenneerra.

Walumaagalatti, murtii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Gujii Lixaa galmee lakk.01199 ta'e irratti dhaddacha gaafa 04/06/2011 ooleen murteesse hanqina kan qabu dha jennee bu'uura SDFY kwt.195-2-B-II tiin sagalee guutuun fooyyessineerra.

Ajaja

1. Murtii Manni Murtii Ol'aanaa Godina Gujii Lixaa galmee lakk.01199 ta'e irratti dhaddacha gaafa 04/06/2011 ooleen murteesse hanqina kan qabu dha jennee bu'uura SDFY kwt.195-2-B- Iitiin sagalee guutuun fooyyessineerra.
2. Deebii kennaan adabbii hidhaa cimaa waggaa lamaa fi ji'a jahaatiin haa adabamu jennee jirra.
3. Adabbiin qarshii deebii kennaa irratti kenname bu'uura SDFY kewt.195-2- (B, D)tiin cimeera.
4. Qajeelchi Poolisii Godina Gujii Lixaa deebii kennaa qabee Mana sirreessaa Godina Booranaatti akka galu haa godhu.

5. Manni Sirressaa Godina Booranaa akkaataa adabbiitiin haa raawwachiisu.
6. Garagalchi murtii bitaa fi mirgaa haa kennamuuf.
7. Garagalchi murtii mana murtii jalaa haa dhaqqabu.
8. Galmeen murtii waan argateef cufameera; mana galmeetti haa deebi'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa 3 hin dubbifamne ni jira.

Lakk.Galmee - 300610
Guyyaa 02/11/2011

Abbootii Seeraa: - Muhaammad Nuuree
Fiixaa Dachaasaa
Bajigaa Kafanii
Duulaa Lataa
Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyattuun: Immabeet Xaasawu

Waamamtootni: 1. Asteer Goraawu

2. Geetaahuun Indaaluu

Galmeen qorannoof bule qorannee murtii armaan gadii kennineerra.

Murtii

Galmeen kun banamee dhiyaachuu kan danda'eef iyyattuun iyyatagaafa 11/4/2011 barreeffameen murtii Manni Murtii Ol'anaa Godina Arsii lakkoofsa galmee 82469 ta'e irratti dhaddacha gaafa 8/4/2011 ooleen kenne akkasumas murtii Manni Murtii Aanaa Shirkaa lakkoofsa galmee 34048 ta'e irratti dhaddacha gaafa 21/3/2011 ooleen kenne dogoggora bu'uura seeraa waan qabuuf akka naaf sirratu jechuun waan gaafatteefi dha.

Ka'umsi dhimma kanaa falmii haadha manaa fi abbaa manaa waamamtoota gidduutti Mana Murtii Aanaa irratti gaggeeffamaa ture irratti iyyattuun ammaa iyyata giddu seentummaa waan dhiyeessiteefi dha. Iyyatni giddu seentummaa dhiyaatee tures gabaabinaan kan jedhu, lafa falmii kaase kan bara 1976 hirtuu lafaatiin naaf kennamee kan itti fayyadamaa turee fi oomishi irra jirus kan koo malee qabiyyee fi qabeen-

ya haadha manaa fi abbaa manaa waan hin taaneef falmii keessaa akka naaf bahu jechuun gaafatteetti. Waamamtuu 1ffaan ammaa iyyatni giddu seentummaa irratti kennite gabaabinaan kan jedhu, lafa falmii kaase waamamaa 2ffaan ammaa kana gahee abbaa kiyya irraa dhaalaan argadhe dha jechuun samaaniyaa kiyya irratti kan naaf lakkaa'ee fi oomishas kan anii fi abbaa manaa kiyya irratti oomishanne waan ta'eef iyyatni giddu seentummaa kufaa akka naaf ta'u jechuun falmiteetti. Waamamaa 2ffaan iyyata giddu seentummaa irratti deebii waan hin dhiyeeffanneef bira darbamee jira.

Manni Murtii Aanaa bitaa fi mirga falmisiisee dhimmicha ragaan qulqulleeffadheera jechuun iyyattuun ammaa lafa falmii kaase samaaniyaa irratti waamamtuu 1ffaa ammaaf lakkoofteetti waan ta'eef mirga irraa hin qabdu jechuun iyyata giddu seentummaa kufaa gochuun waamamtootni qixxeetti akka qooddatan jechuun murteesseera. Manni Murtii Ol'aa-naas murtii Mana Murtii Aanaa kana cimsuun murteesseera. Iyyatni amma dhiyaates murtii Manneen Murtii jalaa haala olitti ibsameen kennaan jijjiirsisuuf kan dhiyaate dha. Iyyatni dhiyaates gabaabinaan kan jedhu, ani waamamtotni gaa'eela raawwachuu isaanii iyyuu kan hin beekne ta'ee osoo jiruu qabeenyaa fi qabiyyee koo waamamtootni qixxeetti akka qooddatan murtaa'uun dogoggora dha. Waamamtuu 1ffaan ammaa himata ishee irratti kan wal fuudhan gaafa 26/6/2009 ta'uu ibsaa kan himata dhiyeessite immoo gaafa 13/11/2010 ta'uu waliin waamamtootni waggaa 1 / tokko / keessatti haalli ittiin qabeenyaa fi qabiyyee horatan osoo hin jiraatiin Manneen Murtii jalaa qabiyyee fi qabeenyaa koo akka qooddataniif murtiin kenne

dogoggora waan ta'eef, murtiin Manneen Murtii jalaa naaf diigamee akka gaaffii kootti naaf haa murtaa'u kan jedhu dha.

Dhaddachi Ijibbaataa kunis iyyata dhiyaate murtii Manneen Murtii jalaa waliin qoratee dhimmoota tokko tokko qulqulleesuuf iyyatni kun ni dhiyeessisa jedhee waamamtootni deebii akka dhiyeessan ajajee jira. Haaluma kanaan waamamtuu 1ffaan deebii gaafa 22/5/2011 barreeffame kan dhiyeessite yoo ta'u, waamamaa 2ffaan deebii waan hin dhiyeessineef mirgi deebii dhiyeeffachuu isaa bira darbamee jira. Deebii Waamamtuu 1ffaan dhiyeessites gabaabinaan kan jedhu, qabiyyee falmii kaase waamamaa 2ffaan gahee dhaalaan abbaa koo irraa argadhe dha jechuun yeroo gaa'eela hundeessine kan anaaf lakkaa'ee fi iyyattuunis jaarsa irratti kan itti waliigalte ta'uun ragaadhaan waan mirkanaa'eef, oomisha irra jirus kan anii fi abbaan manaa koo waamamaa 2ffaan irratti oomishne ta'uu ragooleen koo waan mirkaneessaniif, iyyattuun haadha waamamaa 2ffaa waan taateef qofa gaa'eelli diigamee jennaan giddu seentummaa isheen dhiyeessite manneen murtii jalaa kufaa gochuun dogoggora kan qabu waan hin taaneef, iyyatni iyyattuu kufaa naaf ta'ee baasii fi kisaaraan naaf kaffalamee murtiin manneen murtii jalaa akka naaf cimuu kan jedhu dha.

Seenaan dhufaatii dhimma kanaa fi falmiin dhaddacha kanatti dhiyaate gabaabinaan kan olitti ibsame yoo ta'u, dhaddachi kunis galmees kana jalaa kaasee qorateera. Akka qorattetti, murtiin Manneen Murtii jalaa dhimma kana irratti kennan dogoggora bu'uura seeraa qabu moo mitii? kan jedhu ilaalleerra. Haaluma kanaan dhimmicha yoo ilaallu,

iiyattuun ammaa lafti falmii kaase qabiyyee dhuunfaa koo ta'ee osoo jiruu akka waan qabiyyee fi qabeenyaan irra jiru, kan haadha manaa fi abbaa manaa ta'eetti murtiin kenname dogoggora yoo jettu, waamamtuu 1ffaan immoo lafti kun kan waliigaltee fuudhaa fi heerumaa irratti naaf lakkaa'ame dha waan ta'eef, iiyattuun qabiyyee fi qabeenyaa kana irraa mirga hin qabdu jechuun falmaa jirti. Lafti falmii kaase achii asi dhufaatiin isaa kan iiyattuu ammaa fi abbaa manaa ish- ee akka ture sadarkaa kanatti bitaa fi mirga hin falmisiisne.

Lafti falmii kaase iiyattuu harkaa bahee waamamaa 2ffaa har- ka karaa seera qabeessaan galee waamamtuuf lakkaa'ame moo miti? kan jedhu dhimma galmee kana keessatti furmaata ar- gachuu qabu dha. Waamamtuun lafa falmii kaase waamamaa 2ffaan gahee dhaalaa abbaa irraa argate naaf lakkaa'e haa jet- tu malee waamamaa 2ffaan lafa kana gahee abbaa isaa irraa dhaalaan argate ta'uun firii dubbii hin mirkanoofne akka ta'e murtii Manneen Murtii jalaa irraa hubachuu dandeenyeerra. Dabalataanis waamamtuu 1ffaan lafti falmii kaase beekam- tii iiyattuu ammaan naaf lakkaa'ame kan jettus waliigalteen fuudhaa fi heerumaa barreeffameera jedhame mana iiyattuu qofatti osoo barreeffameera jedhamee illee mana isheetti bar- reeffamuun qofti lafa kana dabarsitee waamamaa 2ffaaf ken- nitee beekamtii isheettiin waliigaltee fuudhaa fi heerumaa ir- ratti lakkaa'ame gudunfaa jedhu irra gahuuf kan dandeessisu miti. Manni murtii Aanaa murtii isaa keessatti lafa falmii kaase iiyattuun waamamaa 2ffaaf kennuu caasaa gandaa irraa mir- kaneeffadheera kan jedhe yoo ta'e illee qabiyyeen lafa baadi- yyaa tokko nama tokkoof kennamuu fi dhiisuu mirkaneessuuf

caasaan gandaa qaama dhimmi ilaalu waan hin taaneef sababi mana murtii Aanaa kunis fudhatama kan qabu miti. Qabiyyeen lafaa falmii kaase irratti mirgi abbaa qabiyyummaa iyyattuun qabdu gara waamamaa 2ffaatti karaa seera qabeessaan darbuun firii dubbii hin mirkanoofne hanga ta'etti immoo waamamaa 2ffaan mirga ofiif hin qabne waamamtuu 1ffaaf dabarsuu waan hin dandeenyeef falmii waamamtuu 1ffaan gama kanaan dhiyeessite fudhatama kan qabu miti jenneerra. Dabalataanis osuma lafti kun karaa seera qabeessaan waamamtuu 1ffaaf lakkaa'ameera ta'ee iyyuu waamamtootni gaa'eela raawwaneeerra kan jedhan gaafa 26/6/2009 yoo ta'u, waamamtuu 1ffaan himata diiggaa gaa'elaa kan dhiyeessite gaafa 13/11/2010 jechuunis waamamtuun gaaffii diiggaa gaa'elaa kan dhiyeessite waamamtootni wal fuudhanii turtii waggaa 1 / tokkoo / fi ji'a afurii fi guyyaa 17 / kudha torbaa / keessatti dha.

Qabeenyaa ykn qabiyyeen tokko waliigaltee fuudhaa fi heerumaa irratti kan lakkaa'amu kaayyoo gara fuulduraatti waliin itti jiraachuuf ta'uu malee akka waliigalteewwan hariiroo hawwaasaa mirgaa fi dirqama qabeenyaa hordofsiisaniitti kan hin ilaalamne ta'uu tumaalee seera maatii Oromiyaa irraa kan hubatamuu fi keessaayyuu qabiyyeen lafa baadiyaa immoo yeroo dheeraa itti fayyadamuun mirga itti fayyadamaa kan argatan malee yeroo gabaabaa kana keessatti waliigalteen fuudhaa fi heerumaas akkuma waliigaltee kaaniitti ilaalamee lafti baadiyyaas akkuma qabeenyaa birootti ilaalamee waamamtootni qabiyyee falmii kaase haa qooddatan jechuun seera qabeessummaa fi haqummaa isaa Dhaddachi kun kan fudhate miti. Kanaaf Manneen Murtii jalaa qabiyyee falmii kaase

waamamtootni qixxeetti haa qooddatan jechuun murtiin kennan dogoggora bu’uura seeraa waan qabuuf sirrachuu qaba jenneerra. Waa’ee oomishaa ragooleen iyyattuu waan jedhan akka hin qabne murtii Mana murtii Aanaa irraa waan hubatamuuf falmii iyyattuun gama kanaan kaaste kufaa gooneerra. Sababoota olitti ibsamaniif, Murtii Manneen murtii jalaa dhimma kana irratti kennan dogoggora bu’uura seeraa kan qabu dha jennee ajaja kanaa gadii kennineerra.

Ajaja

1. Murtii Manni Murtii Ol’aanaa Godina Arsii lakkoofsa galmee 82469 ta’e irratti dhaddacha gaafa 8/4/2011 ooleen kenne akkasumas murtii Manni Murtii Aanaa Shirkaa lakkoofsa galmee 34048 ta’e irratti dhaddacha gaafa 21/3/2011 ooleen kenne bu’uura seera deemsa falmii siivilii keewwata 348/1/ ajajuun diigneerra.
2. Lafa falmii kaase kan daangaan isaa murtii Mana Murtii Aanaa irratti ibsame waamamtuu lffaan qooddachuu hin dandeessu jenneerra.
3. Baasii fi kisaaraa bitaa fi mirgi of haa danda’an.
4. Garagalchi Manneen Murtii jalaa haa dhaqqabu. Dhorkaan yoo jiraate ka’eera.
5. Galmeen cufameera. Mana galmeetti haa deebi’u.

Mallattoon Abbootii Seeraa 5 hin dubbifamne ni jira.

Lakk.galmee - 303293

Guyyaa - 25/02/2012

Abbootii Seeraa: Muhaammad Nuuree

Dobee Dhaabaa

Geetaachoo Takilee

Taaddasaa Qana'ii

Mul'isaa Ejjetaa

Iyyattootni: 1. Habtaamuu Haayiluu

2. Fiqaaduu Haayiluu

3. Tsaggaayee Wandimmuu

Waamamaan: Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa Galmeen kun galmee lakk.304962 ta'e waliin bakka tokkotti ilaalamuun galmee kana keessatti murtiin kan kenname yoo ta'u, galmicha keessatti iyyataan Abbaa Alangaa ta'ee waamamtootni immoo iyyattoota 1ffaa fi 3ffaa ammaa kana dha. Galmeewwan kun bakka tokkotti qoratamanii murtiin itti aanu kennameera.

Murtii

Bu'uurri galmee kanaa iyyannoo iyyattootni galmee kana iyyannoo gaafa 08/05/2011 barreessanii dhiyyeessaniin murtii manni murtii waliigalaa Oromiyaa dhaddacha Dhaabbii Bahaa Lakk.galmee 281827 ta'e irratti dhaddacha gaafa 25/03/2011 ooleen murtii kennee fi murtii lakk. galmee 301083 ta'e irratti dhaddacha gaafa 02/04/2011 ooleen kenname dogoggora seeraa isa bu'uura waan qabuuf akka nuuf sirreeffamu jechuun kan gaafatani dha. Dhufaatiin dhimmichaa gabaabinaan: dhimmichi mana murtii ol'aanaa Godina Shawaa Bahaa irraa kan eegale yoo ta'u, mana murtii ol'aanaatti galmee lakk.51412

ta'e irratti iyyattoota ammaa kana dabalatee namoota sagal irratti himannoo torbaa(7) Abbaa Alangaa godinichaa himannoo gaafa 19/04/2010 barreessee dhiyyeesse yoo ta'u, himannoo dhiyaateen; himatamtootni 1ffaa fi 2ffaan(iyyattoota 1ffaa fi 2ffaa ammaa) sababii miidhamaa Asfaawu Haayiluu jedhamu wajjin kanaan dura lafa irratti waldhabdee qabaniif jecha himatamtootni 1ffaa fi 2faan adabamaniif haaloo bahuuf jecha gaafa 19/11/2010 halkan keessaa sa'a 2 yeroo ta'utti iddoo yak-kichi itti raawwatame ibsuun himannoo 1ffaa.S/Y kwt.32(1A, B) fi 539(1A) irra darbuun haala eenyu eessa akka rukute adda baasuu hin dandeenyeen kilaashii atomaatikii itti dhukaasuun miidhamaa Shaambal Asfaawu jedhamu rasaasaan garaa irra rukutuun ajjeessan; himannoo 2ffaa, guyyaa, bakka, sa'aa himata 1ffaa irratti ibsuun nama himatamtoota wajjin yak-ka raawwachuu deeme miidhamaa Zayidaa Nugusee jedhamu S/Y. kwt.32(1A) fi 540 irra darbuun rasaasaan ajjeessuu; himannoo 3ffaa hanga 6ffaa, S/Y. kwt.32(1A). 27 fi 539(1A) irra darbuun guyyaa, bakkaa fi sa'aa himannoo 1ffaa keessatti ibsametti sababuma haaloo bahuuf jecha meeshaa rasaasaan miidhamaa Asfaawu Haayiluu rasaasaan harka mirgaa ciqilee gadi rukutuun; miidhamtuu Burtukaan Asfaawu rasaasaan har-kaa fi miilla rukutuun; miidhamtuu Siisay Asfaawu rasaasaa itti dhukaasuun; miidhamtuu Almaaz Asfaawu rasaasaa itti dhukaasuun; miidhamaa Mindaa Asfaawu rasaasaa itti dhukaasuun yaalii ajjeechaa waan irratti raawwataniif yaalii ajjeechaa cimaa raawwataniiru jechuun himannoo dhiyeessaniiru.

Himatamtootni jalaas himannoo isaan irratti dhiyaate hin raawwanne jechuun kan waakkatan yoo ta'u, manni murtii ragaa ab-

baa alangaa dhaga'ee booda ragaan abbaa alangaa isaan irratti waan mirkaneesseef akka ofirraa ittisan jechuun ragaa ittisaa dhaga'eera. Kanaan booda ragooliin ittisaa himatamtoota 4ffaa fi 9ffaa irraa waan ittisaniif jedhee bu'uura SDFY kwt.149(5) tiin bilisaan gaggeessuun iyyattoota ammaa kana immoo yakka ajjeechaa namoota lamaa fi yaalii ajjeechaa namoota shanii raawwataniiru jechuun murti balleessummaa kenneera.

Kanaan booda yaada adabbii bitaa fi mirgaa fuudhuun adabbii shallageera. Adabbii yeroo shallagus himannoo 1ffaatiif gulantaa ka'umsaa erga fudhatee booda sababoota adabbii cimsu afur(S/Y kwt.84(A) gara jabeenyummaan raawwatamuu, S/Y kwt.84(1C) halkan meeshaa waraanaatiin raawwatamuu isaa; S/Y kwt.84(1D) gareedhaan raawwatamuu isaa; S/Y. kwt.84(1E) fira dhiyoo irratti raawwatamuu isaa) fudhachuun yakkicha sadarkaa 2ffaa gulantaa 39ffaa jalatti waan kufuuf gulantaa ka'umsaa jechuun gulantaa 39ffaa fudhateera. Kana booda sababii adabbii salphisu s/y kwt.82(1A) fi 86 maatii waan qabaniif jechuun adabbii gulantaa lamaan hir'isuun gulantaa 37ffaa jala gaheera. Gulantaa 37ffaa jalatti adabbii hidhaa cimaa waggaa 20 hanga 25ffaa kan murteeffame dha jechuun fudhateera. Kanaan booda adabbii himannoo 2ffaa hanga 7ffaatti jiraniif duraan hidhaa umurii guutuu yookiin ajjeechaa waan qabneef bu'uura S/Y kwt.184tiin wanti walitti ida'amu hin jiru jechuun bira darbeera.

Abukaatoon himatamtootaa jalaa yaada adabbii kenneen iyyattoonni 1ffaa fi 3ffaan ammaa kun adabbii galmee lakk.51408 ta'e irratti hidhaa cimaa waggaa 17 waan itti murteeffameef

adabbiin kun tilmaama keessa nuuf haa galu jechuun gaafatus manni murtichaa adabbiin ammaa kun adabbii ajjeechaa tokko qofaatiin waan murteeffameef himannaawwan kaaniif adabbiin murteeffame waan hin jirreef; adabbiin garmalee akka gadi hin buuneef jecha galmee kana irratti of danda'ee murtaa'e jechuun bira darbeera. Kanaan booda iyyataa 1ffaa hidhaa cimaa waggaa 23, iyyataa 2ffaa hidhaa cimaa waggaa 22 fi iyyataa 3ffaa hidhaa cimaa waggaa 21tiin adabeera. Iyyattoonni kunis murtii manni murtii ol'aanaa haala Kanaan kenne komachuun mana murtii waliigalaatti kan dhiyyeeffatan yoo ta'u, manni murtii waliigalaas murtiin manni murtii ol'aanaatiin kenname hir'ina hin qabu jechuun bu'uura s/d/f/y kwt.195 (1) tiin murtii jalaa cimseera.

yyannoon amma asitti dhiyaates murtiin haala kanaatiin kenname dogoggora seera bu'uuraa waan qabuuf akka naaf sirreeffamu jechuun yoo ta'u, iyyannoon dhiyaate gabaabinaan: 1ffaa. himannaan abbaa alangaa gocha ajjeechaa fi yaalii ajjeechaa akka raawwannetti kan dhiyaate yoo ta'u, ragaan abbaa alangaa 1ffaa fi 2ffaan miidhamtoota ta'anii jechi ragaan isaan kennan dhugaa kan hin taane yoo ta'u, ragaa 3ffaan immoo miidhamaa 1ffaan natti hime malee gochicha raawwachuu isaanii hin argine jechuun utuu dubbachaa jiruu gochicha raawwataniittu jechuun murtiin kenname sirrii miti. 2ffaa. Miidhamaa himannaa 2ffaa keessatti ibsame kan mana miidhamtoota keessatti ajjeeffamee argame eessaa akka dhufe kan hin beekamneen gochichi raawwatamee utuu jiruu murtiin balleessummaa nurratti kennamuun isaa sirrii miti.

Manni murtii himannoo dhiyaate hunda irratti ragaa abbaa

alanga utuu sirriitti hin xiinxaliin murtii balleessummaa kennuun isaa dogoggora dha. 3ffaa, miidhamaa Asfaawuu Haayiluu jedhamu kun obboleessa himatamtoota 1ffaa fi 2ffaa yoo ta’u, abbaan alanga raga bilisa ta’e utuu hin dhiyeessiin gocha miidhamaa irratti raawwatame himannaa galmee lama; galmee lakk.51408 ta’e irratti yaalii ajjeechaa fi saamichaatiin dhaddacha gaafa 06/09/2010 ooleen hidhaa cimaa waggaa 17 yoo murteessu, dhimma ammaa kanaaf immoo qofaatti lakk.galmee 51412 ta’e irratti dhaddacha gaafa 12/11/2010 ooleen adabbii hidhaa waggaa 23, 22, 21 wal duraa duubaan nu adabeera.

Manni murtii waliigalaas murtii mana murtii ol’aanaatti kenname kana komachuun isatti dhiyyeessinus murtii lakk. galmee 51408 ta’e irratti kennamee ture galmee lakk.281827 irratti fooyyeessuun adabbii hidhaa waggaa 10tiin murteessuun murtii galmee 51412 ta’e irratti murteeffame immoo cimsuun isaa dogoggoradha. Sababiin isaas dhimma kana Abbaan Alanga bu’uura S.Y. kwt.60 (1A, B fi C) tiin himannicha bakka tokkotti dhiyyeessuu utuu qabuu galmee lamaan himannoon dhiyaachuun dogoggora. Manni murtiis himannoo galmee lama irratti dhiyaate kana bu’uura S.Y. kwt.61 (1,2,3) tiin bakka tokkotti deebisee ilaaluu utuu qabuu bira darbuun isaa dogoggora dha. Himannoon 1ffaan gaafa 19/04/2010 akkasumas himannoo galmee 2ffaa gaafa 19/04/2010 abba alanga tokkootiin kan dhiyaate yoo ta’u, kun immoo ta’e jedhanii miidhaa nurraan geessisuuf yoo ta’u, murtiin galmee duraa irratti dhaddacha gaafa 6/09/2010 yoo kennamu galmee 2ffaan immoo dhaddacha gaafa 12/11/2010 kennamuun walitti adabbii hidhaa waggaa 40 ni ta’a.

Manni murtii ol'aanaa bu'uura S.Y. kwt.184 (1A fi B) fi S.Y. kwt.186 (1-3) tiin walitti ida'ee murtii seera yakkaa biyya keenyaatiin kaa'amee waggaa 25, umurii guutuu fi murtii du'aa ta'ee utuu jiruu hidhaa waggaa 40tiin akka adabamnu gochuun isaa dogoggora seera bu'uuraa ti. Manni murtii waliigalaas lakk. galmee 301083 fi 281827 ta'e walitti ilaaluun bu'uura S.Y. kwt.186 (3)tiin akka nuuf murteessu jennus bira darbee murtii kennuun isaa dogoggora dha. Kanaafuu murtiin mana murtii ol'aanaatiin kenname diigamee bilisaan akka gaggeeffamnu, yoo bilisaan kan hin gaggeeffamne ta'e immoo adabbiin galmee lamaan walitti fiduun akkaataa seera yakkaa kwt.184 (1A,B fi 186(3)) tiin akka nuuf sirreeffamu jechuun gaafataniiru.

Dhaddachi kunis iyyannoo asitti dhiyaate qorachuun ijoo dubbii 1ffaa fi 3ffaan galmee lakk.51412 ta'e irratti hidhaa waggaa 23 fi 21tiin adabbiin kennamee lakk. galmee 51408 ta'e irratti immoo waggaa 17tiin adabamuun bu'uura S.Y. kwt.186tiin walitti ida'amuun murtii kennamu utuu qabuu manni murtii adabbii qofaa qofaatti kennuun isaa sirrii dhaa? Kan jedhu qabachuun iyyannoo dhiyaate irratti deebiin akka kennamu taasiseera. Bu'uuruma kanaatiin waamamaan galmee kanaa (A/A) deebii gaafa 04/06/2011 barreessuun dhiyyeesse yoo ta'u, deebiin isaa gabaabinaan: ragaan abbaa alangaa akkaataa himannaa dhiyaateen haala gahaa fi amansiisaa ta'een kan isaan irratti mirkaneessan waan ta'eef dogoggorri raawwatame hin jiru.

Adabbii ilaalchisees iyyattootni kunneen galmee biroo jechuun galmee lakk.51408 ta'e irratti waggaa 17 haa adabaman malee ragaa galmee jedhame adabamuu argarsiisu hin jiru.

Gochaa isaan raawwatan waliin yeroo ilaalamu adabbiin isaan irratti kenname kan xiqqaatu malee kan baay'atu miti. Murtiin galmee lakk.51408tiin adabbiin kenname yoo jiraate adabbiin lakk.galmee 51412 ta'e irratti murteeffame kan raawwatu erga murtiin duraan raawwatamee booda dha.

Kana malees adabbiin lakk. galmee 51408 ta'e irratti raawwatame yakka saamichaa yoo ta'u, adabbiin galmee kana keesatti kenname waliin adda waan ta'eef murtiin mana murtiidhaan kenname sirriidha. Kanaafuu iyyannoon isaan dhiyeeffatan kufaa ta'ee murtiin kenname akka cimujechuun gaafateera. Iyyannoo waamamaan ammaa kun galmee lakk.304962 ta'e irratti dhiyaate ilaalchisee iyyannoo gaafa 11/06/2011 barreesuun murtiin mana murtii Waliigalaa Oromiyaa lakk.galmee 21827 ta'e irratti dhaddacha gaafa 25/03/2011 ooleen iyyattoota 1ffaa fi 3ffaa ammaa kana irratti murteeffame dogoggora seera bu'uura ni qaba jechuun kan dhiyaate yoo ta'u, dhufaatiin dhimmichaas: Abbaa Alangaa Godinichaa himannaa lamaan iyyattoota kana lamaan(iyyattoota 1ffaa fi 3ffaa) irratti himannaa gaafa 19/04/2010 barreessee dhiyyeesseen himannaa 1ffaatiin sa'aa, bakka yakkichi itti raawwatame ibsuun mana miidhamaa dhuunfaa Asfawu Haayiluu jedhamu seenuun S.Y. kwt.32(1A) fi 671(1B) irra darbuun meeshaa kilaashii qabachuun gareedhaan ta'anii halkan keessaa sa'a 3:30 yeroo ta'u kilaashii abbaa sadafii tilmaama qarshii kuma digdama(20,000) baasu waan saamaniif yakka saamichaa gaafa 20/09/2009 raawwataniiru jechuun; himannaa 2ffaa, S.Y. kwt.32(1A), 27 fi 539(1A) irra darbuun guyyuma kana halkan keessaa sa'a 8:00tti miidhamaa kana sababii kanaan dura miidhamaa wajjin

lafa irratti lola qabaniif jecha eenyu eessa akka rukute haala adda baasuu hin dandeenyeen utuu inni mana cidhaatii galaa jiruu eeggatanii miidhamaa dhaabbadhu jechuun dhukaasa itti bananii ceekuu isaa gara mirgaa bakka lama rasaasaan rukutanii sababa yaalii taasifameen lubbuun isaa du'a waan ooteef yakka yaalii ajjeechaa raawwataniiru jechuun himateera.

Himatamtootni jalaas gocha itti himataman hin raawwaanne waan jedhaniif abbaan alangaa ragaa isaan irratti dhiyyee-fateera. Kanaan booda ragaan abbaa alangaa himatamtoota irratti waan mirkaneessaniif manni murtii ofirraa akka ittisan ajajuun ragaa ittisaa isaanii dhaga'eera. Kanaan booda falmii bitaa fi mirgaa fi ragaa madaaluun himatamtootni gocha ittiin himataman lamaan jalatti balleessaa taasisuun gulantaa adabbii himannaa lamaatiif yeroo akkaataa qajeelfama adabbii fi S.Y.kwt.184(1A) tiin shallagu himannaa 1ffaa tiif sadarkaa 5ffaa gulantaa 29ffaa, himannaa 2ffaatiif sadarkaa 1ffaa gulantaa 38ffa fudhateera. Kanaan booda bu'uura S.Y. kwt.184(1A) tiin adabbiin himannaa 2ffaatiif gulantaan ka'umsaa kan himannaa 1ffaa hammatee waan jiruuf adabbii walitti ida'uun utuu hin barbaachisiin adabbii ol'aanaa gulantaa 38ffaa fudhateera.

Kanaan booda sababoota adabbii cimsanii fi salphisan bitaa fi mirgaan kaafame fudhatee adabbii erga shallagee gulantaa 35ffaa jalatti adabbii tokko tokko isaanii waggaa 17tiin adabuun dhaddacha gaafa 06/09/2010 ooleen murteesseera. Murtii haala kanaatiin kenname komachuun iyyattootni 1ffaa fi 3ffaan kun Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatti Dhaddacha Baahaatti kan dhiyeeffatan yoo ta'u manni murtichaas lakk.galme

281827 ta'e irratti ilaaluun himannaa 1ffaatiif himannaa abbaa alangaa tilmaamni qabeenya saamamee qubeetiin kuma digdama waan jedhuuf sadarkaa 4ffaa gulantaa 27ffaa jalatti kan kufu dha waan ta'eef adabbii ka'umsaa waggaa 8tii fi baatii shan fudhachuun; himannaa 2ffaa ilaalchisee gochichi sadarkaa yaalii irratti waan hafeef qajeelfama adabbii lakk.2/2006tiin utuu hin daangeeffamiin bu'uura S.Y. kwt.27(3)tiin adabbii ka'umsaa waggaa shan(5) qabatee walitti ida'uun adabbii ka'umsaa waliigalaa waggaa 13 fi baatii 5 qabateera. Kanaan booda saba-boota adabbii cimsu waan hin jirreef kan salphisu sadii mana murtii jalaatti fudhatame fudhachuun gulantaa 31ffaa irraa gara gulantaa 29ffaatti gadi buusuun gulantaa kana keessatti adabbii hidhaa cimaa waggaa kudhaniitiin akka adabaman jechuun murtii mana murtii ol'aanaa fooyyessuun murteesseera.

Iyyannoon amma gama waamamaa (A/A) kanaatiin asitti dhiyaates murtiin haala kanaatiin kenname kun dogoggora seeraa isa bu'uuraa ni qaba jedhamuun yoo ta'u, iyyannoon dhiyaate gabaabinaan: 1ffaa. manni murtii ol'aanaa murtii balleessummaa himannaa lamaan jalatti kenne ka'ee adabbii akkaataa S.Y. kwt.184 (1A) tiin himata 1ffaa baaxii adabbii waliigalaa of jalatti hammatee kan jiru waan ta'eef jechuun adabbii himata 2ffaa jiru qofa qabatee sana irraa ka'uun yaadota adabbii fudhachuun murtiin kenne dogoggora dha. Sababiin isaa akkaataa S.Y. kwt.184 (1B) tiin yakkooni lamaa fi sanaa ol ta'an kan tokko tokkoo isaaniif adabbiin ka'umsaa murteeffame walitti ida'amee adabbii ol'aanaa kutaa waliigalaa keessatti murteeffame caaluu hin qabu bakka jedhamee jirutti manni murtii godinaa himata 1ffaa bira darbee himata 2ffaa qofa qabatee

murtiin kenne akkasumas Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa immoo dhimma kana ol'iyyannoon ilaalee murtii balleessummaa cimsuun adabbii garuu gadi buusee kenne dogoggoradha.

Gara biraan immoo Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa adabbii himannaa lamaaniif walitti ida'uun isaa sirrii ta'ee adabbii kenne keessatti himata 2ffaa ilaalchisee sadarkaa fi gulantaan utuu bahee jiruu sababa tokko malee adabbii ka'umsaa waggaa shan qabatee walitti ida'uun waggaa kudha sadii fi baatii shan qabatee adabbii shallaguun waggaa kudhaniitiin adabuun isaa dogoggora. Sababiin isaa himannaa 2ffaa gochi yaalii ajjeechaa sadarkaa fi gulantaan kan baheef yoo ta'u, sadarkaa 1ffaa gulantaa 38ffaa jalatti adabbii umurii guutuu ka'umsa qabatee booda yaadota adabbii salphisaa sababa gahaa yoo jiraate bu'uura S.Y. kwt.27(3) fi s/y kwt.179(c)tiin adabbii salphisaa qabata ture malee sababa tokko malee adabbii ka'umsaa waggaa shan qabate walitti ida'uun murtiin kenname sirrii miti. Kanaafuu adabbiin kenname diigamee akkaataa qajeelfama adabbiitiin sirreeffamee akka murteeffamu jechuun gaafateera.

Dhaddachi qorannoo duraas iyyannoo gama waamamaa kanaatiin dhiyaate qorachuun ijoo dubbii yakka waamamtootni (iyyattoota 1ffaa fi 3ffaa ammaa) raawwatan akkaataa qajeelfama adabbiitiin sadarkaa fi gulantaan kan bahe ta'ee utuu jiruu manni murtii akkaataa qajeelfama adabbiin ala bahuun adabbii ka'umsaa qabate sababa gahaa fi amansiisaan jiraa? Qabxii manni murtii ibsuun qajeelfama adabbii keessa bahe sababa adabbii salphisuuf gahaadhaa? Kan jedhu qabachuun waamamtootni 1ffaa fi 3ffaan ammaa deebii akka itti kennan

taasiseera. Haaluma kanaatiin iyyattootni 1ffaa fi 3ffaan ammaa kun deebii gaafa 25/09/2011 barreessuun dhiyyeessan yoo ta'u, deebii isaanii gabaabinaan:1ffaa. murtiin mana murti waliigalaa Oromiyaatiin kenname akkaataa S.Y. kwt.184 fi 186 jalatti tumameen adabbiin mana murtii ol'aanaattis ta'e mana murtii waliigalaatti kenname walitti ida'amee murteeffamuu utuu qabuu komiin abbaan alangaa waliigalaa dhiyyeesse fudhatama hin qabu. 2ffaa, adabbiin saamichaa fi yaalii ajjeechaa mana murtii waliigalaatiin kennamee ture hidhaa waggaa 10 dhaddachi ijibbaataa lakk. galmee 303292 ta'e irratti kan cimse yoo ta'e, adabbiin ajjeechaa fi yaalii ajjeechaa mana murtii ol'aanaatiin nutti murteeffame ilaalchisee immoo dhaddacha ijibbaataa lakk.galmee 303293 ta'e irratti ilaalamaa waan jiruuf murtiin kun bu'uura S.Y. kwt.184 fi 186tiin kennamuu qaba.

Kanaafuu	adabbiin	sirreeffamee	murteeffamuu
	qaba	jechuun	deebisaniiru.

Falmiin jalaa kaasee jiru cuunfaan isaa kanuma armaan olii kana yoo fakkaatu dhaddachi kunis galmee qorannoof beellameera. Bu'uuruma kanaatiin galmee dhimma kanaa wajjin ilaalamuun furmaata seeraa kennuun barbaachisan galmee lakk.51408 ta'e garagalchi isaa akkasumas galmeen lakk. 303292 ta'e galmee kana waliin qorannoof akka dhiyaatu taasifamee galmeen qorannoof beellamameera.

Bu'uuruma kanaatiin dhaddachi kun galmee kana jalaa kaasee seera rogummaa qabu wajjin qorateera. Akka qoratametis himannaan mana murtii ol'aanaatti galmee lakk.51408 ta'e irratti iyyattoota 1ffaa fi 3ffaa ammaa kana irratti dhiyaate

ilaalchisee falmiin gaggeeffamee murtiin dhaddacha gaafa 06/09/2011 ooleen mana murtii ol'aanaatiin adabbiin dhu-maa kan murteeffamee fi murtiin mana murtii ol'aanaatiin kenname ol'iyyannootiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Bahaatti dhiyaatee galmee lakk.281827 ta'e irratti fooyyeeffamee adabbiin hidhaa waggaa 10tiin kan adabaman ta'uu fi himannichi gaafa 19/04/2010 kan mana murtiitti dhiyaate ta'uu garagalcha galmee keessaa kan hubatamu dha. Akkasumas himannoo ajjeechaa fi yaalii ajjeechaatiin iyyattoota ammaa kana irratti manuma murtii ol'aanaatti gaafa 19/04/2010 dhiyaatee manni murtii ol'aanaas falmii dhimma kanaa galmee lakk.51412 ta'e irratti gaggeessuun dhaddacha gaafa 12/11/2010 ooleen adabbii kan kennee jiru ta'uu galmee keessaa ni hubatama. Mana murtii ol'aanaatti adabbiwwan galmee kanneen lamaan keessatti kennaman akka tilmaama keessa galfamee murtiin kenname iyyattootni 1ffaa fi 3ffaan kun kan gaafatan ta'uu falmii keessaa kan hubatamu dha.

Gochaan iyyattootni 1ffaa fi 3ffaan ammaa kun raawwatanii balleessaa jedhaman gochaa yakka dachaa akka ta'ee fi gochootni yakka dachaa immoo akkuma haala raawwii fi yaada raawwataa gochichaatiin bu'uura S.Y. kwt.60 (c) fi 62 jalatti ibsamee jiruun murtiin balleessummaa kennuu fi adabbiin immoo bu'uura S.Y. kwt.184 fi 186 jalatti tumameen kennamuu kan qabu ta'uu tumaalee kana irraa hubachuun ni danda'ama. Kunis gochaa iyyattootni 1ffaa fi 3ffaan kun galmee lakk.51408 ta'e irratti itti himatamanii fi gochaa galmee lakk.51412 ta'e irratti raawwachuun balleessa itti taasifaman gochaa yakka dachaa ta'uu ifaan kan hubatamu waan ta'ee fi dha.

Akkasumas yakkamtootni gocha yakkaa dachaa raawwatanii murtiin balleessummaa itti kenname immoo adabbiin kenname qabu adabbiwwan tumaa waliigalaa seera yakkaa kwt.108 (1) jalatti ibsamee jiru darbuu akka hin dandeenye seera yakkaa kwt.184 (1B) jalatti tumamee jira. Dabalataan yakkootni dachaa raawwatamanii murtiin balleessummaa itti kennaman mana murtii tokkotti yookiin garaa garaatti yookiin, mana murtii tokkotti ta'ee dhaddacha garaa garaa irratti murtii balleessumaan kenname adabbiin garaa garaa kan murteeffame yoo ta'e adabbiin dhumarratti kenname qabu baaxii adabbii tumaa olitti ibsamee jiru kanaa ol akka hin taaneef adabbiin waliigalaa balleessicha irratti murteeffamuu qabu bu'uura S.Y. kwt.186 jalatti tumaalee jiraniin akka ta'uu qabu hubachuun ni danda'ama.

Tumaalee armaan olii kana irraa ka'uun gara dhimma amma harkaa qabnutti yeroo deebinu haalli manni murtii ol'aanaa murtii balleessummaa iyyattoota 1ffaa fi 3ffaa irratti yakka dachaan galmee lama irratti erga kennee booda adabbiin galmee garaa garaa lama irratti adabbiin garaa garaa walitti yeroo ida'amuun sadarkaa mana murtii ol'aanaatti kan iyyataa 1ffaa waggaa 40; kan iyyataa 3ffaa immoo waggaa 38 ta'u; sadarkaa mana murtii waliigalaatti immoo kan iyyataa 1ffaan hidhaa waggaa 33; kan iyyataa 3ffaan immoo hidhaa cimaa waggaa 31 ta'uun murtii kennamee jiru ta'uu hubachuun danda'ameera. Kun immoo baaxii tumaa seera yakkaa olitti ibsameen ol murtiin kennamee jiru dogoggora seera isa bu'uuraa kan qabu ta'uu hubachuun danda'ameera.

Gara iyyannoo amma bitaa fi mirgaatiin murtiilee mana murtii waliigalaatiin galmee garaa garaa irratti kennamee jirutti yeroo deebinu dursa iyyannoo A/Alangaa asitti dhiyeeffate irraa ka'uun barbaachisaa dha.

Akkuma olitti ibsamee jirutti manni murtii waliigalaa Oromiyaa himannoo iyyattoota 1ffaa fi 3ffaa irratti galmee lakk.51408 ta'e irratti mana murtii ol'aanaatti yakaa saamicha cimaa fi yaalii ajjeechaa cimaatiin dhiyaatee fi murtiin balleessummaa kenname akkasumas adabbiin himannaa 2ffaa ilaalchisee akkaataa qajeelfama adabbii lakk.2/2006 ala bahuun murteeffamee jiru irratti komii dhiyaate yoo ta'u, manni murtii waliigalaa gochaan himannaa 2ffaa irratti dhiyaate sadarkaa yaaliitti kan hafe waan ta'eef bu'uura S.Y. kwt.27 (3) tiin qajeelfama adabbii keessa bahuun murtii murteesse ta'uu kan hubatamu dha. Manni murtii akkaataa qajeelfama adabbii olitti ibsame kwt.27(1) jalatti ifaan tumamee jiruun adabbii qajeelfama kanaatiin kaa'ameen alatti bahuun murteessuu akka danda'u ibsee jira.

Haa ta'u malee kana gochuudhaaf adabbiin qajeelfama kana keessatti kaa'amee jiru kaayyoo adabbii tumaa seera yakkaatiin kaa'ame galmaan gahuu hin danda'u jechuun kan itti amane ta'uu fi sababii itti qajeelfama kanatiin ala bahuun murteesse ifaan ibsuu akka irra jiru tumeera. Kana irraa ka'uun manni murtii waliigalaa himannaa 2ffaa iyyattoota kana irratti dhiyaateef adabbii ka'umsaa yeroo murteessu gochichi sadarkaa yaalii irratti kan hafe waan ta'eef jechuun yoo ta'u, kun immoo akkaataa qajeelfama adabbii olitti ibsame kanaatiin sababii isaa waan hin ibsamneef qofa dogoggora dha. Haa ta'u

malee gochaan iyyattootni 1ffaa fi 3ffaan kun himannoo 2ffaa irratti raawwatanii jiran kan ragaatiin mirkaneeffamee murtiin balleessummaa itti kenname ilaalchisee miidhaan miidhamaa irra gahe, haala raawwii gochichaa akkasumas sadarkaan hammeenyummaa iyyattootaa, meeshaa yakkicha ittiin raawwatan irraa ka'uun gochichi yaalii ajjeechaa cimaa ta'uun kan mirkaneeffame ta'ee adabbiin isaan irratti murteeffamu qajeelfama adabbii olitti ibsameen ala bahuun yoo murteeffame kaayyoo adabbii seera yakkaa keessatti ibsame galmeen ga'uu ni danda'a; himatamtootnis gocha isaanii irraa barachuun fuulduratti hawwaasatti dabalamuun jiraachuun 1 ammii gaarii ta'uu kan danda'an akkasumas amala gocha badaa kana irraas ni deebi'u jedhamee waan itti amanamuuf gochaa kanaatiif adabbiin ka'umsaa qajeelfama adabbii ala bahuun manni murtii waliigalaa waggaa shan fudhatee ture dhaddachi kunis kanuma fudhateera.

Akkasumas himannoo 1ffaa gochaa yakka saamichaa ilaalchisee sababuma manni murtii waliigalaa ibsuun adabbii ka'umsaa fudhate hidhaa cimaa waggaa 8 fi baatii 5 dhaddachi kunis fudhateera. Kana irraa ka'uun bu'uura S.Y. kwt.184 (1b) tiin adabbiin kenneen lamaan yeroo walitti ida'aman adabbii hidhaa cimaa waggaa 13 fi baatii 5 ta'uu akka danda'u hubatameera.

Gara iyyannoo iyyattootni 1ffaa fi 3ffaan murtii galmee lakk.51412 ta'e irratti kenname adabbiin dhumaa isaan irratti murteffametti yeroo deebinu manni murtii ol'aanaas ta'e waliigalaa iyyattootni kun gochaa yakkaa dachaa raawwatanii murtiin balleessummaa erga itti kennameen booda mana murtii ol'aanaatti yaada adabbii yeroo kennatan adabbiin galmee

lakk.51408 ta'e irratti kenname waan jiruuf adabbiin kun ilaalcha keessa akka nuuf galu jechuun gaafatan illee manni murtii ol'aanaa akkaataa itti gaaffii kana kufaa godhee bira darbee jiru dogoggora ta'uun hubatameera. Manni murtii waliigalaas dhimma kana utuu hin sirreessiin bira darbuun isaas dogoggora.

Bu'uura tumaalee olitti ibsame kanaatiin adabbiin galmee lamaan bakka tokkotti kennamuun adabbiin dhumaa kennamuu utuu qabuu adabbiin gara garaa galmee garaa keesatti adabbii baaxii seera yakka biyya keenyaan kaa'amee jiruun olitti haalli itti murteeffame dogoggora ta'uun hubatameera. Kana irraa ka'uun dhaddachi kun adabbiilee bu'uura tumaalee kanaatiin adabbiin akka itti aanutti sirreessuun xiinxalleera. Mana murtii ol'aanaatti iyyattootni 1ffaa fi 3ffaan kun gochaa yakka dachaa torbaan balleessaa jedhamanii manni murtii himannaa 1ffaatiif adabbii hidhaa cimaa umurii guutuu fudhanneerra jechuun ibsee murtii balleessumaa himannaa 2ffaa hanga 7ffaa jiraniif adabbii ka'umsaa utuu hin baasin haalli bira itti darbe dogoggora kan qabu miti. Sababiin isaa adabbiin hidhaa umurii guutuu fudhachuun adabbii gochoota himannaa jahan hafan bu'uura S.Y. kwt.184 (1A) tiin kan hammatee jiru waan ta'eef adabbii ka'umsaa himannaawwan kanaaf fudhatamee walitti ida'uun hin barbaachisu.

Adabbiin galmee lakk.51408 ta'e irratti kenname adabbiin ka'umsaa olitti qabamee jirus bu'uura S.Y. kwt.186 (3) jalatti ibsamee jiruun adabbii dhuma galmee lakk.51412 ta'e irratti hidhaa umurii guutuun qabame keessatti kan hammatamu waan ta'eef adabbii galmee lamaan irratti murteeffaman yoo walit-

ti ida'aman baaxii adabbii ka'umsaa qabamee jiruu fi baaxii seera waliigalaa keessatti ibsameen ol waan ta'eef utuu walitti ida'uun hin barbaachisin adabbiin galmee kanaas adabbii galmee duraa kana keessatti hammatamee waan fudhatameef utuu walitti hin ida'iin adabbii ka'umsaa hidhaa cimaa umurii guutuun galmee lamaaniif dhaddacha kanaatiin fudhatameera. Kun immoo bu'uura qajeelfama adabbii lakk.2/2006 miiltoo 1ffaatiin gulantaa 38ffaa jalatti kan argamu dha.

Gara sababoota adabbii cimsuu abbaan alangaa mana murtii ol'aanaatti kaasee jiru ilaalchisee tumaan seera yakkaa iyyattootni kun jalatti balleessaa jedhaman durumaanuu qabiyyee sababa adabbii cimsu idilee kwt.84 jalatti ibsamani jiran of keessatti qabatee waan tumameef bu'uura S.Y. kwt.84 (2) tiin akka adabbii cimsutti fudhatamuu waan hin qabneef kufaa goonee bira darbineerra. Gara sababii adabbii salphisu iyyattootni kun mana murtii ol'aanaatti kaafataniitti yeroo deebinu immoo hanga murtiin balleessummaa sababa himannaa ammaa kanaatiif isaan irratti kennametti gochaa yakkaa raawwachuu isaanii kuusaan galmee yakkaa (rikordiin) isaan irratti dhiyaate waan hin jirreef bu'uura S.Y. kwt.82 (1A)tiin sababa adabbii salphisu tokko fudhanneerra.

Sababoota adabbii salphisu biroo mana murtii ol'aanaatti fudhataman ilaalchisee dhaddachi kun hin fudhanne. Sababiin isaa maatii qabaachuu fi barumsa dhabuun iyyattoota kanaa akka sababa adabbii salphisuu addaatti manni murtii itti yoo amanee fudhatan alatti akka sababa adabbii salphisu idileetti ilaalamuu hin qabu waan ta'eef bira darbineerra.

Kanarraa ka'uun sababa adabbii salphisu tokkoon gulantaa 38ff-faa irraa gara gulantaa 37ffaatti gadi buusuun danda'ameera. Gulantaa kana keessatti dhaddachi kun bu'uura S.Y. kwt.88(2) tiin miidhaa dhaqqabsiisan, sadarkaa hammeenyummaa isanii akkasuma sadarkaa barumsaa fi jireenya isaanii haala giddu galeessa godhachuun adabbii kana irraa ni baratu, gara fuulduraatti gochaa yakkaa akka kanaa irraa ofi ni qusatu akkasumas hawaasni irraa ni barata jennee adabbii fudhanne guyyaa mana murti ol'aanaatti itti murteeffame guyyaa harki isaanii dhimma kanaatiif to'annoo jala oolfaman irraa kaasee kan shallagamuuf iyyattoota 1fffa fi 3ffaan adabbii hidhaa cimaa waggaa 25(hidhaa cimaa waggaa digdamii shaniitiin) akka adabaman jennee murtii mana murtii waliigalaa Oromiyaa lakk.galmee 281827 ta'e irratti dhaddacha gaafa 25/03/2011 ooleen murtii kennee fi murtii lakk.galmee 301083 ta'e irratti dhaddacha gaafa 02/04/2011 ooleen murtiin kenname akkasumas murtii mana murtii ol'aanaa Go/Sh/Bahaa lakk.galmee 51408 ta'e irratti dhaddacha gaafa 06/09/2010 ooleen murteeffamee fi lakk.galmee 51412 ta'e irratti dhaddacha gaafa 12/11/2010 ooleen kenname bu'uura S/D/F/Y/ kwt.195(2-b-2) tiin fooyyeessuun sagalee guutuun murteessineerra.

Ajaja

1. Murtiin Manni Murtii waliigalaa Oromiyaa lakk.galmee 281827 ta'e irratti dhaddacha gaafa 25/03/2011 ooleen murtii kennee fi murtii lakk.galmee 301083 ta'e irratti dhaddacha gaafa 02/04/2011 ooleen murtiin kenname akkasumas murtii mana murtii ol'aanaa Go/Sh/Bahaa lakk.galmee 51408 ta'e irratti dhaddacha gaafa 06/09/2010 oo-

leen murteeffamee fi lakk.galmee 51412 ta'e irratti dhadd-
acha gaafa 12/11/2010 ooleen kenname bu'uura S/D/
F/Y/ kwt.195 (2-b-2) tiin fooyyeessuun murteeffameera.

2. Murtiin iyyataa 2ffaa ilaalchisee kennamee jiru hin
jijjiiramne.

3. Iyyattootni 1ffaa fi 3ffaan guyyaa harki isaanii dhimma
kanaatiif to'annoo jala oolfaman irraa kaasee kan shallagamu
adabbii galmee lakk.51408 fi 51412 ta'an irratti murteeffame
bakka tokkotti adabbii hidhaa cimaa waggaa digdamii shan
(25) tiin akka adabaman jennee murteeffameera.

4. Akkaataa murtii fooyyeeffame kanaatiin akka raawwachi-
isuuf garagalchi murtii kanaa Mana Amala Sirreessaa Go/Sh/
Bahaatiif haa ergamu jenneerra.

5. Galmeen lakk.304962 ta'e galmeedhuma kana irratti
murtii waan argateef cufameera. Galmeen lakk.303292 ta'e
qorannoof galmee kana keessa taa'ee jiru galmee kana kees-
saa bahee bakka duraatti haa deebi'u jenneerra.

6. Galmeen kun murtii waan argateef cufameera. Mana
galmeetti haa deebi'u jenneerra.

Mallattoon Abbootii Seeraa 5 hin dubbifamne ni jira.

Lakk. 287853
Guyyaa 03/03/2012

Abbootii Seeraa: Tamaam Adam
Gammachiis Dhugumaa
Takkaaliny Tasfaayee

Ol'iyyataan: - Leenjiso Roobee - dhiyaateera
D/Kennaan: - Bulchiinsa Magaalaa Kofalee - hin dhiyaanne
Galme qorannee murtii itti aanu murteessineerra.

Murtii

Murtii Ol'iyyatni kun dhiyaachuu kan danda'e murtii manni murtii ol'aanaa Godina Arsii Lixaa galme lakkoofsa 39408 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 01/08/2011 ooleen murteesse irraa ol'iyyataan komachuudhaani dha.

Ka'umsi dhimmichaa himannaa ol'iyyataan ammaa kun deebii kennaa irratti gaafa guyyaa 12/06/2011 barreessee dhiyeesse yoo ta'u, qabiyyeen himannaa isaatis gabaabumatti waajjirri himatamaa bara 1997 Godina Arsii Lixaa Magaalaa kofalee ganda 01 keessatti lafa investimantii gaafadhee ture mana qorqorroo tilmaamni qarshii 60,000 luukii 30 dursee irratti ijaarradhee irraa qabu daangessitootni Bahaan Esheetuu Warquu, dhihaan karaa, kaabaan karaa, kibbaan H/woliyyii Gadaatiin daangeffamu gaafa guyyaa 11/08/2007 ragaa abbaa qabiyyuumaa naaf mirkaneesu kaartaa fi pilaanii irratti naaf hojjetanii akkasumas hayyama investimantii itti qabu akkasumas himannaa yakkaa lakkofsa 01208 ta'e banamee ragaa bitaa fi mirgaatiin

qulqullaa'e irratti illee lafti falmiif sababa ta'e km2 202 dursi akka naaf kennamu murteessee ture waan na harkaan hin geenyeef safaranii akka harkaan na gahan jechuun dhiyeesseera. Deebii kennaan ammaa kunis deebii guyyaa 02/07/2011 barreeffameen mormii sadaraka duraa fi ijoo dubbii irrattis deebii kennee jira. Haaluma kanaan mormiin sadarkaa duraa deebii kennaan kaase gabaabumatti himataan qabiyyee falmiif sababa ta'e irraa ragaa homaatuu waan hin qabneef nu himachuuf dantaa hin qabu; himataan hayyama investimantii osoo qabaateyyuu hayyamichi waggaa waggadhaan haaromfamuu qaba waan jedhuuf himataan immoo waan hin haaromsineef daangaa waggaa tokkootiin ni daangeffama waan ta'eef kufaa nurraa haa ta'u; qabiyyee kana ilaalchisee armaan dura galmee lakkoofsa 31617 ta'een mana murtii ol'aanaatti himatee murtii xumuraa kan argate dha waan ta'eef irra deebi'uun daangaa karaa dhihaan qofa jijjiirruun nu himachuu hin danda'u waan ta'eef himannaan kufaa nuuf haa ta'u kan jedhu dha.

Ijoo dubbii irratti deebii kenneenis himataan Waajjira Bulchiinsa Magaalaa Kofalee irraa ragaa guutuu gaaffii investimantiidhaan lafa km 202 himata irratti daangessitootni himata irratti dhayamee jiru ulaagaalee investimantiif barbaachisan guutee waan bulchiinsi Magaalaa Kofalee isa dhowwate hin jiru. Murtiin galmee lakkoofsa 01208 ta'e irratti kenname himataan ulaagaa investimantii guutanii invastii gochuuf mirgi dursaa haa kennamuuf jedhus himataan dhiyaatee gaafa tokkollee hin gaafanne. Yeroo ammaa sababa pilaanii magaalaa haarofti dhayee jiruuf laftuu amma hin jiru. Lafti investimantii kennameef bakka hin jirretti himannaa nurratti dhiyaate deeggarsa seeraa waan

hin qabneef himannaan akka nurraa kufaa ta’u kan jedhu dha. Manni murtii kunis kanumaan galmee keessa qorachuudhaan ijoo dhimmi galmee lakk. 31617 ta’e irratti murtaa’ee fi dhimmi amma ijooon dubbii tokko moo miti? kan jedhu qabachuudhaan ol’iyyannichi ni dhiyeessisa jedhee falmii afaanii dhaga’eera.

Haaluma kanaan ol’iyyataan komii barruu dhiyeesse cimsachuudhaan ijooon galmee lakk.31617 fi galmee lakk. 39408 ta’e irratti ilaalamaa ture garaagari dha. Sababiin isaa lakkoofsa galmee 31617 irratti qabeenya lafa kaaree meetira 502 irra jiru tilmaama qabeenya qarshii 172,000 warqii, gaagura kanniisaa fi shaanaa dabalatee waan nu jalaa barbadeessaniif falmii tilmaama qabeenyaa dhiyaate dha. Kan galmee lakk.39408 ta’e irratti immoo mirga gaafanne. Waajjirri deebii kenna Lafa kaaree meetira 2002 ta’e irratti kaartaa nuuf kennee, gibira nu kaffalchiisaa ture harkaan nu gahuu waan dideef himanne. Lakkofsa galmee 01208 ta’e irratti ifatti akka invastii goonu irratti lafa kaaree meetira 202 irratti murtaa’ee jira. Lafa kana nu harkaan gahuu waan didaniif akka nu harkaan gahan himanne. Ulaagaa invastimantii waan guunneef kaartaa nuuf hojjetan kan hafe nu harkaan gahuu qofa dha. Mana kan gaafanne mana qabeenya achi irra jiru dha. Kanaafuu murtiin mana murtii jalaa dogoggora dha. Kanaafuu ijoo dubbii ilaalchisee ragaa jiru waliin kan ilaalamu waan ta’eef murtiin mana murtii jalaa diigamee dhimmichi gadi deebi’ee ijoo dubbii irratti akka qulqullaa’ee murtaa’u gaafanna jedheera.

Dubbii fixaa deebii kenna gama isaatiin ijooon dubbii galmee lakk.31617 fi 39408 tokkuma dha. Lafa Invastimantiif gaafa-

tame kallattii karaa dhihaan qofa jijjiiruun lafuma tokko irratti himannaa dhiyeessan. Manni murtii jalaa galmeewwan kana caqasee dhimma tokkoof si'a lama himachuun hin danda'amu jedhee murteessuun sirrii dha. Galmee lakk. 31617 qorqooroo luukii 46 irraa qaba jedha. Galmee lakk. 39408 irratti qorqoroo luukii 60 jedha. Manichi garuu tokkuma dha. Osoo mirga itti fayyadamaa iddo hin qabaatin qabeenya achi irraa qabaachuu hin danda'an. Kan dursu mirga malee qabeenya miti. Lafti gandaa kun bara 2001 lakkoofsa galmee 05102 ta'e irratti murtaa'ee ol'iyyataan raawwiidhaan keessaa baheera.

Gaaffiin ol'iyyataa ulaagaa Invastimantii illee kan guute miti. Pilaanii yeroo akka invastii godhu kennameef. Laftis kan kennamee harkaan gahame miti. Bakka lafti hin kennameen mana laficha irratti horadheera kan jedhu fudhatama hin qabu. Invastii akka godhuuf dursi haa kennamuuf jedhamus ulaagaa invastimantii guute hin qabu. Hayyamni invastimantii kennameef illee abbaa qabiyyummaa kan argamsiisu akka hin taane waraqaa kennameef irratti ibsameera.

Falmiin akka armaan olii ta'ee nutis kanumaan ijoo dhimmi himannaa ol'iyyataa kun armaan dura kan murtii dhumaa kan argate moo miti? jedhu qabannee galmee keessa qoranneerra. Haaluma kanaan dhimma galmee lakkoofsa 31617 ta'e irratti murtaa'ee fi kan galmee kana irratti ilaalamaa jiru tokko ta'uu fi dhabuu adda baasuuf garagalchi galmee lakkoofsa 31617 akka dhiyaatu taasifamee waliin qoranneerra. Haaluma kanaan galmee lameen irratti iyyuu gareen falmitootaa tokko ta'uu hubatameera. Seerummaa gaafatame ilaalchisee garuu

galmee kana irratti seerummaan ol'iyyataan kun gaafataa jiru lafa kaaree meetira 202 irratti kan bulchiinsi magaalaa kofalee armaan dura ragaa naaf kennee jiru safaree na harkaan waan hin geenyeef akka na harkaan gahu kan jedhu dha.

Galmee lakkofsa 31617 ta'e irratti immoo seerummaan ol'iyyataan kun gaafate lafa kaaree meetira 502 na harka ture keessaa bulchiinsi Magaalaa Kofalee lafa kaareemeetira 300 ta'u nama Dhiboo Heebboo jedhamuuf kennee jira. Lafti kun osoo hin qoodamiin dura lafa kaaree meetira 300 obbo Dhiboo Heebboo jedhamuuf kenname irratti qabeenya garaagaraa qabu kan tilmaamni qarshii 172,000 baasu barbadeessanii waan jiraniif tilmaama qabeenya manca'ee qarshii 172,000 akka naaf kaffalu kan jedhu dha.

Kanaafuu seerummaan galmee lakkoofsa 31617 ta'e irratti gaafatame tilmaamni qabeenya lafa kaaree meetira 300 irra ture jalaa manca'e akka kaffalamuuf kan gaafate ta'uu argarsiisa. Galmee kana irratti immoo seerummaan gaafatame lafti kaaree meetira 202 akka harkaan gahu kan gaafate dha. Kanaafuu seerummaan galmee lameen irratti gaafatame tokko miti. Akka SDFHH kew.5(1) dhimmi tokko armaan dura murtii dhumaa argateera (RES Judicata) kan jedhamu himanni yookaan ijoon galmee duraan irratti ilaalamaa ture kan galmee haaraa irratti ilaalamaa jiru kan hammatu yoo ta'e dha.

Dhimma kana irratti garuu gareen falmitootaa tokko ta'anis seerummaan gaafatamee fi qabiyyeen irratti mirgi gaafatame garaagar ta'uu waan argarsiisuuf bu'uura tumaa kanaan dhim-

ma armaan dura ilaalamee murtii dhumaa argate kan jechisiisu miti. Kanaafuu murtii manni murtii ol'aanaa Godina Arsii Lixaa dhimmichi armaan dura murtii dhumaa argateera jechuun murteesse akka SDFHH kew.348 (1) diigneerra. Ammas Manni Murtii Ol'aanaa Godina Arsii Lixaa galmeesochoosuun ijoowwan hafan irratti falmisiisuun murtii akka kennu jennee akka SDFHH kew.341(1) qajeelfamaan gara mana murtichaatti deebisuun murteessineerra.

Ajaja

1. Murtii Manni Murtii Ol'aanaa Godina Arsii Lixaa galmeelakkoofsa 39408 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 01/08/2011 ooleen murteesse murtii kanaan diigameera.
2. Manni murtichaa bu'uura qajeelfama kenname kanaan itti fufee falmisiisuun murtii akka kennuuf garagalchi murtii kanaa haa ergamuuf.
3. Galmeen murtii waan argateef cufameera. Mana galmeetti haa deebi'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa 3 kan hin dubbifamne ni jira.

Lakk. Galmee 298055

Guyyaa 25/10/2012

Abbootiin Seeraa: Muhaammad Nuuree
Alamaayyoo Dhaabaa
Masfin Geetaachoo
Ashannaafii Raggaasaa
Abdullaahii Shaafii

Iyyataan: Taakkalaa Walee
Waamamaan: Wagaayyoo Zawudee
Galmee qorannee murtii armaan gadii kennineerra.

Murtii

Iyyatni kun dhaddacha kanaaf dhiyaachuu kan daanda'e iyyataan mana jireenyaa lama qixxee nuuf murtaa'ee ture raawwii irratti manni murtii qixxee nuuf hin qoodne jechuun akka qixxee nuuf qoodamu seerummaan gaafadhe manneen murtii jalaa sababa gahaa malee waan nurratti didaniif murtii manneen murtii jalaa kennan dogoggora seeraa bu'uura ta'e waan qabuuf akka fooyya'ee naaf murtaa'u jechuun waan gaafateefi dha.

Ka'umsi dhimmichaa mana murtii Aanaa Giddaa Ayyaanaa irraa yoo ta'u, R/himattuun waamamtuu ammaa iyyataan ammoo R/himatamaa jalaa ture. Dhimmichi gabaabinaan qabeenya abbaa manaa fi haadha manaa qixxee akka qooddatan R/himattuu fi R/himatamaaf murtaa'ee ture jaarsoliinii fi gandi raawwatani akka mana murtiif gabaasan jedhamee kan ture R/himattuun dhaddachatti dhiyaattee naaf raawwatameera jettee yoo ibsиту gandis ajaja mana murtii raawwachuu isaa dhaddacharratti ibseera.

Manni murtii Aanaa Giddaa Ayyaanaa gabaasni dhiyaateef-
is murtiin raawwatamee xumuramuu ibsee galmee cufeera.

Raawwiin himatamaan galmee raawwatameera jedhamee
cufame irraa komachuun mana murti Ol'aanaa Go/Wallag-
ga Bahaatti kan ol'iyyate yoo ta'u, komiin isaas gabaabinaan
qabeenyi R/himattuu waliin qixxee akka qooddannu nuuf
murtaa'ee ture qixxee nuuf qodamee raawwatamuu osoo qa-
buu qixxee nuuf hin qoodamne waan ta'eef akka nuuf sir-
ratu jedhee gaafate. Bakka lamatti qixxee nuuf qoodamuu
qaba jedhees falme. R/himattuun immoo jaarsi araaraan
nuuf qoode waan ta'eef murtiin jalaa naaf cimuu qaba je-
chuun deebii kenniteetti. Manni murtii Ol'aanaa Go/Wallag-
ga Bahaas dhimmicha erga wal-falmisiisee booda qabiyyeen
lafaa abbaa manaa fi haadha manaa qixxee qoodamuu qaba
malee ijoolleen dabalante bakka sadiitti qoodamee mur-
taa'uun isaa seeraan ala. Bakka qixxee lamatti R/himattuu
fi R/himatamaaf qoodamuu qaba jechuun murtii kenneera.
Waa'ee mana jireenyaa fi meeshaa mana keessaa raawwiin
taasifamee dogoggora hin qabu jedhee cimseera.

Murtii manni murtii ol'aanaa kenne irraa iyyataan ammaa
manni walqixxee miti. Tokko m2 400 karaarra, tokko im-
moo m2 140 karaa duuba akka wal-dandeessifamee qoo-
damu kan gaafate yoo ta'u, manni murtii waliigalaa immoo
murtiin jalaa dogoggora hin qabu jechuudhaan akkaataa
sdfs keewwata 337tiin murtii jala cimsuun murteesseera.
Seenaan dhimmichaa kan armaan olitti kaafne yoo ta'u,
komiin iyyataa gabaabinaan mana jireenyaa qabeenya abbaa

manaa fi haadha manaa ilaalchisee manni murtii qixxee nuuf qooduu osoo qabuu haala wal-caalmaa qabuun nuuf goodamuun seeraan ala. Mana waamamtuun m2 400 karaarra jiru fudhattee Ani immoo m2 140 karaa duuba jirutu naaf qoodame waan ta'eef caalmaan jiru qarshiin tilmaamamee akka bakka naaf buuftu yoo hin danda'amu jette immoo mana isa naaf kenname jedhame fudhattee caalmaa qabu immoo Ani waamamtuuf qarshii bakka akka Ani buuseefii wal-dandeesisuun murtii mana murtii jalaan kenname fooyya'ee akka murtaa'u kan jedhu dha. Waamamaanis waamchi gahee waan hafteef dhimmi ishee bakka hin jirretti akkataa sdfs keewwata 70(a)tiin waan bira darbameef deebii hin kennanne. Dhaddachi Ijibbaataa kunis dhimma kana yoo ilaalu ijooon dubbii 1. Qabeenya manaa abbaa manaa fi haadha manaa qixxee akka qoodamuuf murtaa'e manichi kan wal-caalu ta'uun osoo hubatamee jiruu haala wal-caalmaa qabuun qoodamuun seera qabeessaa? kan jedhu ijoo qulqullaa'uu qabu jennee ilaalleera.

Akka galmee keessaa ilaalamutti qabeenya manaa amma falmii kaase lama akka ta'ee fi manni lamaan kun bal'inaa fi bakka itti argamaa wal-caala akka qabu iyyataan kaasuun tokko tokko nuuf qoodamuun qixxee qooddachuu keenya waan hin agarsiifneef mana guddaa m2 400 waamamtuun fudhatte tilmaamamee gatii caalmaa mana ani fudhe m2 140 akka naaf kaffaltu; yoo tilmaama caalmaa naaf kaffaluu hin dandeenye immoo mana isa m2 400 naaf kennitee caalmaa isaa akkan kaffaluuf jechuun kan falmu dha.

Nutis galmee kana keessa yoo ilaallu waamamtuun dhadda-

cha kanarratti deebii kan hin kennine yoo ta'ellee mana amma wal-caala jedhee iyyataan komatu wal-hin caalu jettee deebiin kennite hin jiru. Kan isheen jette jaarsaan araaraan xumurame waan ta'eef komiin isaa fudhatama hin qabu kan jedhu dha. Kana irraa kan hubatamu ammoo manni lamaan iyyataa fi waamamaan qooddatan kan wal-caalu ta'uun isaa hin haalmne waan ta'eef akka amanametti fudhatama.

Mana bakka itti argamaa fi bal'ina lafaa fi guddina manaa wal-caalu qabu ammoo akka waan wal-hin caalleetti fudhachuun iyyataa fi waamamtuun tokko tokko akka fudhatan taasisuun osoo wal-hin dandeessisiin ykn caalbaasiin osoo hin qoodiin tokko tokko haa fudhatan jechuun manneen murtii jalaa qixxee addaan qooduu isaaniin hin agarsiisu jenneerra. Waan kana ta'eef immoo qabeenyi abbaa manaa fi haadha manaa qixxee akka qooddatan murtaa'e waan ta'eef raawwii irratti akkaataa Seera Maatii Ormiyaa lak.118 fi 119tiin qixxee qooddachuu qabu waan ta'eef manneen murtii jalaa yoo waliigalan wal-dandeessisuun ykn gatii fedhii lamaan isaaniitiin, yoo waliigaluu dhaban immoo caalbaasiin gurguratanii qixxee akka qooddatan gochuun raawwachuu qabu ture jennee murteessineerra.

Kanaafuu, murtiin jalaa dogoggora seeraa isa bu'uura ta'e waan qabuuf bu'uura S/D/F/S/ keewwata 348(1)tiin murtii jalaa foyyessuun dikirii armaan gadii kennineerra.

Dikirii

1. Murtii manni murtii Aanaa Giddaa Ayyaanaa galmee lak.11363-ta'e irratti dhaddacha-gaafa 28/05/2010 ooleen

kennet fi murtii manni murtii Ol'aanaa Go/Wallagga Bahaa galmee lak.47571 ooleen dhaddacha gaafa 15/08/2010 ooleen kennan fooyya'eera.

2. Manni murtii Aanaa Giddaa Ayyaanaa galmee lak.11363 ta'e deebisee saaquudhaan mana iyyataa fi waamamtuun raawwii qabeenya abbaa manaa fi haadha manaa irratti wal-falman mana jireenyaa Magaalaa Dhagaa Jigii Ganda 01 keessatti kan argamu daangaan isaa Bahaan Karaa, lixaan Taazebeew Taaffaree, kaabaan Mangaay Abbabee, Kibbaan Geedeef Alamaayyoo gidduutti kan argamu lafa meetira 10x40 irratti kan ijaarame, mana jireenyaa Magaala Dhagaa Jigii ganda 01 keessatti kan argamu daangaan isaa bahaan Asmaraa Attalaay, lixaan Lamuu Maaruu, kaabaan karaa gidduutti kan argamu akkaataa seera maatii Oromiyaa keewwata 118 fi 119tiin yoo waliigalan wal-dandeessisuu ykn gatii waliigalaniin gurgurataniin akka qixxee qooddatan, yoo waliif hin galle immoo caalbaasiin gurgurachuun qixxeetti akka qooddatan akka raawwachiisu jennee gadi itti deebifneerra.

3. Baasii fi kisaaraa falmii dhaddacha kanaa bitaa fi mirgi of-haa danda'an.

4. Dhorki galmee kanarratti kenname ka'eera.

5. Garagalchi murtii mana murtii jalaa haa dhaqqabu.

6. Galmeen cufamee mana galmeetti haa deebi'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa 5 hin dubbifamne ni jira.

Lakk. Galmee-288150
Guyyaa- 26/02/2012

Abbootii Seeraa: Tamaam Aadam
Gammachiis Dhugumaa
Jamaal Qumbii

Ol'iyyataan: Intarpiraayizii Sanyii Filatamaa Oromiyaa D/
Baalee
D/Kennaan: Obbo Anteenee Tasfaayee

Galmeen kan buleef qorannoof ture. Haaluma kanaan qo-
ratamee murtiin itti aanu kennamee jira.

Murtii

Dhimmi kun asitti dhiyaatee murtaa'uu kan danda'eef ol'iyyataan iyyata komii gaafa 28/09/2011 qopheessuun asitti dhiyeesseen murtiin Mana Murtii Ol'aanaa G/Arsii Lixaa galmee lakk.38465 ta'erratti dhaddacha gaafa 28/08/2011 ooleen kenname dogoggora kan qabu ta'uu isaa ibsuudhaan asitti ilaalamee akka sirraa'uuf waan gaafateef yoo ta'u, ka'umsi dhimmichaatis waldiddaa kanfaltii beenyaa miidhaa qabeenya ilaalchisee bitaa fi mirga giddutti uumame dha.

Falmiin dhimma kanaa Mana Murtii Ol'aanaa G/Arsii Lixaat-
ti himannaa D/kennaan ammaatiin ol'iyyataa ammaa fi nama
biroo himatamaa jalaa 2ffaa ture irratti dhiyaateen kan eegale
yommu ta'u, seenaan falmii jalatti tures gabaabumatti: D/
kennaan ammaa himannaa Mana Murtii jalaatti dhiyeesseen
qabeenyummaan isaa kan ol'iyyataa ammaa kan ta'ee fi hi-

matamaa jalaa 2ffaa nama tureen konkolaachifamaa ture konkolaataan maqaa fi lakk.gabatee isaa himannicha keessatti caqafamee jiru balleessaa ofii isaatiin konkolaataa D/kennaa ammaatti bu'udhaan guyyoota 43f hojiin ala akka turu taas-isuu isaa ibsee galii guyyoota 43 Qarshii 182,440.00 baasii fi kisaaraa durgoo abukaatoo fi kanfaltii abbaa seerummaa waliin akka kanfalamuuf kan gaafate ta'uu; ol'iyyataan ammaa fi himatamaan jalaa 2ffaanis deebii barruu fi falmii adda addaatti dhiyeeffataniin ittigaafatamummaa fi tilmaama miidhaa gaheetis mormuun himannaa D/kennaa ammaa haalanii falma-chuu isaanii fi Mana Murtii jalaatis bitaa fi mirga falmisiisuun ragaalee adda addaa gareewwan dhiyeeffatanii fi kan ajajaan dhiyeessise waliin dhimmicha erga qoratee booda miidhaa konkolaataa D/kennaa ammaa irra gaheef ol'iyyataan ammaa fi himatamaan jalaa 2ffaan itti gaafatamummaa qeenxee fi tokkummaa qaban jedhee galii D/kennaa ammaa jalaa sababa kanaan hafeef Qarshii 70,000.00 (kuma torbaatama) akka kanfalan kan murteesse akka ta'e garagalchi galmee jalaa ni agarsiisa.

Murtii Mana Murtii jalaa kana komachuun ol'iyyataan ammaa galmee kana irratti, D/kennaan ammaatis komii qaxxaamuraa gaafa 19/10/2011 qophaa'een galmeedhuma kana irratti, himatamaan jalaa 2ffaanis galmee biroo lakk.288163 ta'erratti ol'iyannoo Mana Murtii kanatti kan dhiyeeffatan yoo ta'u, komiin D/kennaan ammaa qaxxaamuraan dhiyeeffate qoratamee hin dhiyeessisu jedhamee ajaja dhaddacha gaafa 10/11/2011 ooleen kennameen yommu haqamu, komiin ol'iyyataa ammaa fi himatamaa jalaa 2ffaa galmee lakk.288163 ta'erratti dhiyeeffate immoo ni dhiyeessisa jedhamee D/

kennaa waamamuun dhagahii falmii gaggeeffamee jira. Akkaatuma kanaan ol'iyyataan yaada karaa bakka bu'aa isaa kenneen komiin barreeffamaan dhiyeeffatan akka ilaalamuuf ibsuun deebiin D/kennaa kan dhagahame yommu ta'u, innis gabaabinaan qabxiin waa'ee falmii galii guyyaa ol'iyyataan dhiyeesse qabxii falmii Mana Murtii jalaatti hin kaane waan ta'eef asitti dhiyaachuun kan hin dandeenye ta'uu isaa; ragaan Waajjira Galii Magaalaa Bishooftuu irraa kenname jedhames erga falmiin dhimmichaa Mana Murtii jalaatti xumuramee booda kan dhiyaate ta'uu fi sababa kanaanis sadarkaa Mana Murtii kanaatti akka falmii haaraatti dhiyaachuun fudhatama kan hin qabne ta'uu; otuma ta'eeyyuu ragaan kun bu'uura SD-FHH kwt.145tiin jalqaba otuu hin gaafatin erga ragaan dura gaafatan Waajjira Galii Magaalaa Roobee irraa dhiyaate booda bu'aa isaarratti hundaa'uun kan gaafatamee fi akkasumas konkolaataan D/kennaatis kan hojjetaa ture Magaalaa Shaashamannee fi Magaalaa Roobee gidduu ta'uu isaatiin ragaan Waajjira Galii Magaalaa Bishooftuu irraa dhiyaate jedhame kun ragaa rogummaa fi seera qabeessummaa qabu kan hin taane akka ta'ee fi kkf kaasuun falmee komiin ol'iyyataa kufaa ta'uun murtiin Mana Murtii jalaa akka cimuuuf gaafatee jira.

Deebii D/kennaa irrattis ol'iyyataan yaada kenneen Mana Murtii jalaatti bu'uura gaaffii ol'iyyataatiin Waajjirri Galii Magaalaa Roobee gaafatamee galmeen konkolaatichaa Waajjira Galii Magaalaa Bishooftuutti argama waan jedhameef achirraa akka dhiyaatu kan ajajame ta'uu; akkaataa kanaan galiin guyyaa ykn waggaa konkolaataa D/kennaa Waajjira Galii Magaalaa Bishooftuu irraa qulqullaa'ee erga dhiyaatee

booda Mana Murtii jalaa callisee kan bira darbe ta'uu; konkolaataan D/kennaa hojjetaa kan ture Magaalaa Roobee fi Shaashamannee giddutti ta'us gibira kanfalaan kan turee fi sanadni isaatis kan argamu Magaalaa Bishooftuutti waan ta'eef ragaan Waajjira Galii Magaalaa Bishooftuu irraa dhiyaate sirrii ta'uu isaa fi Mana Murtii jalaa bu'uura ragaa sirrii dhiyaate kanaatiin galii konkolaataa D/kennaa shallagee murtii kennuu otuu qabuu bira darbuun murtiin kenne dogoggora akka ta'e ibsee asitti akka sirraa'uuf gaafatee jira. Egaa seenaan falmii dhimmichaa Mana Murtii jalaa kaasee hanga asiitti turee fi falmiin asitti dhagahames kanuma olitti gabaabinaan ibsame yommuu ta'u, Mana Murtii kun garagalcha galmee Mana Murtii jalaa, falmii barreeffamaa fi afaaniin asitti dhiyaatee fi tumaalee seeraa roggummaa qabaniitiin xiinxaluun dhimmicha qoratee jira.

Akkaatuma kanaan galiin waggaa konkolaataa D/kennaa hangam akka ta'e kan ibsu ragaan Waajjira galmee fi sanadni konkolaatichaa itti argamu irraa qulqullaa'ee dhiyaateen qulqullaa'eera moo miti? kan jedhu akka qabxii ijoo xiinxalaatti adda bahee qabamuun dhimmichi akka qoratametti 1ffaa Manni Murtii jalaa galii guyyaa konkolaataa D/kennaa kan shallage bu'uura ragaa Abbaa Taayitaa Geejjibaa Magaalaa Roobee irraa xalayaa lakk. ATG/BMR/498/11 ta'een gaafa 22/06/2011 barreeffamuun dhiyaate akka ta'e xiinxala Mana Murtii jalaa murtii isaa fuula 35ffaa irratti ibsee irraa ni hubatama. Haa ta'u malee ragaan xalayaa kanaan kenname galiin guyyaa konkolaataan D/kennaa galchu meeqa akka ta'e kan ibsu otuu hin taane baay'ina deddeebisaa konkolaatichi Magaalaa Roobee fi Shaashamannee gidduutti

taasisuu fi taarifa yeroo sana ture qofa ta'uu isaa garagalchi xalayichaa garagalcha galmee jalaa keessaa ilaalamee jira.

Gama biraan 2ffaa galiin guyyaa konkolaataa D/kennaa meeqa akka ta'e Waajirri Galiwwanii Magaalaa Roobee ajajaan gaa-fatamee deebii xalayaa lakk. 1490/ATC/13/2011 ta'ee fi gaafa 26/07/2011 barreeffamaan Mana Murtii jalaatiif kenneen sababa galmeen waa'ee konkolaataa D/kennaa ilaallatu Waajjira Galiwwan Magaalaa Roobeetti hin argamneef deebii kennuu kan rakkatan ta'uu kan ibse yommuu ta'u galiin guyyaa/waggaatis/ meeqa akka ta'e kan beekne ta'uu isaatis xalayaa lakk. AL/349/2011 gaafa 19/06/2011 barreeffameen Mana Murtii jalaaf kan beeksise ta'uu isaatis garagalcha galmee jalaa keessaa ilaalamee jira. Egaa deebii Waajjira Galii Magaalaa Roobee kanarraa ka'uudhaan Mana Murtii jalaa Waajjira Galii Magaalaa Bishooftuu kan galmeen sanada konkolaataa D/kennaa itti argamu ajajuudhaan Waajjirichis galiin waggaa konkolaataa D/kennaa Qarshii 141,829.00 (kuma dhibba tokkoo fi kuma afurtamii tokkoo fi dhibba saddeetii fi digdamii sagal) ta'uu xalayaa lakk. ATG-7042-11 ta'ee fi gaafa 03/08/2011 barreeffameen beeksisuudhaan garagalcha galmee jalaa keessatti ni argama.

Akkaataa kanaan 3ffaa galiin guyyaa konkolaataa D/kennaa jalaa hafe kan shallagamuu qabu ragaa waa'ee taarifaa fi baay'ina deddeebisaa konkolaatichaa ibsuun otuu hin taane ragaa waa'ee galii waggaa fi kanfaltii gibiraa konkolaataa D/kennaa ibsu irratti hundaa'uu kan qabu yommuu ta'u kun immoo kan qulqullaa'uu danda'uu qaama galmeen konkolaatichaa biratti argamu irraa waan ta'eef ragaan Waajjira Galiwwan Magaalaa Bi-

shooftuu irraa dhiyaate ragaa sirrii fi rogummaa qabu ta'ee otuu jiruu Manni Murtii jalaa fudhatama kan qabuu miti jedhee bira darbuun isaa dogoggora ta'ee argama. Kanaaf bu'uura ragaa rogummaa qabu kanaatiin galiin guyyaa konkolaataa D/kennaa sirraa'ee yommuu shallagamus galii waggaa ibsame kana irraa kan guyyaa hiramee adda bahuun baay'ina guyyoota konkolaataan D/kennaa sababa miidhaa konkolaataa ol'iyyataatiin irra gaheen hojiin ala tureen baay'ifamee murtaa'utu irra jira.

Haaluma kanaan galiin guyyaa Qarshii 388.60 (dhibba sadii fi saddeettamii saddeetii fi saantima jahaatama) waan ta'eef kun baay'ina guyyoota konkolaatichi hojiin ala turee guyyoota afurtama (40)n yommuu baay'ifamu qarshii 388.60 x 40 = Qarshii 15,544.00 (kuma kudha shanii fi dhibba shaniif afurtamii afur) ta'a. Galiin kunis galii qulqulluu D/kennaan waggaa argatu irraa kan shallagame waan ta'eef baasii fi kanfaltiiwwan biroo barbaachisan hundi irraa hir'ifamuun kanfaltii isa sirrii fi xumuraa D/kennaa kanaaf kanfalamuu qabu dha. Kanaan alatti komii fi falmii baay'ina guyyootaa ilaalchisee ol'iyyataan kaase sababa qabeessa ta'een waan hin mul'anneef Mana Murtii kun otuu hin fudhatin bira darbee jira.

Walumaagalatti sababoota olitti xiinxalamuun ibsamaniin murtiin Mana Murtii gama shallaggii fi hanga galii guyyaa D/kennaa jalaa hafee irratti dogoggora kan qabu ta'ee argamuudhaan bu'uura SDFHH kwt.348(1) tiin fooyya'uun ol'iyyataan galii D/kennaa jalaa hafe kan guyyoota afurtamaa Qarshii 15,544.00 (kuma kudha shanii fi dhibba shanii fi afurtamii afur) akka kanfalu murtaa'ee jira.

Ajaja

1. Murtiin Mana Murtii Ol'aanaa G/Arsii Lixaa galmee lakk.38465 ta'erratti dhaddacha gaafa 28/08/2011 ooleen kenne bu'uura SDFHH kwt. 348(1)tiin fooyya'ee jira.

2. Bu'uura murtii asitti fooyya'e kanaanis galii sababa miidhaa balleessaa konkolaataa ol'iiyyataatiin konkolaataa D/kennaa irra gaheen D/kennaa jalaa hafe kan guyyoota afurtamaa (40) tilmaama galii guyyaa Qarshii 388.60 (dhibba sadii fi saddeettamii saddeetii fi saantima jaatama) tiin shallagamuun walumaagalatti Qarshii 15,544.00 (kuma kudha shanii fi dhibba shanii fi afurtamii afur) haa kanfaluuf jedhamee jira.

3. Garagalchi murtii kanaa Mana Murtii jalaaf haa darbu. Baasii fi kisaaraa falmii asitti gaggeeffamee ilaalchisee bitaa fi mirgi kan ofii of haa danda'an jedhamee jira.

4. Mirgi ol'iiyyannoo dhaddacharratti himamuun galmeen cufamee jira. Mana galmeetti haa deebi'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa 3 hin dubbifamne ni jira.

Lakk. Galmee - 310045
Guyyaa- 04/02/2012

Abbootii seeraa: Muhaammad Nuuree
Abdusalaam Siraaj
Darajjee Fayyee
Bajigaa Kafanii
Abdullaahii Shaafii

Iyyattuun: Adde Dassuu Kiphaa
Wamamaan: Obboo Kumsaa Gaaddisaa
Galmee qorannee murtii armaan gadii kennineerra.

Murtii

Iyyatni kun dhaddacha ijibbaataa kanaa dhiyaachuu kan danda'e manni murtii Ol'anaa Godina Shawaa Lixaa lakk. Galmee 26938 ta'een dhaddacha guyyaa 10/07/2011 ooleen murtii manni murtii Aanaa Ejeree lakk. Galmee 32214 ta'een dhaddacha guyyaa 27/05/2011 ooleen kenne cimsuudhan ajaja kenne dogoggora bu'uura seeraa ni qaba jechuudhan kan dhiyaate dha. Ka'umsi falmii himannaa falmii qabiyyee lafaa yoo ta'u, iyyattuun ammaa himattuun jalaa himannaa wamamaa ammaa ykn himatamaa jalaa irratti qabiyyee dhuunfaa koo daangaan isaa Bahaan Qabiyyee Ad.Kafanii Alamuu, lixaan Qabiyyee Ob.Ifaa Abbabaa, Kibbaan qabiyyee Ad.Turuubaa Abbabaa fi kibbaan qabiyyee Fiqaaduu Alamuu jidduuti argamu yeroo adda addaa qixxee itti kennadhee qochiisiifachaa ture gaafa 25/08/2010 qotachuu yeroon dhaqu lola natti kaasee akka hin qotanne waan na taasiseef galii laficha irraa argamu naaf kanfalee laficha akka naaf gadhiisu kan jedhu dha.

Himatamaan jalaa deebii isaatiin tilmaama midhaan laficha irraa argamu mormuudhaan qabiyyee kana waliigaltee gaafa 15/04/1994 raawwatameen qarshii 10,000 narraa fudhattee natti kireessite yeroo lafa kana deebifachuu feete qarshii kana dachaa naaf kanfaltee qabiyyee ishee deebifachuu akka qabdu waliigalteen harka kiyyaa gale malee seeraa alaa qabachuu hin qabu jedhee falmeera. Waliigaltee himatamaan dhiyeesse waan waakkatameef waliigalteen ashaaraan himattuu jalaa akka fooransiikiidhaan qoratamu ajajamee sababa sanadni gahaa hin taaneef qorannoon ashaaraa waan dhibeef ragaa namaa dhagahuudhaan ragaan himattuu himatamaan qabiyyee falmii kaase kana himatte himattuuf hiraa turuu malee waliigalteen biraa jiraachuu fi dhiisuu akka hin beekne ibsaniiru.

Ragaan himatamaa himattuun gaafa 15/04/1994 himatamaa kana irraa qarshii 10,000 fudhattee qabiyyee kana irratti waliigaltee raawwachuu akka beekan ibsanii jiru. Manni murtii aanaa himatamaan waliigaltee hirtaatiin qabatee qotaa turuun isaa kan hin hubachiifamnee fi xumurri waliigaltee yoom akka ta'e waan ifaan hin teenyeef himatamaan garuu qabiyyee kana waliigaltee gaafa 15/4/1994 taasifameen harka isaa galee ragaa barreeffamaa fi ragaa namaatiin hubachiifameefii waliigaltee hirtaan kan fuudhe osoo hin taane waliigaltee 'walladdii agadiitiin' waan ta'eef waliigalteen kun faallaa heera mootummaa Fadaraalaa keewwata 40(1) waan ta'ef waliigaltee diigamaa dha.

Kanaafuu himattuun qabiyyee isheetti deebi'uu qabu waan ta'eefi himattuun erga lafa isheetti deebitee qarshii himatamaa irraa fuute qarshii 10,000 akka himatamaaf deebistu murtees-

seera. Iyyattuun ammaa murtii kana komachuun mana murtii ol'anaatti ol'iyyattee manni murtii ol'anaa bu'uura S/D/F/S/ keewwata 337tiin komii dhiyaate kufaa gochuun murteesseera. Iyyattuun iyyannoo guyyaa 29/08/2011 barreeffameen waliigalteen deebii kennaan ammaa dhiyeesse jiraa? Qarshii ani irraa fuudhe jiraa? Kan jedhu ragaa deebii kenna qarshii yeroo itti kennu hin argine jechuun sagalee tokkoon dubbatanii bakka jiranitti qarshii ani hin fudhanne akkan kanfalu murtiin kenname sirrii miti.

Qabiyyeen falmii kaase koo ta'uun falmii kan hin qabne ta'ee bara 2010 akka hin qotanne na dhorkuun isaas kan amaname ta'ee deebii kennaan akka hin qonne na dhorkuu fi ofii qotacuu isaa amanuun sababa waliigaltee gaafa guyyaa 15/4/1994 taasifameen qarshii 10,000 yoo naaf deebifte gadi dhiisuuf waliigalee kan jedhu waliigalteen kun faallaa seeraa fi heeraa waan ta'eef gochi dhorkaa ta'e kun bu'aa kan hin qabne waan ta'eef bakkatti akka deebi'amu jedhamuun sirrii miti.

Qabiyyee kan qixxee qotaa ture waliigalteen inni dhiyeesse kan sobaan ofii isaa qopheesse dha malee waliigaltee seeraan alaa kana hin raawwanne. Ragaan isaas sobaan ragaa bahan waan ta'eef haalli ragaan itti madaalame seeraan alaa akka naaf jedhamu. Deebii kennaan osoo himannaa qaxxaamuraa hin dhiyeessine kakaa'umsa mataa isaan kan ilaalee fi seerummaa tilmaama miidhaan bara 2010 bira darbuun qarshii 10,000 akkan kanfalu natti murteessuun isaa dogoggora. Kanaafuu murtii jalaa naaf fooyyessuun seerummaan gaafadhe akka naaf murteessuu fi waliigaltee seeraan alaa qarshi-

is kanfaluuf hin dirqamtu jechuun kufaa godhee akka bira darbu baasii fi kisaaraa durgoo abukaatoo dabalatee mirga gaafachuu koo akka naaf eegu kan jedhu dhiyaateera.

Waamamaan deebii guyyaa 28/09/2011 barreeffameen qabiyyee lafa qonnaa qarxii lama iyyattuun fedhii ishiitiin waliigaltee gaafa 15/4/1994 barreeffameen sababa rakkina na quunnameen jettee qarshii 10,000 na harkaa fudhattee lafa kana hangan qarshii kana siif deebisutti lafa kana itti fayyadami jettee harka koo galchitee qarshii kanas osoo naaf hin deebisne qabiyyee kana waggaa 17 guutuu na harkatti dhiisteef darbiinsaa yeroo bu'uura dambii lafa baadiyaa lakk.151/2005 keewwata 32tiin darbiinsa yeroo waggaa 12 tiin daangeffamee osoo jiruu manni murtii jalaa qabiyyeen lafa bakka duraatti deebi'ee iyyattuun qarshii 10,000 deebii kennaadhaaf akka kanfaltu jedhee murtee kennuun isaayyuu sirrii waan hin taaneef murteen jalaa naaf fooyya'ee qabiyyeen lafa waggaa 17 waan na harkaa tureef darbiinsa yeroo waggaa 12tiin kufaa akka naaf ta'ee mirgi baasii fi kisaaraa naaf eegamee galmeen na irraa cufamee bilisaan akkan gaggeeffamu kan jedhu dhiyaateera.

Nutis galmee keessa akka qorannetti waliigaltee bu'uura irraa seeraan ala ta'een qarshii fudhatte deebi'ee bakkatti deebi'a jedhamuun seera qabeessaa? Kan jedhu ijoo furmaata argachuu qabu ta'ee argameera. Waliigalteen iyyattuu fi waamamaa gidduutti guyyaa 15/04/1994 taasifame qarshii liqaadhaan lafa baadiyyaa alaabaa isaa faayyadamuuf waliigalan qabiyyee iyyattuu kana sababa waliigaltee liqaa kanaan qabiyyee iyyattuu bara 1994 eegalee waamamaan amma itti fayyadamaa kan

ture ta'uun falmii waamamaa irraa kan hubatamu dha. Idaa sababeeffachuun qotee bulaan abbaa qabiyyee ta'ee qabiyyee lafasaarraa buqqaa'ee qabiyyee nama biraatti hin dabarre ykn hin qabamne labsii Bulchiinsa Itti Fayyadama Lafa Baadiyaa lakk. 130/1999 keewwata 6(5) jalatti tumameera.

Bu'uura kanaan waamamaan sababa qarshii 10,000 liqeesseefiin lafa kana bara 1994 irraa eegalee qabadhe jedhus sababa idaatiin qabiyyee iyyattuu kan qabate ta'uun waan hubatameef waliigaltee seeraa alaatiin qabiyyee iyyattuu bara 1994 eegalee itti fayyadamaa kan ture ta'uun isaa bu'uura labsii lakk. 130/99 keewwata 6(5) tiin seeraan ala ta'uu kan hubachiisu dha. Qotee bulaan lafa bilisaan argachuu fi laficharraa akka hin buqqane mirgi akka kabajamuu fi qabiyyeen lafaa kan hin gurguramne, hin jijjiiramne qabeenya waliinii uummataa fi uummattoota Itoophiyaa akka ta'ee heera mootummaa Federaalawaa keewwata 40(3) fi 4) jalatti tumameera.

Qabiyyee kan iyyattuun qarshii waamamaa irraa fuuteen sababa hin deebisneef iyyattuun mirga qabiyyee kana irraa qabdu buqqisuudhaan qabiyyee kana kan qabate yoo ta'u akka sumas qabiyyee lafa baadiyaa kan kireeffannaan kan qabate ta'ee waggaa sadii ol kireeffamuun seeraa ala dha. waliigalteen qarshii iyyattuuf kennee qabate kun yeroo hin murtoofneef akka ta'e kan hubatamu yoo ta'u, qarshii hanga deebistuutti jechuun waliigaltee gurgurtaa lafaa akka ta'etti kan nama hubachiisu waan ta'eef waliigalteen akkasii akka seera hariiroo hawaasaa keewwata 1716tiin waliigaltee seeraa alaa ta'uusaatiin waliigaltee diigamuu fi bu'aa hin qabne akka ta'e

kan hubatamu dha. Dhimma wal fakkaatuun murtii dirqisi-
isaa manni murtii waliigalaa Fedaraalaaa dhaddacha ijibbaata
lakk. galmee 69291 ta'een dhaddacha guyyaa 8/3/2004 oo-
leen kenne jiildii 13ffaa jalatti maxxanfame irraa kan hubata-
mu dha. Bu'uura kanaan waliigaltee seeraa alaan mirga abbaa
qabiyyummaa iyyattuu irraa buqqisee fayyadamaaa ture yoo
ta'u, waliigaltee seeraan ala bu'aa hin qabneen qabiyyee iyyat-
tuu waamamaan gadhiisuuf kan dirqamu ta'us waamamaa
qabiyyee kana bara 1994 eegalee itti fayyadamaa ture yoo
ta'es waamamaan Iyyattuun qarshii akka deebistu seerumaan
gaafatee osoo hin jiraatiin qarshii fudhatte akka deebistu je-
chuun murtii kenname bu'uura S/D/F/H/H/ keewwata 182(2)
tiin dogoggora bu'uura seeraa kan of keessaa qabu dha je-
chuudhaan murtii jalaa fooyyessuudhaan murteessineerra.

Ajaja

1. Murtii Manni Murtii Aanaa Ejeree lakk. galmee 32214
ta'een dhaddacha guyyaa 27/05/2011 ooleen kennee fi ajaja
Manni Murtii Ol'anaa Godina Shawaa Lixaa lakk. galmee
26938 ta'een dhaddacha guyyaa 10/07/2011 ooleen kenne
bu'uura S/D/F/H/H/ keewwata 348(1) tiin fooyya'eera.
2. Iyyattuun qarshii 10, 000 (kuma kudhan) waamamaaf
akka kanfaltu jedhame kufaa ta'eera.
3. Baasii fi kisaaraa mana murtii kanaa of haa danda'an
jedhameera.
4. Dhorkaan galmee kanaan kenname yoo jiraate ka'eera.
5. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaa haa dhaqqa-
bu.
6. Galmee cufnee mana galmeetti deebifneerra.

Lak.Galmee -288171
Guyyaa -26/02/2012

Abbootii Seeraa: Tamaam Adam
Gammachiis Dhugumaa
Jamaal Qumbii

Himattootni 1. Tulluu Gadaa

2. Kabbadaa Daggafaa: Abukaatoo Aliyyii

Nugusee - dhiyaate

Himatamaa: - Inistitiyuutii Bizaahiwootii Itoophiyaa Damee
Arsii Nageellee- hin dhiyaanne.

Galmee qorannee murtii itti aanu Kennineerra.

Murtii

Himattootni himannaa guyyaa 03/10/2011 barreeffameen dhiyeessaniin dhaabbatni himatamaa lafa qonnaa qabiyyee keenya faallaa labsii Fedaraalaa haala kanfaltii beenyaa raawwachiisuuf bahe lakk.455/97 kwt-10tiin osoo ogeeyyiiin dhimmi ilaallatu seektara 5(shan) irraa qindaayanii hin hojjanne ogeessa waajjira Bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyaa Aanaa nama tokko qofaan hojjachiisuunii fi kanfaltii beenyaas kan mirkaneessu Bulchiinsa Aanaa ta'ee osoo jiruu ittigaafatamaa waajjira Bulchiinsa itti fayyadama lafaa Aanaa qofaan mirkaneessisuun qabiyyee keenya kan himataa 1ffaa bal'inni hektaara 1.219 fi kan himataa 2ffaa hektaara 0.6610 kanfaltii beenyaa gahaa malee nurraa fudhateera. Nutis akkaataan itti dhaabbatni himatamaa kun beenyaa qa-

biyyee keenyaa itti nuuf herrege kan dogoggora qabuu fi faallaa seeraa ta'ee mirgaa fi faayidaa keenya kan miidhe waan ta'eef nuuf sirraa'ee mirgi keenya eegamee beenyaan sirriin akka nuuf kanfalamu bu'uura labsichaa kwt-11(2) qaamolee dhimmi ilaallatu kan akka bulchiinsa Godinaa, Ejansii Misoomaaf Buqqaatotaa fi qaama beenyaa shaal-laguuf aangoo qabutti (Bulchiinsa Aanaatti) guyyuma beenyaa jalqabaa fudhanneerraa kaasee iyyachaa turreera; bu'uura iyyannoo keenyaatiinis; Ejansiin misoomaaf Buqqaatota (kaatota) oromiyaa damee kibbaa xalayaa lakk.EDH.HMKO. DK/306/4/2010 gaafa 04-10-2010 Bulchiinsa Aanaa Arsii Nageelleetiif nuuf barreesseenii fi Bulchiinsi Godina Arsii Lixaa xalayaa lakk. Bu /239/10 ta'e gaafa 21-02-2010 Bulchiinsa Aanaa Arsii Nageelleetiif nuuf barreesseen Bulchiinsi Aanaa Arsii Nageellee fi Dhaabbatni himatamaa kun waliin ta'uudhaan komii keenya dhaggeeffatanii kanfaltii beenyaa keenya akkaataa seeraatiin irraa deebi'anii nuuf shallaganii akka nuuf kanfalan nuuf ajajaniiru (dhiibbaa godhaniiru).

Bulchiinsa Aanaa Arsii Nageellees kanumaan koree dhaabuudhaan akkaataa seeraatiin haala haarawaan irra deebi'amee beenyaan akka nuuf shallagamu godhee koreen shallaggiis qaboo ya'ii gaafa 19-10-2010tiin shallaggii haarawaa nuuf hojjeteera. Bu'uura shallaggii kanaan himataa 1ffaaf kanfalamuu kan qabu qarshii 975,686 (kuma dhibba sagalii fi kuma torbaatamii shanii fi dhibba jahaa fi saddeettamii jaha) dha. Kana keessaa qarshii 504,177 dura fudhadhee waan jiruuf kan himataan na dhoowwate 975,686-504,177=471,509 (kuma dhibba afurii fi kuma torbaatamii tokkoo fi dhibba shanii fi

sagal) ta'a. Kan himataa 2ffaa immoo beenyaan naaf kafalamuu qabu qarshii 487,289.90 (kuma dhibba afurii fi kuma saddeettamii torbaa fi dhibba lamaa fi saddeettamii sagalii fi saantima 90/100) yoo ta'u, kana keessaa qarshii 251,342 dura fudhadhee waan jiruuf kan himataan na dhoowwate qarshii 487,289,90-251,342=235,947.90 (kuma dhibba lamaa fi kuma soddonii shanii fi dhibba sagalii fi afurtamii torba) dha.

Shallaggiin kun erga godhamee Bulchiinsi aanaa Arsii Nageellee xalayaa lakk. 20/2437/2010 kan gaafa 21-10-2010 barreeseen dhaabbatni himatamaan kun akkaataa shallaggii haarawaa fi bu'uura seeraatiin hojjatame kanaatiin nuuf kanfalu barreessus dhaabbatni himatamaa shallaggii kana ilaalchisee murtii qaamni aangoo qabu dabarsuudhaan barreeffamaan isa beeksise kana akkaataa labsichi ajajuun ji'a tokko keessatti mana murtiitti ol'iiyate hin jijjiirsisinitti maallaqa nuuf murtaa'ee fi irratti hafe hanga ammaa nu dhoowwateera.

Walumaagalatti dhaabbatni himatamaa kun qabiyyee keenya beenyaa kanfalee yommuu fudhatu qaamni aangoo qabu akka nuuf kanfalu kan nuuf murteesse kan Ana himataa 1ffaa qarshii 471,509 (kuma dhibba afurii fi kuma torbaatamii tokkoo fi dhibba shanii fi sagal) irratti yoo hafu, kana Ana himataa 2ffaa immoo qarshiin 235,947.90 (kuma dhibba lamaa fi kuma soddonii shanii fi dhiibba sagalii fi afurtamii torba) irratti hafe osoo jiruu mirgaa fi faayidaa keenya haguugee waan nu dhoowwateef qarshii kana durgoo abukaattoo fi kan seerummaa waliin akka itti nuuf murtaa'u jechuun dhiyeessaniiru. Himatamaan himannaa isarratti dhiyaate kana irratti deebii

akka kennuuf ajajamee innis deebii guyyaa 13/10/2011 barreeffameen mormii sadarkaa duraa fi ijoo dubbii irrattis deebii kennee jira. Haaluma kanaan mormiin sadarkaa duraa kaase himattootni dhimma beenyaa irratti qaama ol-iiyannoo dhaga'utti osoo hin deemiin dhimma shallaggii beenyaa murteessuu irratti Ejansii buqqaatota misoomaa oromiyaa ilaalchisee keessa deebiin murtoo herrega beenyaa murteesseef irratti bu'uura godhachuudhaan beenyaa dabalataa nuuf kaffalamuu qaba jechuun kan dhiyeessan mirga seera irraa madde waan hin taaneef himannaan isaanii akka SDFHH kew.280 fi 33/2 tiin kufaa dha.

Dhimma beenyaa irratti himanna dhiyeessuu kan danda'an bu'uura labsii lakk. 455/1997 kew. 11/4 fi labsii 401 /1996 kew/11/3 murtii qaamni seeraa murteesse irratti guyyoota 30 hanga 60 keessatti qaama ol iyyata ilaalutti osoo hin dhiyeessiin turtii waggaa 2 booda himannaan dhiyeessan akka SDFHH kew.244 (2) (E) tiin kufaa nuuf haa ta'u kan jedhu dha.

Ijoo dubbii irratti deebii kenneen immoo gabaabinaan himattootni himannaa isaanii irratti beenyaan gahaan osoo nuuf hin kanfalamiin lafa keenya bara dheeraaf qabanne irraa buqqane jechuun kan dhiyeessan bu'uura labsii lakkoofsa 455/97 kew.2/1 fi 7/1tiin beenyaan shallaggii lafichaaf osoo hin taane qabeenya laficha irra qubateef waan ta'eef himattootni ragaa tarree qabeenyaa tokko osoo hin dhiyeessiin beenyaa lafaa jechuun kan dhiyeessan bu'uura seeraa hin qabu. Himattootni himanna isaanii irratti sekterootni shan waliin qindaa'anii osoo hin hojjetiin sektarri tokko qofaan kanfaltiin beenyaa hojjetamuun isaa sirrii miti kan jedhaniif himatamaan

iddoon qonnaa akka kennamuuf waajjira bulchiinsa aanaa Arsii Nageelleef bara 2008 gaaffii dhiyeessee waajjirri bulchiinsa aanaa Arsii Nageellee gara qaama dhimmichi ilaallata jedhutti gara waajjira Lafaa fi Eegumsa Naannoo aanichaatti qajeelchuun qaamolee isaan ilaallatan hirmaachisee tilmaamni beenyaa hojjetamee kanfaltii ilaalchisee waajjira bulchiinsa aanichaaf xalayaa Bitootessa 5/2008 barreeffameen waajjira maallaqaa fi misooma Dinagdee aanaa Arsii Nageelleetiif lakkoofsa herregaa baankiitiin kan galchinu ta'uu beeksisnee bulchiinsi aanichaas ilaalee dursa raggaasisuu kan qabu ta'uu fi dhiisuu beekke kan dhiise waan ta'eef kun immoo qaawwaa hojimaata waajjirichaa malee kan himatamaa waan hin taaneef ittigaafatamaa hin taanu.

Ejansiin buqqaattota misooma mootummaa naannoo Oromiyaa kaayyoon itti hundeeffame sababa misoomaatiin buqqaattota buqqa'an deeggaruu fi hojii deebisanii hundeesuu wajjin walqabatee hojiiwwan jiran raawwachuuf malee dhimma beenyaan wal qabatee iyyannoo fuudhee ilaalee murtii kennuuf aangoon seeraan kennameef osoo hin jiraatiin dhimma beenyaa aanichaan hojjetamee kanfaltiin xumuramee waggaa tokkoon booda kaka'umsa mataa isaatiin murtii dirqisiisummaa hin qabne kennee beenyaan irra deebi'ee tilmamamee akka dhiyaatu gochuu fi kanfaltiin dabalataa haa kaffalamuuf jedhee murteessuun isaa aangoo isaan alatti waan ta'eef fudhatama hin qabu.

Kanaafuu himatni himattootaa murtii qaama seerummaa qabu bu'uureffate waan hin taaneef fudhatama kan qabu miti. Bu'uurra labsii lakk.455/97 kewt.11/1tiin beenyaa lafa baadiyyaa kamiyyuu ilaalchisee iyyannaan kan dhiyaatu qaama iyya-

ta dhaga'uuf ykn magaalota qaamni iyyannaa dhaga'u irratti hin hundoofne hanga beenya ilaalchisee iyyatni kan dhiyaatu Mana Murtii Idilee aangoo qabuuf ta'uun isaa tumamee jira. Himatamaan dogoggora kamiyyuu waan hin raawwanneef itti gaafatamummaan ni jira osoo jedhame illee ittigaafatamaa ta'uu kan qabu bulchiinsa aanaa Arsii Nageellee ti. Armaan dura himattootni tilmaama yeroo sana aanichaan hojjetame kan hin fudhanne yoo ta'e kanfaltii fudhatan deebisanii laficha akka lakkisnu xalaya guyyaaa 15/09/2012 kan beeksisne yoo ta'u, ammas gaaffiidhuma kana kan gaafannuudha jechuun deebiseera.

Deebiin akka armaan olii ta'ee manni murtii kunis kanumaan mormii sadaraka himatamaan kaase jal-murtii dhaddacha guyyaa 28/01/2012 oole kenneen kufaa godhee bitaa fi mirgi ijoo dubbii irratti akka falman ajajeera. Haaluma kanaan bakka bu'aan himattootaa falmii godheen himatamaan akkaataa shallaggii yeroo lammaffaa shallagameen kanfaluuf dirqama qaba. Sababiin isaatis shallaggiin jalqabaa seeraan ala ture.

Shallaggiin bu'uura labsii lakkoofsa 455/2005-miseensa nama shanii qindeessee erga shallagee fi bulchiinsa aanaatiin mirkanaa'ee booda lafti qotee bulaa irraa fudhatama. Dhimma kana irratti shallaggiin nama tokkoon hojjetame. Kan mirkanaa'es itti gaafatamaa waajjira lafaatiin qofa mirkanaa'e. Himattootni ergasii qaama mootummaa ilaallatutti iyyachaa turan. Booda bu'uura gaaffii isaaniitiin shallaggiin bu'uura seeraatiin koree nama shaniitiin shallagamee bulchiinsa aanaatiinis kan mirkanaa'e waan ta'eef himatamaan bu'uura shallaggii yeroo lammaffaa kanaan kanfaluuf itti gaafatamaa ta'a jechuun falmeera.

Bakka bu'aan himatamaa gama isaatiin himatamaan lafa fudhateef beenyaa kanfaleera. Kanas dhaabbatni keenya bulchiinsa aanaa Arsii Nageellee gaafatee waajjiri bulchiinsaa immoo waajjira lafaa aanichaaf barreessee waajjirichi immoo waajjiroota biroo akka MMD waliin ta'uun beenyaa shallaguun bulchiinsa aanaa Arsii Nageelleef ibsee bulchiinsi aanaa immoo nuuf ibsee nutis irratti waliigallee kanfalleerra. Kanaaf akkaataa seeraan kan shallagame dha.

Osoo rakkoo ni qaba jedhame illee bulchiinsi aanaa sirna hordofee raawwachuu dhabuu isaaf nuti itti hin gaafatamnu. Shallaggiin jalqabaa akkaataa seeraatiin shallagamuu dhabuu isaa ragaan dhiyeessan hin jiru. Shallaggiin duraa sirrii yoo hin taane yoo ta'es karaa seera jiruun iyyachuu qabu. Haalli itti irra deebi'amee shallagame illee Ejansiin buqqaatootaa dhimma aangoo isaa hin taane irratti waan ta'eef bu'uura seeraa hin qabu jedhee himannaan kufaa akka ta'uuf gaafateera.

Falmiin akka armaan olii ta'ee nutis kanumaan galmee keessa qoranneerra. Himatamaan lafa himattootaa sababa hojii misoomaaf fudhachuu hin falmisiisne. Beenyaan himataa tokkoffaaf qarshiin 504,177 fi himataa lammaffaaf qarshiin 251,342 kaffalamuufis kan falmisiise miti. Filmiin himattootaa beenyaan yeroos shallagamee nuuf kanfalame seera qabeessa waan hin taaneef bu'uura shallaggii ergasii hojjetameen hanga nuuf kanfalame irraa hir'ifamee nuuf haa kanfalamu kan jedhu dha. Falmiin himatamaa immoo beenyaan duraan shallagamee kanfalameeraaf waan ta'eef amma dabalata kanfaluuf itti gaafatamummaa hin qabu kan jedhu

dha. Kanaafuu ijooon dubbii dhimmichaa himatamaan bu'uurra shallaggii bulchiinsi aanaa irra deebi'ee shallageen garaagarummaa hafe kanfaluuf ittigaafatamaa ta'a moo miti? kan jedhu ta'a. Isa kana falmii bitaa fi mirgaa godhan ragaa galmee keessa jiruu fi seera ilaallatu waliin qoranneerra. Haaluma kanaan labsii dhimmichaafrogummaa qabu labsii lakkoofsa 455/97 waliin akka ilaalletti bu'uura labsicha keewwata 10(1) tiin lafti baadiyyaa dhimma dantaa uummataaf kan barbaadamu yoo ta'e qabeenyi achirra jiru aanichatti koree ogeesotaa dhimmichaaf dhiyeenya qaban nama shan gad hin taane shallagamuu akka qabu haala dirqisiisaa ta'een tumameera.

Ulaagaan kun tumaa seeraa yommuu shallaggiin taasifamu hordofamuu qabu yoo ta'u, ulaagaan kun garee lameenuu kan dirqisiisu dha. Dhimma qabanne kana irratti beenyaan himatamaan duraan kanfale haala seeraan kaa'ameen akka hin taane xalayootni galmee keessa jiran ni argasiisu. Kunis xalayaa bulchiinsa aanaa Arsii Nageellee gaafa 11/12/2009 barreesse, xalayaan Ejansiin Misooma Buqqaatota Oromiyaa damee kibbaa gaafa 19/04/2010 fi gaafa 28/08/2010 barreessee fi xalayaa bulchiinsi Godina Arsii lixaa gaafa 21/02/2010 barreesse hundinuu shallaggiin himatamaan irratti bu'uureffatee kanfaltii raawwate kan koree beenyaa tilmaamuuf aangoon kennameef hin tilmaamnee fi bulchiinsa aanaatiin hin mirkanoofne ta'uu waliigala shallaggii karaa seera qabeessaan taasifame akka hin taane kan agarsiisu dha.

Kana malees manni murtii dhimma kana waliin galmee ilaalamaa ture galmee lakkoofsa 287664 ta'e irratti dhimmi-

cha qulqulleessuuf waajjira bulchiinsa aanaa Arsii Nageellee gaafatee waajjirichi xalayaa lakkoofsa Bu/1630/2011 guyyaa 29/09/2011 barreeffameen tilmaamni beenyaa duraan taasifame hojjetaa waajjira lafaa fi itti fayyadama lafa baadiyaa aanaa Arsii Nageellee qofaan kan hojjetame ta'uu, tilmaamni lammaffaa immoo koree nama shan ogeessota Waajjira Bulchiinsa Aanaa, Waajjira Misoma Qonnaa Aanaa Arsii Nageellee, Waajjira Bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyaa, Waajjira Invastimantii Aanaa Arsii Nageellee fi Waajjira Maallaqaa fi Misoomaa Dinagdee irraa filatamaniin bu'uura labsichaan kan shallagame ta'uu ibsee jira.

Ragaan galmee keessa jiru kanfaltiin himatamaan armaan dura raawwate shallaggii bu'uura seeraan godhame bu'uureffatee akka hin taane argisiisa. Gama biraatiin himatamaan hanqinni adeemsa shallaggii kan uumame yoo ta'e illee rakkoo keenyaan osoo hin taane hanqina Bulchiinsa aanaa Arsii Nageelleetiin waanta'eefitti gaafatamummaa hin qabnu falmii jedhukaaseera.

Falmii kana tumaa seeraa olitti ibsame waliin yoo ilaallu akkaataa shallaggiin taasifamu ilaalchisee kan hojimaataan murtaa'u osoo hin taane seeraan haala dirqisiisaa ta'een kan tumame waan ta'eef himatamaan shallaggiin isaaf dhiyaate bu'uura labsii lakkoofsa 455/97-hordofee ta'uu mirkaneeffatee kanfaluu qaba ture. Haala kanaan kanfaltiin duraan raawwate shallaggii bu'uura seerri tumeen hojjetamee kanfale bakka ta'ee hin jirretti akka qaamni biraa qofti hojimaataan dogoggoretti falmiin kaase fudhatama kan qabu miti. Seerichi hundumaaf dirqisiisaa dha waan ta'eef beenyaa haalli seerri

jedhuun hin shallagamne akka ittisaatti kaasuu hin danda’u. Falmii biraa himatamaan shallaaggiin irra deebi’ee hojjetame bu’uura qajeelfama waajjirri Ejansii dhimma Hawaasummaa Misoomaaf kaafamuu oromiyaa damee kibbaa kenneen yoo ta’u, waajjirri kun immoo shallaggiin beenyaa akka irra deebi’ee shallagamu jechuuf kaayyoo ittiin hundeeffamee fi aangoo isaa waan hin taaneef shallaggiin murtii aangoo hin jirre bu’uureffatee taasifame bu’uura seeraa hin qabu kan jedhu ilaalchisee xalayaan Ejansichi gaafa 28/08/2010 barreesse bu’uura iyyaanoo himattootaa irra dhaabbachuun shallaggiin seeraan taasiifame waan hin jirreef dhimmicha irratti Bulchiinsi Aanaa Arsii Nageellee bu’uura aangoo labsiin kennameefiin akka ilaalee furmaata kennuuf gara bulchiinsa Aanaa Arsii Nageelleetti deebisuu isaa malee ofii murteessuu isaa kan argisiisu miti.

Bulchiinsi aanichaa immoo hanqina jiru ilaalee itti amanee koree bu’uura seeraan hundeesuun akka shallagamu kan godhe ta’uu xalayaa gaafa 21/11/2010 waajjira himatamaaf barreesse irraa ni hubatama. Xalayaan Ejansichi barreesse shallaggii amma koreen bu’uura seeraa hordofee shallage bu’aa kan dhabsiisu miti.

Gama biraan himatamaan lafa himattoota irraa fudhatameef koreen bu’uura seeraan hundaa’e qaboo yaa’ii guyyaa 19/10/2010 qabameen shallagee dhiyeesseera. Bu’uura tilmaama kanaan kan himataa tokkoffaa qarshii 975,686 fi kan himataa lammaffaa immoo qarshii 487,289.90 ta’uu ibsameera. Bulchiinsi aanichaa tilmaama koreen dhiyeesse kana mirkaneessuudhaan himatamaan akka kanfaluuf xalayaa guyyaa 21/10/2010 barreeffameen beeksisee jira. Himatamaan til-

maama koreen hojjete irratti karaa deemsa jiruun mormes hin jiru. Falmiin himatamaan kanfaltiin raawwadhee naaf deebi'ee lafa gadi lakkisa jedhus lafti himattoota irraa dantaa uummataaf jedhamee karaa bulchiinsa aanichaa fudhatamee waan jiruuf himatamaan lafa kan deebisu yoo ta'es bulchiinsa aanichaa waliin kan raawwachuu qabu malee kallattiidhaan dhuunfaan isaaniif deebisee qarshii naaf haa deebisan kan jedhu bu'uura seeraa hin qabu. Kanaafuu himatamaan shalaggii bu'uura seeraan taasifame kana kanfaluuf itti gaafatamummaa qaba jenneerra. Haaluma kanaan tilmaama koreen shallagee dhiyeesse irraa kan armaan dura himattootni fudhatan hir'ifamee kan himataa 1ffaa qarshii 471,509 (kuma dhibba afurii fi kuma torbaatamii tokkoo fi dhibba shanii fi sagal), kan himataa 2 ffaa qarshii 235,947.90 (kuma dhibba lamaa fi kuma soddonii shanii fi dhibba sagalii fi afurtamii torba) kanfaluuf itti gaafatamaa dha jennee murteessineerra.

Ajaja

1. Himatamaan himataa tokkoffaaf qarshii 471,509 (kuma dhibba afurii fi kuma torbaatamii tokkoo fi dhibba shanii fi sagal) akkasumas himataa 2ffaa qarshii 235, 947.90 (kuma dhibba lamaa fi kuma soddonii shanii fi dhibba sagalii fi afurtamii torba.90/100) haa kanfalu.
2. Durgoo abukaattoo %10 murtii kanaa himatamaan himattootaaf haa kanfalu. Kanfaltii abbaa seerummaa himattootni galmee kana irratti kanfalan qarshii 9,925 (kuma sagalii fi dhibba sagalii fi digdamii shan) himatamaan himattootaaf haa kanfalu.

3. Galmeen murtii waan argateef cufameera. Haa deebi'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa 3 hin dubbifamne ni qaba.

Lakk.G.303441
Guyyaa - 11/02/12

Abbootii Seeraa: Muhaammad Nuuree
Abdusalaam Sirraaj
Darajjee Fayyee
Bajigaa Kafanii
Abdullaahi Shaafii

Iyyataan-Tashoomaa Raayyaa
Waamamtootni: 1. Yashii Dagguu –dhaaltoonni Tasfaayee
Raayyaa faa n.3
2. Raayyaa Tulaashii
Galmees kana qorannee murtii kanaa gadii kannineerra.

Murtii

Galmeen kun dhaddacha ijibbataaf dhihaachuu kan danda'e iyyataan ammaa murtii manni murtii Aanaa Leemo fi Bilbiloo galmees lakk.35597 ta'een dhaddacha gaafa 05/11/10 ooleen kenne, manni murtii Ol'Aanaa Go/Arsii galmees lakk.81751 ta'e irratti dhaddacha gaafa 15/02/11 ooleen cimsuun kenne kun dogoggora bu'uurra seeraa kan qabu dha naaf haa sirraa'u jachuun iyyannoo gaafa 13/05/11 barreeffameen waan dhiheeffateefi dha.

Ka'umsi falmii kanaa mana murtii Aanaa irraa yoo ta'u, iyyataan (himataa) waamamtootni/himatamtoota/ dha. Falmiin falmii qabeenyaa fi qabiyyee yoo ta'u, iyyataan ammaa himannaa gaafa 06/09/10 barreessee mana murtii Aanaa Leemo fi Bilbilootti waamamtoota ammaa irratti dhiheesseen,

waamamtootni ammaa dura galmee lakk.32130 ta'e irratti yeroo qooddii qabeenyaa fi qabiyyee abbaa warraa irratti falmaa turan qabiyyee lafa qonnaa koo heektaara 1.184 mana qorqorroo baallee 50, geeshoo hundee 400, baargamoo hundee 800 ta'ee fi daangaan isaa murtii mana murtii Aanaa keessatti caqasamee jiru itti makanii irratti walfalmaa turanii anis bu'ura S/D/F/H/H. lak.41 iyyata dhiheesseen falmii jidduu galee ergan falmadhee booda akka keessaa naaf bahu murtaa'ee ani falmii keessaa bahee booda, falmiin haadhoon waamamtoota gidduutti akka itti fufu taasifame waamatuun lffaa himannaa ishii gaafa 14/06/10 yeroo fooyyeffatu amma illee qabiyyee fi qabeenya falmii keesaa naaf bahe kana itti maktee qabiyyee biraa falmii duraa keessa hin jirre lafa heektaara 0.976 ta'e daangaa isaa murtii mana murtii aanaa keessatti caqasame illee itti makuun irratti walfalmanii akka qixxee qooddatan murtaa'ee waan raawwatameef ani immoo qabeenyaa fi qabiyyee murtaa'ee kana irraa mirga dursaa waanin qabuuf murtiin qabeenyaa fi qabiyyee koo irratti kenname haqamee falmii keessaa akka naaf bahu naaf haa murtaa'u jechuun bu'uura S/D/F/H/H/ lak.421 kan jedhu dha.

Waamamtootni deebii gaafa 21/09/10 fi 30/09/10 adda addatti barreessanii dhiheessaniin, iyyataan ammaa dura falmii keessa galee murtiin erga kennamee raawwiin xumura argatee booda sababa mirga dursaa qaba jedhuun himannaa nu irratti dhiheessuu hin danda'u jachuun falmaniiru. Manni murtii Aanaa bitaa fi mirga falmisiisee murtii kenneen:iyyataan falmii amma dura waamamtoota jidduu galmee lakk.32130 ta'e irratti falmamaa ture bu'uu-

ra S/D/F/H/H/ lak.41 jidduulixummaan itti makamee falmee waan jiruuf falmii waamamtoota jidduu ture ni beeka. Kana malee dhimma waamamtoota jidduutti murtaa'e raawwiin xumura argatee jiru ilaalchisee himannaa haarawaa inni bu'uura S/D/F/H/H/ lak.421 dhiheesse deeggar-sa seeraa hin qabu jechuun kufaa taasisuun murteesseera.

Iyyataan ammaa murtii akkaataa kanaan kenname kana komachuudhaan komii ol'iyannoo Mana Murtii Ol'aanaa Godina Arsiitti yoo dhiheeffate illee komiin ol'iyannoo hin dhiheessisu jechuun bu'uura S/D/F/H/H/ lak.337tiin murteesseera.

Iyyataan ammaa illee murtiilee kana komachuudhaan iyyata ijibbaataaf dhiheesseen, qabiyyee fi qabeenya koo waamamtootni itti makanii irratti walfalmaa turanii anis jidduu galee akka keessaa naaf bahu falmadhee erga keessaa naaf bahee falmiin haadhoon isaan jidduutti akka itti fufu taasifamee booda waamamtuun ammaa himannaan fooyyeffadha jechuun himannaa fooyya'e keessatti qabiyyee fi qabeenya dura keessaa murtiin naaf bahee fi kan biraa dura falmii keessa hin jirre illee itti makuun irratti walfalmaa turanii akka qixxeetti qooddatan murtiin irra qubatee raawwiidhaan yoo xumura argate illee kana ta'uu osoon ani hin beekiin waan ta'eef himannaa haarawaa dhiheessuu wanti ana daangessu hin jiru; ammaan dura dhimma walfakkaataa ta'e dhaddachi ijibbaataa mana murtii waliigala fedaraalaa jiildii 12ffaa irratti galmee lakk.50835 ta'e irratti dhaddacha gaafa 16/02/03 ooleen dhimma murtiin irra qubatee raawwiin xumura argatee jiru irratti abbaan mirgaa, mirgi koo ana jalaa sarbameera jedhu himannaa haarawaa dhi-

heeffachuu ni danda'a jadhamee murteesse hiikaa dirqisiisaa kennee osoo jiruu, manneen murtii jalaa himannaa haarawaa dhiyeessuu hin dandeessu jechuun murtiin kennan dogoggora bu'uura seeraa waan ta'eef ana irraa diigamee bu'uura gaaffii kootiin qulqullaa'ee akka naaf murtaa'u jechuun gaafateera.

Dhaddachi kunis komee iyyannoo dhihaate, murtii manneen murtii jalaatiin kanname seera waliin ilaaluun dhimma murtiin irra qubatee raawwiin xumura argate ilaalchisee himannaan haarawaa dhiheesuun hin danda'amu jadhamee murtiin manneen murtii jalaatiin kenname seera-qabeessummaa isaa bakka bitaa fi mirgi jiranitti qulqulleessuuf ni dhiheessisa jechuun waamamtootni deebii akka itti kennan taasifamee, bu'uuruma kanaan deebii adda addatti gaafa 02/08/11 barreessanii dhiheesaniin, yeroo nuti waamamtootni walfalmaa turre iyyataan falmii keessa galee falmee jira. Falmii ture ni beeka; himannaan kan fooyya'e osoo murtiin hin kennamiin dura yoo ta'u, iyyataan falmii ture osoo beekuu erga murtiin kennamee raawwiin xumuramee booda bifa haarawaan qabeenyaa fi qabiyyee koo akka naaf gadi lakkisan jedhee himannaan dhiheesse fudhatama hin qabu jadhamee kufaa ta'uun isaa dogoggora hin qabu nuuf haa cimu jechuun falmaniiru.

Dhaddachi kunis komee iyyannoo dhihaate, deebii kennamee fi murtii manneen murtii jalaatiin kenname seera waliin qoranneerra.

Akka qorannetti qabiyyee fi qabeenya iyyataan mirga dursaa qaba murtiin waamamtoota jiddutti kennamee fi raawwiin xumura argatee jiru haqamee akka keessaa naaf bahu jadhee

gaafate fudhatama hin qabu jadhamee haalli kufaa itti taasifame deeggarsa seeraa ni qaba kan jedhu qabxii furmaata barbaadu ta'ee argameera.

Falmii bitaa fi mirgaa irraa akka hubachuun danda'amutti ammaan dura galmee lakk.32130 ta'e irratti yeroo waamamtootni qooddii qabeenyaa fi qabiyyee irratti walfalmaa turan iyyataan qabiyyee fi qabeenyi falmii ammaa kanaaf ka'umsa ta'e itti makanii irratti walfalmaa jiranii keessaa naaf haa bahu jechuun bu'uura S/D/F/H/H/ lak.41 jidduulixxummaan itti makamee falmaa turuu iyyataan mataan isaa hin haalle; kana jechuun falmii turee fi maal irratti falmamaa akka ture hubatee falmiitti makamee jadhamee ni yaadama.

Dhugaan jiru kana erga ta'ee, qabeenyaa fi qabiyyee kan koo ti jedhu yookaan mirga dursaan irraa qaba jedhu hunda walitti qabee akka falmii keessaa bahuuf yeruma sana gaafachuu osoo qabuu muraasa qofa akka keessaa bahuuf gaafate keessaa erga baheef booda falmiin waamamtoota jidduutti itti fufee murtii argatee raawwiidhaan erga qooddatanii booda bu'uura S/D/F/H/H/ lak.421 qabeenyaa fi qabiyyeen ani mirga dursaa itti qabu ergan falmii keessaa bahee booda himannaa fooyyeeffatanii itti makuun murtaa'eefi raawwiin qooddatan waan ta'eef murtiin isaan jidduutti kennamee turee fi raawwiin haqamee akka mirgi dursaa kootiin naaf murtaa'u jechuun himannaa haarawaa adeemsa seeraa malee dhihaate ta'uu manneen murtii jalaa hubatanii himannaa iyyataa kufaa taasisuun murteessuun isaanii hanqina kan qabu ta'ee hin argamne. Sababni isaa seerri iyyataan himannaa isaatiif bu'uu-

ra taasifate qabeenya raawwiin qabamee/dhorkame/ iyyataan dhorkaan akka irraa ka'uuf gaafate jalaa kufaa ta'ee osoo hin ta'iin bu'aa diiggaa gaa'elaa kan ta'e qooddii qabeenya abbaa warraa fi haadha warraa jidduutti taasifamee fi iyyataan mataan isaa jidduu lixee falmaa kan turee fi beeku waan ta'eefi dha.

Falmiin taasifamu tokko adeemsa seeraa eeggatee taasi-famuu/dhihaachuu/ qaba; falmiin faallaa adeemsa seeraa ta'een dhihaatu immoo deeggarsa seeraa waan hin qabneef fudhatama argachuu hin danda'u; osoo ta'ee illee iyyataan galmeedhuma waamamtootni irratti falmaa turan irratti kan dhihaachuu qabu malee hanga dhimma murtaa'e raawwiin xumura argatu eegee hin beekne ture jechuun iyyataan galmee haarawaa banuun murtiin waamamtoota jidduutti kenname akka haqamu haalli itti taasifamuu danda'u waan hin jiraannee fi galmee adda addaa irratti yoo murtaa'e immoo murtii walitti bu'u kennamuu waan danda'uuf raawwiin isaa illee rakkisaa waan ta'uuf deeggarsa seeraa hin qabaatu.

Walumaagalatti bu'uura olitti murtii keessatti ibsameen falmii dura waamamtoota jidduu ture iyyataan bu'uura S/D/F/H/H/ lak.41 jiddulixummaan falmee keessaa bahee fi beeku erga waamamtoota jidduutti murtiin xumuraa kennamee raawwiidhaan xumura argatee booda sababa qabiyyee fi qabeenya waamamtoota jidduutti murtaa'ee raawwiidhaan qooddatan irraa mirga dursaa qaba jedhuun himannaa bifa haarawaan iyyataan waamamtoota irratti dhiheesse deeggarsa seeraa hin qabu jechuun kufaa taasisuun murtiin manneen murtii jalaatiin kenname dogoggora seeraa

isa bu'uraa dhaddacha kanaan sirraa'u hin qabu jenneerra.

Ajaja

1. Murtiin manni murtii Aanaa Leemoo fi Bilbiloo galmee lakk.35597 ta'een dhaddacha gaafa 05/11/10 ooleen kennee fi murtiin manni murtii Ol'aanaa Go/Arsii galmee lakk.81751 ta'e irratti dhaddacha gaafa 15/02/11 ooleen cimsuun kenne bu'ura S/D/F/H/H/ lak.348/1/tiin cimeera.
2. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaa haa dhaqqabu jenneerra.
3. Galmeen kun murtii dhumaa waan argateef mana galmeet-ti haa deebi'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa 5 hin dubbifamne ni jira.

Lakk. Galmee. 309210

Guyyaa - 27/01/2012

Abbootii Seeraa: - Muhaammad Nuuree

Fayyisaa Tolasaa

Darajjee Mangistuu

Fiqiruu Guutamaa

Ayyaanaa Toliinaa

Iyyataan: -Obbo Mulaalem Baay'isaa (hin dhihaanne)

Waamamaan: -A/Alangaa Naannoo (hin dhihaanne)

Galmee qorannee Murtii armaan gadii kennineerra.

Murtii

Galmeen saaqamee murtii argachuu kan danda'eef iyyannoo iyyataan gaafa 18/7/2011 barreessuun dhiyeessan ka'umsa godhachuun yommuu ta'u, komichis murtii manni murtii waliigalaa Oromiyaa dhaddachi dhaabbii Lixaa lakk. galmee 217039 ta'erratti dhaddacha gaafa 10/7/2011 ooleen kenne ilaalchisee kan dhiyaate dha.

Dhimmichi kan eegale mana murtii Ol'aanaa Godina Wal-lagga Bahaatti yommuu ta'u, himannaan yakkaa iyyataarratti dhiyaates himannaa lamaa dha. Haaluma kanaan qabiyyeen himannaa: Iffaan iyyataan seera yakkaa bara 1996 bahe keewwata 27/1/ fi 540 irra darbuudhaan namoota yeroof miliqan waliin ta'uudhaan namootni yeroon miliqan miidhamaa fuuldura goruun qabnaan iyyataan immoo cuubeedhaan mar'ummaan miidhamaa waraanees jigseera kan

jedhu dha. Himannaa 2ffaa jalattis iyyataan tumaa seera yakkaa walfakkaataarra darbuudhaan haaluma himata 1ffaa jalatti ibsameen miidhamaa dhuunfaa kan biraa cuubeedhaan garaa isaarra waraanee mar'ummaan erga jigseen booda dugdasaarras waan waraaneef himannaa lamaanuu jalatti yakka yaalii ajjeechaa raawwateera jechuun himatame.

Iyyataanis jecha amantaa fi waakii jalatti kenneen miidhamtootni cuubeen na waraanuuf jennaan of irraa faccise jedheera. Manni murtii olaanaas ragaa erga dhaga'een booda murtii kenneen iyyataan miidhamtoota dhuunfaa lamaanuu cuubeen waraanee mar'ummaan jigsuun mirkanaa'era jechuun himannaa lamaanuu ilaalchisee murtii balleessummaa tumaa Seera Yakkaa keewwata 555 jalatti kennuun iyyataa hidhaa waggaa torbaa fi baatii lamaan adabeera. Kanumaan abbaan alangaa murtiin balleessummaa keewwata 555 jalatti kennamuu hin qabu jechuudhaan mana murtii waliigalaatti ol'iyyatee manni murtii waliigalaas erga ilaalee booda himannaa lamaanuu ilaalchisee murtii balleessummaa keewwata 27/1/ fi 540 jalatti kennamuu qaba jechuun iyyataa hidhaa waggaa 18 tiin adabeera.

Iyyataanis murtii manni murtii waliigalaa haala kanaan kenne komachuun komiisaa dhaddacha kanatti kan dhiyeeffate yemmuu ta'u, ijoon komiisaas gabaabinaan gochaa yeroo tokkicha nama tokkoon raawwatame tokko lamatti qooduun himachuun sirrii miti; adabbiin kennames madaalawaa miti kan jedhu dha. Galmeen mari'atamee ni dhiyeesisa waan jedhameef waamamaan deebii gaafa 19/9/2011 barreeffameen kan dhiyeesse yommuu ta'u, ijoon dub-

bichaas murtii fi adabbiin kenname sirrii waan ta'eef murtiin mana murtii jalaa akka nuuf cimuu jechuun gaafateera. Gabaabinaan achii as dhufaatiin dhimmichaa kan armaan olitti ibsame yommuu ta'u, nutis komii fi deebii dhiyaate haala armaan gadiitiin qoranneerra.

Iyyataan ofirraa ittisuufan gochaa eerame raawwadhe jedhullee kanuma waan hin mirkaneeffannef manni murtii ol'aanaa illee murtii balleessummaa kenneera. Murtii balleessummaa manni murtii ol'aanaa kenne ilaalchisee iyyataan komii mana murtii waliigalaa Oromiyaatti kan dhiheeffate waan hin jirreef ijoon ilaalamuu qabu gochi iyyataan raawwate jedhame tumaa seera yakkaa keewwata 27/1 fi 540 jalatti kufa moo? hin kufu? Kan jedhu dha. Haaluma kanaan iyyataan kan raawwate jedhame cuubeedhaan mar'ummaan miidhamtoota dhuunfaa lamaanii jigseera kan jedhu dha. Gochaan kun immo yommuu ilaalamu yaalii ajjeechaa kan jedhamuu danda'u waan ta'eef manni murtii waliigalaa murtii balleessummaa keewwata 27/1/fi 540 jalatti kennuun isaa sirrii ta'ee argama.

Falmii iyyataan himannaan lama anarratti dhiyaachuu hin qabu jechuun kaasees yommuu ilaalamu iyyataan cuubeedhaan namoota adda addaa lama mar'ummaan isaanii waraanees jigsuun isaa gochaa garaagaraa lamaan mirga namoota adda addaa kan sarbe waan ta'eef akkaataa tumaa seera yakkaa keewwata 60 (A) tiin himannaa lama irratti hundaa'uun isaa sirrii dha jennee komii inni gama kanaan dhiheeffate kufaa goonee bira darbineerra.

Bu'uuruma kanaan gochaa yakkaa kan walitti aansee raawwateen mirga namoota lamaa kan sarbe waan ta'ef murtiin balleessummaa himannaa lamaaniifuu keewwata 27/1/ fi 540 jalatti kennamuun isaa sirrii dha jenneerra.

Miidhaa dhaqqabe ilaalcha keessa galchuun murtii manni murtii waliigalaa Oromiyaa kenne adabbii qofa fooyyessuudhaan kan armaan dura iyyataan hidhamee shallageefii gulantaa 34ffaa jalatti iyyataan hidhaa cimaa waggaa 15tiin akka adabamu murteessineerra.

Ajaja

1. Murtii manni murtii waliigalaa oromiyaa dhaddachi Lixaa Lakk. galmee 217039 ta'erratti dhaddacha gaafa 10/07/2011 ooleen kenne adabbii qofaa fooyyessuun murteessineerra.
2. Manni Amala Sirreessaa Godina Wallagga Bahaa akkaataa adabbii fooyya'ee murtaa'e kanaatiin akka raawwachiisuuf haa barreeffamuuf. Garagalchi murtii kanaas iyyataa karaa mana sirreessaa haa dhaqqabu.
3. Galmeen cufameera. Mana galmeetti haa deebi'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa 5 kan hin dubbifamne ni qaba.

Lakk. Galmee - 300032

Guyyaa - 18/10/2011

Abbootii Seeraa: - Muhaammad Nuuree

Masfiin Geetaachoo

Ashannaafii Raggaasaa

Abdullaahii Shaafii

Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyataan: Dhaabbata Qaxxaamuraa Di'oodarii

Waamamaan: Fireewu Gazzahaanyi

Galmeen qorannoof bule. Qorannee murtii armaan gadii ken-
nineerra.

Murtii

Galmeen kun banamee dhiyaachuu kan danda'eef iyyataan iyyata gaafa 26/3/2011 barreeffameen murtii Manni Murtii Aanaa Collee lakkoofsa galmee 21248 ta'e irratti dhaddacha gaafa 19/10/2010 ooleen kenne akkasumas murtii Manni Murtii Ol' aanaa Godina Arsii lakkoofsa galmee siivilii 81365 irratti dhaddacha gaafa 7/3/2011 ooleen kenne dogoggora bu'uura seeraa waan qabuuf akka naaf sirratu jechuun waan gaafateefi dha.

Ka'umsi dhimma kanaa Mana Murtii Aanaa irratti waamamaan ammaa iyyataa ammaa irratti himata waan dhiyeesseefi dha. Himatni dhiyaates gabaabinaan kan jedhu osoon hojii iyyataa ammaa hojjechaa jiruu sababa balaan hojii irratti ana irra gaheen baasii mana yaalaa, baasii geejjibaa, baasii mana yaalaa gara fuulduraatti na barbaachisuu fi sababa balaa kanaan galiin gara fuulduraatti dhabuu fi beenyaa hamilee walumaagalatti qarshii

878,853 / kuma dhibba saddetii fi kuma torbaatamii saddetii fi dhibba saddetii fi shantamii sadii / iyyataan ammaa akka naaf kanfalu jechuun waamamaan ammaa waan gaafateefi dha. Deebii iyyataan ammaa dhiyeessee tures gabaabinaan mormii sadarkaa duraa adda addaa kaasuudhaan balaan dhaqqabuu osoo hin haaliin baasii adda addaa waamamaan ammaa gaafatee ture garuu seera qabeessa akka hin taane, beenyaan kan herreegamuu qabu labsii hojjetaa fi hojjechiisaan akka ta'e baasii yaalaa fi baasii geejjibaa iyyataan ammaa ofiif waan kanfaleef itti gaafatamummaa akka hin qabne, akkasumas miidhaan gahe hanga himata irratti ibsame akka hin taane bal'inaan ibsuun deebii kennee ture.

Manni Murtii Aanaa bitaa fi mirga falmisiisuun dhimmicha ragaan qulqulleeffadheera jechuun iyyataan ammaa walumaa-galatti qarshii 206,965 / kuma dhibba lamaa fi kuma jahaa fi dhibba sagalii fi jaatamii shan / waamamaa ammaaf haa kanfalu jechuun murteessee ture. Manni Murtii Ol'aanaas murtii Mana Murtii Aanaa kana cimsuun murteessee jira.

Iyyannoon amma dhiyaates murtii Manneen Murtii jalaa haala olitti ibsameen kennan dogoggora seeraa isa bu'uuraa ni qaba jechuun jijjiirsisuuf kan dhiyaate dha. Iyyatni dhiyaates gabaabinaan kan jedhu, beenyaan kan herreegamuu qabu Labsii Hojjetaa fi Hojjechiisaan osoo ta'uu qabuu seera hariiroo hawwaasaan herreguun dogoggora dha. Baasii yaalaa fi baasii geejjibaa kan iyyataan ofiif kanfale ta'ee osoo jiruu akkasumas baasii yaalaa gara fuulduraa jechuun murtiin kenname bu'uura seeraa kan qabu miti; galii gara fuulduraa jedhamee kan mur-

taa'es bu'uura seeraa kan qabu miti. Kana waan ta'eef dogoggorri manneen murtii jalaa nuuf sirratee beenyaan akka labsii Hojjetaa fi Hojjechiisaatti akka herregamuu kan jedhu dha.

Dhaddachi Ijibbaataa kunis iyyata dhiyaate murtii Manneen Murtii jalaa waliin qoratee dhimmoota tokko tokko qulqulleesuuf iyyatni kun ni dhiyeessisa jedhee waamamaan deebii akka kennu bu'uura ajajeen waamamaan deebii gaafa 16/8/2011 barreeffame dhiyeesseera. Deebiin dhiyaate kunis gabaabinaan kan jedhu, falmiin dhiyaate waa'ee dogoggora bu'uura seeraa waan hin taaneef kufaa akka nuuf ta'u. Manneen murtii jalaa miidhaa ana irra gahuu fi sababa kanaan baasiin baasee fi beenyaa galiin gara fuulduraatti dhabu ragaadhaan qulqulleessanii naaf murteessan waan ta'eef iyyatni iyyataa kufaa naaf ta'ee murtiin manneen murtii jalaa akka naaf cimu kan jedhu dha.

Seenaan dhufaatii dhimma kanaa fi falmiin dhaddacha kanatti dhiyaate gabaabinaan kan olitti ibsame yoo ta'u, dhaddachi Ijibbaataa kunis galmee kana kallattii iyyata dhiyaaten qorateera. Akka qoratettis, murtii manneen murtii jalaa kennan dogoggora bu'uura seeraa kan qabu dha moo mitii? kan jedhu ilaalleerra. Haaluma kanaan dhimmicha yoo ilaallu jalqaba irratti dhimmi kun seera Hariiroo Hawwaasaatiin moo labsii Hojjetaa fi Hojjechiisaan ilaalamuu qaba? Kan jedhu yoo ilaallu, waamamaan hojjetaa dhaabbata iyyataa ta'ee osoo jiruu hojii irratti kan balaan irra gahe ta'uu sadarkaa kanatti dhimma falmisiisaa akka hin taane galmee keessaa hubanneerra. Hojjetaan tokko osoo hojii isaa irra jiruu yoo balaan irra gahe sababa balaa dhaqqabeen beenyaa gaafachuu kan danda'u

bu'ura labsii Hojjetaa fi Hojjechiisaa irratti tumameen akka ta'e labsii hojjetaa fi hojjechiisaa lakkoofsa 377/96 keewwata 95 fi kan itti aananii jiran irraa hubachuun ni danda'ama.

Haalli addaa hojjetaan hojii irratti balaan irra gahe seera biroon beenyaa gaafachuuf isa dandeessisu labsii kana keewwata 96/3/ irratti kan ibsame yoo ta'u, kunis sababa balleessaa hojjechiisaan balaan kun kan dhaqqabe yoo ta'e hojjetaan seerota biroon beenyaa gaafachuu kan danda'u ta'uu kan ibsu dha. Dhimma amma ofi harkaa qabnu irratti garuu balaan dhaqqabe sababa balleessaa iyyataan ta'uu falmiin dhiyaates ta'e firiin dubbii mirkanaa'e hin jiru. Himatni dhiyaate miidhaan sababa balleessaa hojjechiisaan kan dhaqqabe ta'uu hanga hin ibsinetti immoo beenyaan dhimma kanaa kan tilmaamamuu qabu bu'ura Labsii Hojjetaa fi Hojjechiisaan malee seera biroon miti. Manneen Murtii jalaa dhimma kana labsii hojjetaa fi hojjechiisaan ilaaluu osoo qabanii isa kana gochuu dhiisuun adeemsi itti murtii kennan adeemsa dogoggora bu'ura seeraa of keessaa qabu waan ta'eef sirrachuu qaba jenneerra.

Beenyaan sababa miidhaa dhaqqabeen kanfalamuu qabuu fi kan hojjetamuu qabu Labsii Hojjetaa fi Hojjechiisaatiin malee seera Hariiroo Hawwaasaatiin erga hin taanee immoo beenyaa kana tilmaamuuf jalqaba gosa miidhaa waamamaa irra gaheera jedhame adda baasuun barbaachisaa ta'ee argama.

Sababni isaas miidhaa hojii irratti dhaqqabu ilaalchisee bu'ura labsii Hojjetaa fi Hojjechiisaa lakkoofsa 377/96 keewwati 99 /2/ jalatti gosi miidhaa hojii irratti dhaqqabu miidhaa qa-

amaa yeroo gabaabaa, miidhaa qaamaa dhaabbataa guutuu fi miidhaa qaamaa dhaabbataa gamisaa ta'uu akka danda'u kan tumameeru yoo ta'u, haalli itti hangi beenyaa isaa herregamus adda adda akka ta'e labsiidhuma kana keewwata 109/3/ irraa hubachuun kan danda'amu yoo ta'u, gosa miidhaa, miidhaa qaama dhaabbataa guutuu fi miindaan hojjetaa kan waggaa 5 / shaniin/ baay'ifamee kan kanfalamu yoo ta'u, miidhaa qaamaa dhaabbataa gamisaaf immoo hangi olitti ibsame kun hanga hir'ina miidhaa qaamaa dhaqqabbeen baay'isuun kan kanfalamu akka ta'e tumaa labsii kana irraa hubachuun ni danda'ama.

Tumaalee seeraa olitti ibsaman kana gara dhimma ofi harkaa qabnuutti yoo fidnu, waamamaa irra miidhaan qaamaa dhaabbataan %15 kan irra gahe yoo ta'u, kun immoo bu'uura labsii olitti ibsame keewwata 101/1/n gosi miidhaa waamamaa irra gahe miidhaa qaamaa dhaabbataa gamisaa waan ta'eef beenyaan iyyataaf kanfalamuu qabu miindaa isaa waggaa tokkoo 5/shan/iin basay'isuun hanga argame immoo hanga hir'ina qaamaa dhaqqabbeen baay'isuun kan kanfalamu ta'a jechuu dha.

Miindaan ji'aa waamamaa qarshii 2000 /kuma lama/ ta'uu sadarkaa kanatti falmisiisaa miti. Haala kanaan beenyaan waamamaaf kanfalamuu qabu $2000 * 12 * 5 * .15 =$ qarshii 18, 000 / kuma kudha saddeet/ iyyataan waamamaaf kanfalu qaba jenneerra. Manneen murtii jalaa dhimma kana irratti murtii kennaniin beenyaan seera kamiin akka ilaalamu sababa seera qabeessaan osoo adda hin baasiin akkasumas gosa miidhaa dhaqqabee fi hanga miidhaa dhaqqabee adeemsa seera qabeessaan osoo hin hojjetiin adeemsi

itti beenyaa herregan dogoggora bu'ura seeraa waan qabuuf haala olitti ibsame kanaan sirrachuu qaba jenneerra.

Gama birootiin falmii kana keessatti iyyataan baasii Mana Yaalaa fi baasii geejibaa kan danda'e dhaabbata keenya muummee CGCOC dhaabbata jedhamu dha malee waamamaa miti kan jedhu ilaalchisee haala waliigala falmichaa fi falmii iyyataas akka ilaalletti, iyyataan Dhaabbata mataa ofi danda'e ta'ee falmii dhaabbata CGCOC tu kanfale jechuun dhiyeessu iyyataan dhaabbata kanaaf falmuuf bakka bu'uu isaa ykn dhaabbatni jedhame kun falmii keessa seenuu isaa wanti agarsiisu waan hin jirreef falmii iyyataan gama kanaan dhiyeesse fudhatama hin qabu jennee kufaa gooneerra.

Baasiin Mana yaalaa gara fuulduraa bu'ura seeraa hin qabu jechuun falmii iyyataan dhiyeesses ilaalchisee waamamaan amma illee kan fooyya'e ta'uu fi hordoffiin yaalaa kan isa barbaachisu ta'uu akkasumas hanga baasii yaalaaf barbaachisuus qaama dhimmi ilaalu irraa qulqullaa'ee kan murtaa'e malee waamamaan guutummaa guutuutti kan fayye ta'uu isaa waan hin agarsiisneef iyyata iyyataan gama kanaan dhiyeesses kufaa gooneerra. Baasii geejibaa tilmaama sammuutiin murtaa'uu hin qabu jechuun falmii iyyataan dhiyeesses yoo ilaallu manneen murtii jalaa bu'ura aangoo isaaniiif kennameen isa kana raawwachuu seerri daangessu waan hin jirreef falmii gama kanaan dhiyaates kufaa goonee jirra.

Waa'ee beenyaa hamilee ilaalchisee Labsii Hojjetaa fi Hojjechisaa irratti dhimma hin hammatamne waan ta'eef gaaffiin been-

yaa hamilees kufaa ta'uu qaba ture jenneerra. Walumaagalatti, Kanfaltiin waamamaa ammaaf kaffalamuu qabu, baasii yaalaa waamamaan hanga ammaatti baase qarshii 73,045 / kuma torbaatamii sadii fi qarshii afurtamii shan/, baasii yaalaa gara fuulduraa barbaachisa jedhame qarshii 50,000/ kuma shantama/, beenyaa haala labsii Hojjetaa fi Hojjechiisaan hojjetame qarshii 18,000/ kuma kudha saddeetii/ fi gatii geejibaa qarshii 3000/ kuma sadii/ =qarshii 144,045 / kuma dhibba tokkoo fi kuma afurtamii afurii fi qarshii afurtamii shan/ ta'uu qaba jenneerra. Sababoota olitti ibsamaniif, murtiin manneen murtii jalaa dhimma kana irratti kennan murtii gamisaan dogoggora bu'uura seeraa irratti raawwatame dha jennee ajaja armaan gadii kennineerra.

Ajaja

1. Murtii Manni Murtii Aanaa Collee lakkoofsa galmee 21248 ta'e irratti dhaddacha gaafa 19/10/2010 ooleen kenne akkasumas murtii Manni Murtii Ol'aanaa Godina Arsii lakkoofsa galmee sivilii 81365 ta'e irratti dhaddacha gaafa 7/3/2011 ooleen kenne bu'uura seera deemsa falmii sivilii keewwata 348/1/ ajajuun fooyyessineerra.
2. Iyyataan bu'uura murtii amma fooyya'e kanaan qarshii 144,045 / kuma dhibba tokkoo fi kuma afurtamii afurii fi qarshii afurtamii shan/ waamamaaf haa kanfalu jenneerra.
3. Baasii fi kisaaraa dhaddacha kanatti bahe bitaa fi mirgi of haa danda'an. Baasii fi kisaaraa Manneen murtii jalaatti bahe ilaalchisee ajajni Mana Murtii Aanaa hin jijjiiramne.
4. Garagalchi Manneen Murtii jalaa haa qaqqabu. Manni

Murtii Aanaa bu'ura murtii fooyya'e kanaan haa raawwachiisu. Dhorkaan yoo jiraate ka'eera.

5. Galmeen cufameera. Mana galmeetti haa deebi'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa 5 kan hin dubbifamne ni qaba.

Lak.Galmee – 288860

Guyyaa – 10/03/2012

Abbootii Seeraa: Kaasahuun Guuttataa

Jamaal Kadir

Muhaammad Jimaa

Ol'iyyattoonni: - 1. Alii Urmeelee

2. Waariyoo Galgaloo - dhiyaateera

3. Badhuu Dabbasoo (Qancoruu)

4. Baggajjaa Jaldeessaa

5. Haphii Masqalii

Karaa Viidyoo dhiyaatan

6. Caaccuu Halgeeyyo (Halakkee)

7. Galgaloo Jaarraa

Deebii Kennaan: -A/A Naannoo

Galmee kana qorannee murtii kanatti aanu kennineerra.

Murtii

Murtii kanaaf ka'umsa kan ta'e komii murtii Manni Murtii Ol'aanaa Godina Booranaa galmee lakk.14567 ta'e irratti dhaddacha gaafa 29/09 /2011 ooleen kenne komachuun kan dhiyaate dha. Falmiin mana murtii jalaa gabaabumatti, himannaa lama A/alangaa godina Booranaa gaafa guyyaa 11/06/2011 lakk. 06133 tiin dhiyeesseen kan eegalame dha.

Himatni 1ffaan S/Y bara 1996 bahe kewt.32-1-A fi 671-1-A-bira darbuun himatamtootni jalaa ol'iyyattoonni 1ffaa, 2ffaa, 3ffaa fi 4ffaan ammaa miiltoowwan isaanii waliin ta'uudhaan badhaadhina isaaniif hin malle ofiif yokiin nama birootiif

argamsiisuuf jedhanii gaafa 06/04/2011 guyyaa keessaa tilmaamaan sa'aa 11:00 yoo ta'u, Godina Booranaa Aanaa Taltallee Magaalaa Miillaammii ganda 01 iddoo addaa Ollaa Burjii jedhamutti kan argamu dallaa mana jireenyaa miidhamaa dhuunfaa Muhaammad Duulaa jedhamu keessatti himatamaan 1ffaa jalaa kilaashii cabsataa rasaasa nyaachisuun ol'iyyattoonni 1ffaa, 2ffaa, 3ffaa fi 4ffaa waliin ta'ee balbala dallaa lukaan dhiitee keessa seenuun sodaachisee qabeenya miidhamaa dhuunfaa loon sadii kan bifti isaanii himannaa irratti ibsamee fi akka waliigalaatti tilmaamni isaanii qarshii 24,000 (kuma digdamii afur) ta'ee humnaan waan offataniif yakka saamichaa cimaa raawwataniin himatamaniiru kan jedhu dha.

Himatni 2ffaan immoo S/Y bara 1996 bahe kewt.32-1-A fi 671-1-A- bira darbuun himatamtootni jalaa ol'iyyattoonni 1ffaa, 2ffaa, 5ffaa, 6ffaa fi 7ffaan ammaa miiltoowwan isaanii waliin ta'uudhaan badhaadhina isaaniif hin malle ofiif yookiin nama birootiif argamsiisuuf jedhanii gaafa 08/04/2011 guyyaa keessaa tilmaamaan sa'aa 5:00 yoo ta'u, Godina Booranaa Aanaa Taltallee Magaalaa Miillaammii Ganda 01 iddoo addaa Ollaa Burjii jedhamutti kan argamu dallaa mana jireenyaa miidhamaa dhuunfaa Muhaammad Duulaa jedhamu keessatti baangaa fi billaa qabatani ol'iyyataan 1ffaan jalqaba dallaa keessa yoo seenu miltoowwan isaanii himatamtootni 3ffaa fi 4ffaan mana murtii jalaa fi ol'iyyattoonni 5ffaa, 6ffaa fi 7ffaa ammaa waliin seenuun qabeenya miidhamaa dhuunfaa loon sadii kan bifti isaanii himannaa irratti ibsamee fi akka waliigalaatti tilmaamni isaani qarshii 37,000 (kuma soddonii torba) ta'e humnaan waan ooffataniif yakka saam-

ichaa cimaa raawwataniin himatamaniiru kan jedhu dha.

Manni Murtii Ol'aanaa Godina Booranaa ragaa bitaa fi mirgaa erga caqaseen booda ol'iyyatootni ofirraa hin ittifne jechuun ol'iyyatootni 1ffaa fi 2ffaan hidhaa cimaa waggaa 14 (kudha afuriitiin), ol'iyyatootni 3ffaa fi 4ffaan adabbii hidhaa cimaa waggaa jahaa fi baatii jahaatiin (waggaa 6 fi baatii jaha), ol'iyyattoonni 5ffaa, 6ffaa fi 7ffaa adabbii hidhaa cimaa waggaa 9 (sagali) tiin adabee jira. Ol'iyyatootni ammaa murtii kana komachuun komii isaanii mana murtii kanatti dhiheeffatanii jiru. Komiin dhiyaatee akka waliigalaatti yommuu cuunfamu: -1ffaa, yakka namootni biroo raawwataniittiin qabaman hordoffii waajjirra Bulchinsaa fi Nageenyaa Aanaa Taltalleetiin namootni loon kana fudhatan waliin qabamanii miidhamaa dhuunfaa itti waamuudhaan qabeenya kana kan deebise ta'uu xalayaa gaafa 25/06/2011 barraa'een kan ibsee fi namootni yakka kana raawwatan nuyi akka hin taanee fi namoota biroo ta'uu ibsee osoo jiruu dhimma nu hin ilaallanneen nu adabuun nu komachiiseera.

Gocha yakkaa ittiin himatamne raawwachuu keenya bu'uurra himannaa dhiyaateen ragaan seeraa waan nurratti mirkaneesse hin qabu. 2ffaa, jechi ragaa namaa A/Alangaa kan walfaallessuu fi dhugummaa gocha kanaa raawwachuu keenya nurratti hin mirkaneessine. 3ffaa, ragaan ittisaa keenya kan namaa fi barreeffamaa yakka ittiin ballessaa taasifamnee kana raawwachuu dhabuu keenya haala ijoo dubbii qabsii-fanneen nurraa ittisee jira. 4ffaa, adabbiin nurratti kennames taanaan kaayyoo adabbii ilaalcha keessa kan hin galchine,

haala dhuunfaa keenyaa kan hin xiinxallee fi bu'uura qajeelfama adabbiitiin kan nurratti hin kennamne dha kan jedhu dha.

Manni murtii kunis komii dhiyaatee fi galmee mana murtii jalaa qorachuun erga dhiyeessisee booda A/Alangaa yaada akka kennu taasifamee jira. Bu'uuruma kanaan A/Alangaa yaada barreffamaan gaafa 02/03/2012 kenneen, ragaan mana murtii jalaatti dhiyaate yakka ittiin himataman kana ol'iyattootni gareen ta'anii meeshaa waraanaa, baangaa fi billaa qabachuun guyyaa garaagaraatti raawwachuu fi gocha kanaanis guyyaa lamaan walitti loon miidhamaa jaha humnaan saamuu ibsaniiru. Loon bade kana keessaa korma diimaa qe'ee ol'iyyataa 5ffaa keessatti hidhamee argamu fi yeroo ragootni A/Alnagaa dhaqqaban ol'iyyataa 6ffaan qalaa jiraachuu isaa ibsaniiru. Ragaan barreeffamaa waajjira daldalaa irraa dhiyaates tilmaama dhiyaateen ragaa namaa deeggaruun mirkaneesseera.

Gama biraatiin, ragootni ittisaa ol'iyattootaa dhiyaatanii jecha kennaniin erga yakkichi raawwatamee booda miidhamtootni yakki saamichaa waan isaan irratti raawwatameef akka hordofamuuf waan gaafataniif hordofamee loon iddoo biraatti argamu ibsan malee guyyaa, sa'aa fi iddoo yakki raawwatamee it qaamaan argamuun gochi kun raawwatamuu dhabuu waan hin mirkaneessineef isaan irraa hin ittifne. Murtiin balleesummaa fi adabbii Manni murtii jalaa kennes sirrii waan ta'eef bu'uura SDFY kewt.195-2-B-tiin nuuf haa cimuu jedhaniiru. Manni murtii kunis komii ol'iyattootni dhiyeesan, galmee mana murtii jalaatti hojjatamee fi yaada A/Alangaa irraa mana murtii kanatti kenname akkasumas falmii taasifamee irratti

hundaa'uun erga galmeen qoratamee booda ijoo 1ffaa. gocha ittiin himatamne raawwachuu keenya nurratti hin mirkanoofne jechuun komiin ol'iyattootni dhiyeessan ragaa fi seeraan kan deeggaramedhaa? 2ffaa. gochiraawwatameef S/Ykewt.32-1-A- fi 671-1-A- jalatti balleessaa jedhamuun sirrii dhaa? Adabbiin hoo? Kan jedhu qabamee galmees mana murtii jalaatti hojjatame, ragaa fi seera waliin akka armaan gadiitti xiinxallee jirra.

Ijoo 1ffaa irratti, himatamtootni jalaa ol'iyattootni ammaa qabeenya loon miidhamaa dhuunfaa Muhaammad Duulaa guyyaa lama itti deddeebi'anii meeshaalee garaagaraa kan akka billaa fi baangaan akkasumas sodaachisuun kan saaman ta'uu jechi ragoota A/Alangaa ni mirkaneessa. Loon kun kan saamame ta'uu ol'iyattootnis ijoo waakkatan miti. Falmiin isaan kaasan nuyi miti nama biraati kan jedhu dha.

Haa ta'u malee, miidhamaa dhuunfaa dabalatee ragootni A/ Alangaa ol'iyattootni gocha saamiichaa kana raawwachuu isaanii mirkaneessaniiru. Ragaan ittisaa ol'iyattootaa gama biraatiin nuti gocha kana hin raawwanne loon kun nama biraa biratti argamee miidhamaaf deebi'ee jira haa jedhan malee, guyyaa fi yeroo himannaa irratti ibsameetti iddoo sanatti argamanii gocha kana raawwachuun isaanii kan miirkanaa'ee fi ragaan ittisaas kan irraa hin ittifne waan ta'eef komiin gama kaanaan kaasan fudhatama kan qabu miti jennee kufaa goonee jirra.

Ijoo 2ffaa ilaalchisee, gochi himatamtootni jalaa ol'iyattootni ammaa raawwatan gocha saamichaa haa ta'u malee, saamichi kun meeshaa waraanaa fi qara qabuun sodaachisuun kan raaw-

watame dha. Gochi kunis garee yakka saamichaa raawwachuuf hundaa'een kan raawwatame ta'uu isaa ragaan agarsiisu hin jiru. Gocha saamiichaa raawwatame kanaanis miidhaan qaamaa dh-aqqabee hin jiru. Kun ta'ee bakka jirutti gocha kana akka yakka saamichaa cimaa S/Y kewt.671-1-A- jalatti balleessaa jechuun sirrii miti. Sababni isaas, ulaagaan yakka saamichaa cimaatiif seera yakkaa kewt.671-1-A- jalatti ibsamee yakkichi garee yakka raawwachuuf hundaa'een kan raawwatame yoo ta'ee dha.

Ol'iiyyattootni yakka kana gareedhaan ta'anii haa raawwatan malee gareen kun yakka raawwachuuf kan hundaa'e ta'uu isaa ragaan dhiyaate hin jiru. Kun ta'ee bakka jirutti manni murtii jalaa ol'iiyyattoota keewwata 671-1-A- jalatti balleessaa jechuun hanqina kan qabuu dha jenneerra. Kanaafuu, gochi saamichaa himannaa lamaan irratti ol'iiyyattootni raawwatan ulaagaa S/Y kewt.671-1- A- hin guutu jennee bu'uura SDFY kewt.113tiin gara keewwata 670tti jijjiirree, ol'iiyyattootni S/Y bara 1996 bahe keewwata 32-1-A- fi 670 bira darbuun balleessaa qabu jennee sagalee guutuun murteessinee jirra.

Adabbii ilaalchisees, ol'iiyyattootni 1ffaa, 2ffaa, 3ffaa fi 4ffaan himannaa 1ffaadhaan S/Y bara 1996 bahe keewwata 32-1-A- fi 670 bira darbuun balleessaa kan jedhaman dha. Keewwatni kun adabbii hidhaa cimaa waggaa kudha shan hin caalleen kan adabsiisu yommuu ta'u, akkaataa qajeelfama adabbii 2/2006-tiin yakki kun gulantaa fi sadarkaan kan baheefi dha. Bu'uuruuma kanaan, tilmaamni qabeenya saamamee qarshii 24,000 (kuma digdamii afur) yommuu ta'u, yakki kunis meeshaa waraanaa qabachuun fi sodaachisuun kan raawwatame waan

ta'eef sadarkaa 4ffaa fi gulantaa 17ffaa jalatti kan kufu dha. Gulantaan 17ffaan immoo gabatee adabbii hidhaa jalatti hidhaa waggaa sadii fi ji'a sadii hanga hidhaa waggaa sadii fi ji'a kudha tokkoo adabsiisa. Manni murtii kunis adabbii ka'umsa hidhaa waggaa sadii fi ji'a sadiin akka adabaman jennee jirra. Ol'iiyyattootni 1ffaa fi 2ffaan himannaa lamaan kan balleessaa jedhaman sababa ta'eef yaadni adabbii salphisuu fi cimsu bakka tokkotti kan ilaalamu ta'a.

Ol'iiyyattootni 3ffaa fi 4ffaa ilaalchisee yaadni adabbi cimsu ka'e hin jiru. Yaadni adabbii salphisu tokko kan mana murtii jalaatiin fudhatame akkuma jirutti qabamee adabbiin gulantaa tokkoon salphateegaragulantaa 16ffaattigadisiqeejira. Gulantaan 16ffaan immoo adabbii hidhaa waggaa sadii hanga waggaa sadii fi ji'a sadii adabsiisa. Manni Murtii kunis ol'iiyyattoota 3ffaa fi 4ffaa adabbii hidhaa waggaa sadiin akka adabaman murteesseera.

Himannaa 2ffaa irratti, ol'iiyyattootni 1ffaa, 2ffaa, 5ffaa, 6ffaa fi 7ffaan S/Y bara 1996 bahe keewwata 32-1-A- fi 670 bira darbuun balleessaa kan jedhaman dha. Keewwatni kun adabbii hidhaa cimaa waggaa kudha shan hin caalleen kan adabsiisu yommuu ta'u, akkaataa qajeelfama adabbii 2/2006-tiin yakki kun gulantaa fi sadarkaan kan baheefi dha. Bu'uuruma kanaan, tilmaamni qabeenya saamamee qarshii 37,000 (kuma soddonii torba) yommuu ta'u, yakki kunis meeshaa qara qabu qabachuunii fi sodaachisuun kan raawwatame waan ta'eef akkaataa qajeelfama adabbii keewwata 17tiin sadarkaa 4ffaa fi gulantaa 17ffaa jalatti kan kufu dha. Gulantaan 17ffaan immoo gabatee adabbii hidhaa jalatti hidhaa waggaa sadii fi ji'a sadii

hanga hidhaa waggaa sadii fi ji'a kudha tokkoo adabsiisa.

Manni murtii kunis adabbii ka'umsa hidhaa waggaa sadii fi ji'a sadiin akka adabaman jennee jirra. Ol'iiyyattootni 1ffaa fi 2ffaan himannaa lamaan kan balleessaa jedhaman sababa ta'eef yaadni adabbii salphisuu fi cimsu bakka tokkotti kan ilaalamu ta'a. Adabbii himannaa 1ffaa fi 2ffaa yakka dachaa waan ta'eef bu'uura S/Y kewt.60-a-tiin akkaataa S/Y kewt.184(1B) tiin kan walitti ida'amu dha.

Adabbiin ka'umsaa himannaa lamaan yoo walitti ida'amu hidhaa waggaa jahaa fi ji'a jahaa ta'a. Adabbiin kun immoo gabatee adabbii hidhaa miiltoo 1ffaa jalatti yommuu ilaallu gulantaa 22ffaa jalatti kufa. Yaadni adabbii cimsu kan hin kaane fi yaadni adabbii salphisu immoo tokko waan jiruuf adabbiin gulantaa tokkoon salphatee gulantaa 21ffaa jalati ta'a. Gulantaan 21ffaan immoo adabbii hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa jahaa adabsiisa.

Manni Murtii kunis ol'iiyyattoota 1ffaa fi 2ffaa ni barsiisa fakkaattoota isaaniis ni akeekkachiisa jechuun adabbii hidhaa cimaa waggaa shaniitiin tokkoon tokkoon isaanii akka adabaman sagalee guutuun murteessineerra. Ol'iiyyattoonni 5ffaa, 6ffaa fi 7ffaa ilaalchisee himannaa 2ffaadhaan S/Y bara 1996 bahe keewwata 32-1-A fi 670 bira darbuun ballessaa kan jedhamani dha. Bu'uuruma kanaan, tilmaamni qabeenya saamamee qarshii 37,000 (kuma soddonii torba) yommuu ta'u, yakki kunis meeshaa qara qabu qabachuunii fi sodaachisuun kan raawwatame waan ta'eef akkaataa

qajeelfama adabbii keewwata 17tiin sadarkaa 5ffaa fi gulantaa 19ffaa jalatti kan kufu dha. Yaadni adabbii cimsu ka'ee hin jiru. Yaadni adabbii salphisu tokko kan mana murtii jalaatiin fudhatame akkuma jirutti qabamee adabbiin gulantaa tokkoon salphatee gara gulantaa 18ffaatti gadi siqee jira. Gulantaan 18ffaan immoo adabbii hidhaa waggaa sadii fi ji'a torbaa hanga waggaa afurii fi ji'a afurii adabsiisa. Manni murti kunis ol'iiyyattoota 5ffaa, 6ffaa fi 7ffaa tokkoon tokoon isaanii adabbii hidhaa waggaa sadii fi ji'a torbaatiin akka adabaman murteesseera. Walumaagalatti, ol'iiyyattotni 1ffaa, 2ffaa, 3ffaa fi 4ffaan himannaa 1ffaadhaan S/Y bara 1996 bahe keewwata 32-1-A- fi 670 bira darbuun akkasumas, ol'iiyyattootni 1ffaa, 2ffaa, 5ffaa, 6ffaa fi 7ffaan himannaa 2ffaadhaan S/Y bara 1996 bahe keewwata 32-1-A- fi 670 bira darbuun murtii balleessaa qabu jennee sagalee guutuun murteessineerra.

Haaluma kanaan, ol'iiyyattootni 1ffaa fi 2ffaan hidhaa cimaa waggaa shaniitiin, ol'iiyyattootni 3ffaafi 4ffaan hidhaa cimaa waggaa sadiitiin akkasumas ol'iiyyattootni 5ffaa, 6ffaa fi 7ffaa immoo hidhaa cimaa waggaa sadii fi ji'a torbaatiin akka adabaman jennee murtii Manni Murtii Ol'aanaa Godina Booranaa galmee lakk. 14567 ta'e irratti dhaddacha gaafa 29/09 /2011 ooleen murteesse hanqina kan qabu waan ta'eef bu'uurra SDFY kwt.195-2-B-tiin sagalee guutuun fooyyessineerra.

Ajaja

1. Garee komii qabuuf ol'iiyyatni mirga dha.
2. Murtii Manni Murtii Ol'aanaa Godina Booranaa galmee lakk. 14567-ta'e irratti dhaddacha gaafa 29/09 /2011 oo-

leen murteesse hanqina kan qabuu dha jennee bu’uura SDFY kwt.195-2-B-tiin sagalee guutuun fooyyessineerra.

3. Ol’iyyattootni 1ffaa fi 2ffaan adabbii hidhaa cimaa waggaa shaniitiin akka adabaman murteessineerra.

4. Ol’iyyattootni 3ffaa fi 4ffaan adabbii hidhaa cimaa waggaa sadiin akka adabaman murteessineerra.

5. Ol’iyyattootni 5ffaa, 6ffaa fi 7ffaan adabbii hidhaa cimaa waggaa sadii fi ji’a torbaatiin akka adabaman murteessineerra.

6. Manni Sirressaa Godina Booranaa akkaataa adabbiitiin haa raawwachiisu.

7. Garagalchi murtii garee barbaaduuf haa kennamuuf.

8. Garagalchi murtii mana murtii jalaa haa dhaqqabu.

9. Galmeen murtii waan argateef cufameera. Mana galmeetti haa deebi’u.

Mallattoon Abbootii Seeraa 3 kan hin dubbifamne ni qaba.

Lakk.Galmee 304311
Guyyaa 11/02/2012

Abbootii Seeraa: - Muhaammad Nuuree
Fayyisaa Tolasaa
Darajjee Mangistuu
Fiqiruu Guutamaa
Ayyaanaa Toliinaa

Iyyataan: Obboo Araggaa Mallasaa -
Waamamtuun: Addee Faakiyaa Mulaatuu -
Galmee kana qorannee murtii armaan gadii kennineerra.

Murtii

Galmeen kun dhaddacha ijibbaataa kanaaf dhiyaachuu kan danda'eef iyyataan iyyannoo gaafa 04/06/2011 barreessee dhiyeesseen Murtii Manni Murtii Aanaa Mattuu lakk. galmee 22258 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 16/08/2010 ooleen kenne Manni Murtii Ol'aanaa Godina Iluu Abbaa Boor lakk.galmee 31908 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 28/09/2010 ooleen Murtii Mana Murtii Aanaa Qabeenya amma falmiif ka'umsa ta'e kana irratti diiguu Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhaabbii Lixaa lakk. galmee 216388 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 28/05/2011 ooleen Murtii Mana Murtii Ol'aanaa diiguun Murtii Mana Murtii Aanaa waan cimseef dogoggora seeraa isa bu'uuraa ni qaba jechuudhaan akka sirratuuf waan gaafateefi dha.

Ka'umsi dhimmichaa himannaa himataan jalaa (iyyataan ammaa) himatamtuu (waamamtuu ammaa) irratti

qoodinsa qabeenya bu'aa diiggaa gaa'eelaa irratti dhiyeesseen waamamtuun ammaa himata qaxxaamuraa dhiyeesiteen himataa harka qabeenyi gaa'eela keessatti horanne FSR lakk. gabatee 3-48487 ta'e qarshii Baankii Awaash irraa Mana jireenyaa Magaala Mattuu 01 fi Mana Invastimantii Magaala Mattuu keessatti argamu qabeenya waliinii keenya wabummaan qabsiifnee liqeeffanneen bitanne maqaa mucaa keenyaa Andu'aalam Araggaa galmeeffanne waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa maqaa mucaa keenyaan baafanne tilmaamni isaa qarshii 1,700,000,00 baasu waan qabnuu fi akkasumas galii isaa ji'a Adoolessaa bara 2008 hanga ammaatti kophaa isaa qabatee jiru qixxeetti akka naaf qoodu kan jedhu dha.

Iyyataan ammaas gama isaatiin deebii laateen konkolaataan jedhame ji'a tokko qofa akka hojjeteen gaaraajii galee ji'a tokkoof dhaabbachaa erga tureen booda bu'uuruma bakka bu'ummaa naaf kennameen otuma gaa'eelaan jirruu ji'a Muddee bara 2009tti gurgureen jira.

Waliigaltee gurgurtaa immoo Ejansii Geejiba Magaalaa Sab-bataa irraa qulqullaa'uu ni danda'a. Galii konkolaataa kanaa hanga ji'a Sadaasaa bara 2009tti waliin fayyadamnee sana booda immoo galii galchee hin qabu. Dabalataan Liqii Baankii Awaash nurra jirruu fi fuula duratti kanfalamu qarshii 367,650.00 akka waamamtuun ammaa qooddattu jechuun deebiseera.

Manni Murtii aanaa qabeenya kana irratti ragaa bitaa fi mir-gaa dhaga'uun akkasumas Iidaa Baankii Awaash otoo hin kanfalamiin hafe qulqulleeseen booda konkolaataan falmii

kaase iyyataan ofiin gurguruu kan ragaan ibsee fi ofinis falmii afaanii osoo iyyatni (himatni) hin fooyya'iin falme irratti qarshii 1,400,000.00 gurguruu waan amaneef walakkaatti qarshii 700,000.00 akka ishee qoodu, idaa liqaa Baankii sana osoo hin kanfalamiin hafee fi idaawwan biroo immoo waamamtuun ammaa walakkaa isaa akka kanfaltu jechuun murtii laateera.

Iyyataan ammaa murtii kana komachuudhaan mana murtii ol'aanaa dhaqu innis ni dhiyeessisa jedhee bitaa fi mirga falmiiseen booda konkolaataan falmiif sababa ta'e ilaalchisee konkolaataan kan gurgurame ta'uun isaa ragaan kan qullullaa'e ta'ee osoo jiruu qabeenyaan gaa'eela keessatti gurguramee gaa'ila keessatti faayidaa maatiif akka ooletti kan tilmaamamu ta'ee ol'iyyataan tilmaama seeraa kanatti fayyadamaa ta'ee jiru bakka deebii kennituun qarshii konkolaataa kun itti gurgurame guutuun isaa ykn gamisni ol'iyyataa harka jiraachuu isaa ragaan hin hubachiifnetti manni murtii jalaa qarshii kana faayidaa maatiif oolchuu isaa hin mirkaneessine.

Waamamtuun gurgurtaa konkolaataa kanaatiif hayyama ishee hin kennine jechuudhaan maallaqa konkolaataan kun itti gurgurame ol'iyyataan amanee walakkaa isaa qarshii 700,000.00 haa kanfalu jechuun murtiin kenname sirrii miti haala jedhuun murtii mana murtii aanaa qabeenya kana ilaalchisee kenne qooduufi hin qabu jechuudhaan bu'uura SDFHH lakk.348(1)tiin diigee jira.

Waamamtuun ammaa gama isheetiin murtii Mana Murtii Ol'aanaa kana komachuudhaan Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa yoo dhaqxu innis ni dhiyeessisa jedhee bitaa fi

mirga falmisiiseen booda iyyataan ammaa himannaa duraa irratti konkolaataa kana qarshii 1,400,000.00 akk gurguree fi idaan kan kanfalame ta'uu amanee yoo falmu , otoo dhugumaan idaa Baankii qarshii 900,000.00 kanfalee jiraatee idaarraa kan hafu qarshii 500,000.00 akka ta'u malee idaan qarshii 256,582.17 ta'u dhufuu akka hin qabaanne fi waamamtuun ammaa idaa baankii qarshii 367,650.00 akka qooddattu barruun hin gaafatu ture. Dabalataanis himata fooyya'e irratti Mana Murtii aanaatti falmii afaanii irratti konkolaataa qarshii 575,000.00n gurgure jedhuu fi Mana Murtii Ol'aanatii fi mana murtii kanatti immoo qarshii 1,400,000.00 jedhee falmii waldhahu dubbate kana yoo ilaalamu dhuguma idaaf akka hin oolchine kan hubatamu dha.

Himannaa tarree qabeenyaa gaafa 29/03/2010 irratti fooyya'ee dhiyaate irratti waa'ee konkolaataa kanaa wanti falmii kaase hin jiru. Mana Murtii kanattis dhiyaatee idaarraa kan hafe qarshii 265,000.00 himattuuf kanfaleera kan jedhu yaada haaraa dhiyeessee jira.

Kana yommuu ilaallu yeroo adda addaa yaada adda addaa dhiyeessuun falmii jijjiiraa kan jiru dha. Iyyataan konkolaataa kana gurguruu isaa erga mirkanaa'eefii idaa liqaaf oolchuu isaa ibsee dirqamni mirkaneessuu isarra jira malee waamamtuurra miti haala jedhuun kanaa fi kan biroo bal'inaan kaasuun Murtii Mana Murtii Ol'aanaa diigee kan Mana Murtii Aanaa Cimseera. Iyyataan ammaas murtii kanaa fi kan Mana Murtii Aanaa komachuudhaan iyyata guyyaa 04/06/2011 barreesseen yoo ibsu, Konkolaataan falmiif ka'umsa ta'e Mudde bara 2009 otoo gaa'eelaan jirruu kan gurguramee fi gaa'eelli nu jid-

duu jiru kan diigame gaafa 13/03/2010 ta'ee osoo jiruu fi akkaataa Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Fedaraalaa jiidii 5ffaa lakk.galmee 27697 ta'e irratti hiikoo kennameef faayidaa maatiif akka ooletti kan lakkaawamu ta'ee osoo jiruu fi faayidaa maatiif kan hin oolle ta'uu mirkaneessuuf dirqamni isheerra kan jiru ta'ee osoo jiruu gar-tokkee akkan kanfalu murtiin natti laatame dogoggora seeraa isa bu'uuraa ti. Gama biraatiin liqii Baankii Awaash nurra jiru qarshii 900.000.00 keessaa qarshii kun kanfalamee qarshii 256,582.00 kan nurratti hafe ta'ee osoo jiruu Manni Murtii Aanaa Liqii kun hundi isaa akka hin kanfalmnetti fudhachuu isaa fi Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaaa kana mirkaneessuun isaa dogoggora kan jedhuu fi kan biroo kaasuun murtiin Mana Murtii Aanaa fi Mana Murtii Ol'aanaan kenname akka cimuu gaafateera.

Dhaddachi kunis ni dhiyeessisa erga jedheen booda waamamtuun deebii akka itti laattu godhamee isheenis deebii guyyaa 11/07/2011 laateen konkolaataan kuni fedhaa fi beekumsa koo malee anii fi inni bakka mana keessatti waldhabnee jirrutti bakka bu'iinsa mucaa keenyaan dabarfameen kan gurgurame dha. Idaa Baankiif kanfale yaa jedhu malee kanfaluu isaa hin mirkanoofne. Qabeenya kanas fedhaa fi beekumsa koo malee kan gurgure waan ta'eef jiidii 5ffaa irratti murtii manni murtii waliigalaa Fedaraalaa kenne kana kan ilaallatu miti kan jedhuu fi kan biroos bal'inaan kaasuun murtiin mana Murtii Waliigalaa Oormiyaa fi mana murti Aanaa kennan akka Cimuuf gaafattee jirti.

Falmiin ture gabaabumaan kan armaan olii kana yommuu ta'u, dhaddachi kunis tokko tokkoon seera rogummaa qabu wali-

in galmee kana qoratee jira. Falmiin inni guddaan iyyataan ammaa kan jechaa jiru konkolaataan falmiif ka'umsa ta'e kun gaa'eela keessatti waan gurgurameef faayidaa gaa'eela keessatti kan oole jedhamee tilmaamni seeraa fudhatamuu otoo qabuu bira darbamuun akka qixxeetti qoodamu jedhamuun isaa sirrii miti kan jedhu dha. Waamamtuun ammaa immoo idaa Baankiif erga kanfaleen jira jedhee kan agarsiisuu qabu isa malee ana miti haala jedhuun kan kaasaa jirtu dha.

Kana irraa kaanee ijoo seeraa deebi'uu qabu qabeenya gaa'eela keessatti gurgurame kun faayidaa bultoo oole jedhamee tilmaamni seeraa fudhatamuu ni qaba moo miti? qabxiin jedhu deebii argachuu kan qabu dha. Akkuma beekamutti gaa'eela keessatti qaama tokkoon yaa ta'uu ykn waliin qabeenyi yeroo gaa'eelli mirkanaa'ee jirutti gurguramee jiraate faayidaa gaa'eela sanaatiif oolee jira jedhamee tilmaamni seeraa kun fudhatamuu ni danda'a ta'a.

Falmii kana keessaa wanti qulqullaa'e qabeenyi kun gaa'eela keessatti gurguramuu isaa kan waakkatame miti. Qabeenya socho'aa tokko immoo akkaataa seera maatii Oromiyaa kwt.84 (B) tti tilmaamni isaa qarshii 500 ol ta'e gareen tokko kophaa isaa gurguruu akka hin dandeenye seerri kun ni akeekachiisa. Iyyataan ammaa garuu konkolaataa kana kophaa isaa akka gurgure falmii keessaa ni hubatama. Kana jechuun immoo ka'umsarraa iyyuu iyyataan ammaa waamamtuu ammaa qabeenya guddaa kana kophaa isaa gurguruun madda wal dhabiinsaa ta'ee akka tures falmii ture keessaa kan hubatamu dha. Kanaan walqabatees deebii guddaa kan barbaadu

iiyataan ammaa yommuu qabeenya kana gaafatamu falmiir-rattis ta'ee himata fooyyeeffatee dhiyeesse irratti yaada garaagaraa kennuun ala maallaqa konkolaataan ittiin gurgurame gubbaatti illee yaada adda addaa kan kenne dha. Dabalataan immoo konkolaataa kana gurguree idaa Baankiif akka kanfalettis kaasee jira. Waamamtuun ammaa gaa'eela keessatti akka hin fayyadamne yommuu kaaftu inni fayyadamuu isaa ibsee garuu fayyadamni isaa idaaf akka kaffalametti dha.

Kana irraa kaanee yommuu xiinxallu idaaf kanfalame ergaa jedhame idaan sun kaffalamuu isaa agarsiisuu kan qabu iyyataa ammaa ti malee waamamtuu ammaatti miti. Sababni isaas idaan inni kanfaleef jedhe qaama ragaa qabatamaa ta'e biraa argamuu fi mirkanaa'uu dha malee qilleensa irratti tilmaama sammuutiin kan fudhachiisu miti. Iyyataan ammaa idaafan oolche ergaa jedhee ragaa qabatamaa fidee agarsiisuun isarraa kan eegamu malee akkanumatti tilmaama seeraa jira jechuun waamamtuu ammaa qofarratti gatuun haqa qabeessa ta'ee hin argamne.

Konkolaataan gatii inni itti gurgurame jedhamee fi idaa Baankii yoo ilaalamus idicha cufee kan irraa hafu dha. Amma kan hubatamaa jiru immoo idaan Baankii ammallee akka jiru dha. Kanaan walqabatee yommuu ilaallu iyyataan ammaa gara malee tilmaama seeraatti fayyadamuuf akka barbaade kan agarsiisu dha malee falmii inni gegeeddaraa jirurraa yommuu hubatamu faayidaa waliiniitiif akka hin oolle kan agarsiisu dha. Kanaafuu Murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa fi Mana Murtii Aanaatiin kenname yommuu haqummaan isaa waliin ilaallu dogoggora seeraa

isa bu'uuraa miti dogoggora seeraatuu hin qabu jenneerra.

Ajaja

1. Murtii Manni Murtii Aanaa Mattuu lakk. galmee 22258 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 16/08/2010 ooleen kennee fi Murtii Manni Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhaabbii Lixaa lakk. galmee 216388 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 28/05/2011 ooleen kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan hin qabaanneefuu bu'uura SDFHH lakk. 348(1) tiin cimeera.
2. Murtiin Mana Murtii Aanaa fi Waliigalaa Oromiyaa cimuu isaa akka beekaniif murtiin kun garagalee Mana Murtii jalaaf yaa ergamuuf.
3. Baasii fi kisaaraa dhaddacha kanaa iyyataan ammaa waamamtuu ammaaf kutiin qarshii 1000.00 (kuma tokko) yaa kanfaluuf jenneerra.
4. Dhorki galmee kana irratti kenname yoo jiraate ka'eera.
5. Galmee cufnee jirra. Mana galmeetti yaa deebi'u.

Mallattoon Abbootii 5 hin dubbifamne ni qaba.

Lak.Galmee - 306666
Guyyaa - 25/10/2011

Abbootii Seeraa: - Muhaammad Nuuree
Abdusalaam Sirraaj
Bajigaa Kafanii
Taaddasaa Qana'ii
Ayyaanaa Toliinaa

Iyyatootni: 1. Dajanee Nugusee
2. Galatuu Lammaa
3. Fiqaaduu Dinguu
4. Indaashaawu Sisaay

Waamamaan: Warshaa Gogaa Hooraa Itti gaafatamummaan
isaa murtaa'e,
Galmee kana qorannee Murtii kanatti aanee jiru kennineerra.

Murtii

Dhimmi kun dhaddacha kanatti dhiyaachuu kan danda'e,
sababa iyyatootni murtii Manni Murtii Ol'aanaa Godi-
na Shawaa Bahaa galmee lakk.54687 ta'e irratti dhadd-
acha guyyaa 26/06/2011 ooleen kenne dogoggora seer-
aa isa bu'uuraa ni qaba jechuun komii iyyannoo gaafa
guyyaa 23/07/2011 barreeffamee dhiyeessaniini dha.

Falmii kanaaf ka'umsi himannaa iyyatootni ammaa gaafa
guyyaa 12/03/2011 barreeffame Mana Murtii Aanaa Lum-
meetti waamamaa ammaa irratti dhiyeessaniin: iyyataan
1ffaa gaafa guyyaa 16/05/2010, iyyataan 2ffaa gaafa guyyaa
18/08/2010, iyyataan 3ffaa gaafa guyyaa 16/05/2010 fi

iiyayaan 4ffaa gaafa guyyaa 12/10/2010 irraa eegaluun ji'aan qarshii 500 (dhibba shan) argachaa waliigaltee hojii ji'a sadii sadiin haaromsamuun gita hojii sheevingii guyyaatti gogaa 900 (XL-L), googa 1100(M-S) bu'uura waliigalteen hojjecha osoo jirruu,dhaabbatni waamamaa waliigalteen ala bahuun akkaataa isin ajajuun hojjedhaa jechuun waliigaltee hojii addaan kutee jechuun; miindaa osoo hin kanfalamiin hafe akka kanfalu, bu'uura labsii lakk.377/96tiin kanfaltii tajaajila hojii, yeroo akeekkachiisaa, adabbii, beenyaa miindaa baatii jahaa fi kan boqonnaa akka kanfaluuf kan gaafatani dha.

Waamamaan deebii gaafa guyyaa 24/03/2011 barreeffamee Mana Murtii Aanaatti kenneen: hojiin waliigalteen ala bahuudhaan dabalataan hojjechiifne hin jiru malee, osoo dhuuma hojii dabalataa hojjechiifne illee kanfaltii gaafachuu qabu malee hojii gatani deemu hin qaban. Iyyattootni ammaa gaafa guyyaa 02/03/2011 waliigaltee keenya alaa hojii dabalataa dhaabbatni waamamaa nuuf kennee waan jiruuf hin hojjennu jechuun hojii kan dhaaban ta'ee; Warshaanis waajjira Hojjataa fi Hawaawwasumaa Bulchiinsa Magaalaa Mojoof gabaasa taasisee, koreen waajjirichaa iddoo hojiitti gaafa 03/03/2011 fi 04/03/2011 dhiyyatanii erga irratti mari'atamee booda, iyyattootni hojii hojjetaa gaaffii mirga akka dhiyeesan sababa kanaan hojii dhaabuun isaanii seeran ala akka ta'ee fi hojii jalqabuuf waliigalamee hanga guyyaa 10/03/2011tti gara hojiitti deebi'uu waan didaaniif bu'uura labsii lakk. 377/96 keewwata 27(1b)tiin guyyaa shanii oliif hojiirraa waan hafaniif waliigalteen hojii akkaataa seeraan addaan cite.Waliigalteen qaxarii isaanii baay'inaa hojii hir'isuuf bu'uura labsichaa

keewwata 10(1C)tiin yeroo murtaa'eef kan raawwatame waan ta'eef osoo waliigalteen hojii seeran ala addaan cite jedhame illee miindaa hanga kontiraataa waliif mallaateesinne qofa kanfaluuf dirqama qabna.Kanfaltii mindaa fi mindaa walqabatee jiru iyyattootni batalumatti akka fudhataan ibsameef fudhachuu kan didaan waan ta'eef kanfaluuf itti gaafatamumma hin qabnu.Kanfaltiileen biroos bu'uura seeraa hin qabu; boqonnaa waggaa itti fayyadamaniiru jechuun deebiseera.

Manni Murtii Aanaa Lumee galmee lakk. 85269 ta'e irratti falmii fi ragaa bitaa mirgaa erga dhagahee booda, dhaddacha guyyaa 09/05/2011 ooleen waliigaltee hojii giduu isaanii jiru kan diige waamamaadha waan ta'eef waliigalteen hojii seeraan ala addaan cite jechuudhaan, mindaa ji'a afurii(4) mataa mataan iyyattootaaf kanfalee hojiitti akka deebisu,miindaa hojjetanii osoo hin kanfalamiin hafe qarshii 1666,66 akka kanfalu. Hojiitti deebi'uu kan hin barbaadne yoo ta'e immoo bu'uura labsii lakk. 377/96 keewwata 35 fi 44(yeroo akeek-kachisaa),40(kanfaltii tajaajilaa,43(beenyaa) fi boqonnaa waggaa dabalatee waamamaan haa kanfaluuf jechuun murteesseera.

Waamamaan Murtii Mana Murtii Aanaatiin kenname koma-chuudhaan ol-iiyannoo Mana Murtii Olaanaatti ol-iiyatee, Manni murtichaas dhiyeessisuun falmii bitaa mirgaa erga dhagahee booda, waamamaan ammaa iyyattoota hojiirraa kan gaggeesse haala seeraan ala ta'eeni dha. Waliigalteen isaan gidduu jiruus waliigaltee yeroo murtaa'eef sababa baay'inaa hojitiin raawwatame waan ta'eef waamamaan miindaa hanga yeroo waliigaltee xumuramuutti jiru iyyataa 1ffaa qarshii 4666.6,

iiyataa 2ffaaf qarshii 9166.66, iiyataa 3ffaaf qarshii 4333.33, iiyataa 4ffaaf qarshii 7833.33, kanfaltii boqonnaa, baasii fi kisaaraa kan mana murtii Aanaatti murtaa'ee, durgoo abukaatoo qarshii 5000 dabalatee haa kanfaluuf jechuun murteesseera.

Iyyannoon kunis Murtii Mana Murtii Ol'aanaatin kenname komachuun kan dhiyaate ta'ee ijoo komii isaaniis waliigalteen baay'inaa hojii hir'isuuf kan raawwatame ta'uu ragaan agarsiisu hin jiru; waliigaltee ofiin qopheesse kan nu mallatteesise waan ta'eef yeroo murtaa'eefi dha jedhamu hin qabu. Murtiin Mana Murtii Ol'aanaa dogoggorra seeraa isaa bu'uura ni qaba jedhamee kan mana Murtii Aanaa nuuf haa cimuu kan jedhu dha.

Dhaddachi qorannoo duraas qabxiin qulqullaa'u ni jira jechuun waamamaan deebii akka kennu ajajee deebii gaafa guyyaa 21/09/2011 barraa'een; waliigalteen hojii iyyattootaa fi warshaa gidduu jiru baay'inaa hojii hir'isuuf, yeroo murtaa'eef qofa waliigaltee raawwatame dha. Iyyattootni ofiin hojii dhiisaniis deeman waan ta'eef murtiin mana murtii Ol'aanaa dogoggorra seeraa isa bu'uura hin qabu jechuun deebiseera. Ka'umsi falmii kanaa, murtiin manneen murtii jalaa fi falmiin bitaa mirgaa kan armaan olii ta'ee; galmee keessa qorannee akka ilaaletti ijoo dubbii furmaata argachuu qabu: waliigalteen hojii walfalmitoota gidduu jiru waliigaltee baay'inaa hojii hir'isuuf taasifame dha jedhamuun isaa seera qabeessa dha moo?, miti? kan jedhu dha.

Iyyattootni ammaa falmii manneen murtii jalaa fi dhaddacha kanatti gaggeessaa jiraniin Warshaa waamamaa keessatti wal-

iigaltee ji'a sadii sadiin haroomfamuun ji'aan miindaa qarshii 5000niin hojjetaa osoo jirruu seeraan ala waliigaltee hojii addaan kute jechuun falmaa kan jiran ta'ee, waamamaan gama isaatiin waliigalteen hojii addaan kan cite sababa iyyattootni hojii dhiisanii deemaniif dha; waliigalteen hojii baay'inaa hojii hir'isuuf waliigaltee taasifame, waliigaltee yeroo murtaa'e dha jechuun falmaa kan jiru ta'uun hubbatameera.

Manneen murtii jalaa lamaanitti waamamtootni seeraan ala hojiiira kan gaggeeffaman ta'uun firii dubbii ragaan qulqullaa'ee murtaa'ee fi komiin irratti hin dhiyaane dha. Haa ta'u malee, waliigaltichi kan yeroo murta'eef baay'ina hojii hir'isuuf taasifame dha moo miti? qabxii jedhu irratti ejennoo adda addaa qabataniiru. Bu'uura labsii lakk. 377/96 keewwata 9tiin waliigalteen hojii kamiyyuu waliigaltee yeroo hin murtoofneef raawwatame jedhamee kan lakkaa'amu ta'ee, haalootni lab-sichaa keewwata 10 jalaatti tumaman: uumama hojjichaa(hojii murtaa'e qofa hojjechuu, hojii waqtii eegee dhufuu hojjechuuf, hojii ariifachisaa fi kkf hojjechuuf) yookiin baay'inaa hojii maqsuuf yookiin hojjetaa dhaabbii bakka buusuun yeroo murasaaf qofa waliigalteen taasifame yoo ta'e qofa yeroo murtaa'eef waliigaluun kan danda'amu akka ta'e ni hubatama.

Dhimma of harka qabnu ilaalchisee iyyattootni waliigaltee yeroo yeroodhaan baatii sadii sadiin haroomfamaa turuun mormii hin qabneen, dhaabbata waamamaa keessatti qacaramanii hojjetaa kan turan ta'ee, waliigaltee hojii isaanii irratti sababa baay'ina hojii waarshichaa qunname maqasuuf kan waliigalan ta'uu hin agarsiisu. Kana malees ragaa bitaa fi mirgaa mana

murtii jalaatti dhagahameen iyyattootni hanga dhiyeessaniin gogaa jirutti waliigalteen isaanii haroomfamee hojjechaa kan turan ta'uu, iyyattootni gaaffii mirga akkaataa waliigalteen akka hojjennu haalli nuuf haa mijaa'u jechuun yommuu gaafatan keessatti beeksisa baasuun namoota biroo kan qacare ta'uu, hojichis hojii bu'uura warshaa waamamaa irratti qacaramuun hojjetaa kan turan ta'uun ni hubatama. Hojii uumama isaatiin yeroo hundumaa hojjetamu, haalli ariifachisaa fi baay'inaa hojii maqsuuf waliigaltee taasifame ta'uu kan agarsiisu bakka hin jirretti waliigaltee haan faallaa seeraa yeroo murtaa'eef taasisuun hin danda'amu. Kanaafuu, manni Murtii Ol'aanaa jalaa waliigaltee hojii walfalmitoota gidduu jiru kan yeroo murtaa'eefi dha jechuun murtiin kennan seera qabeessa ta'ee hin argamne.

Walumaagalatti, iyyattootni hojii warshaa waamamaaf bu'uura ta'ee yeroo yeroon waliigalteen isaanii haroomfamaa ji'aa saddeetii fi isaa ol kan hojjetaa turan ta'uun osoo hubatamuu, baay'inni hojii warshaa waamamaa sababa qunnameef kan qacaraman ta'uu waliigalteenis ta'ee, ragaadhaan wanti addatti hubachiifame osoo hin jiraatiin waliigaltee hojii yeroo murtaa'ee dha jechuun murtiin kenname dogoggora seeraa isa bu'uura kan qabu ta'ee argameera. Kanaafuu, ajaja itti aanee jiru kennineerra.

Ajaja

1. Murtii Manni Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Bahaa galmee lakk.54687 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 26/06/2011 ooleen kenne bu'uura SDFHH keewwata 348(1)tiin fooyya'eera.
2. Murtii Manni Murtii Aanaa Lumee galmee lakk.85269

ta'e irratti dhaddacha guyyaa 09/05/2011 ooleen kenne bu'uura SDFHH keewwata 348(1) tiin cimeera.

3. Garagalchi murtii kanaa Manneen Murtii jalaa haa dh-aqqabu.
4. Baasii fi kisaaraa dhaddacha kanaa bita mirgi of haa danda'an.
5. Galmeen murtii waan argateef cufameera. Mana galmeetti haa deebi'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa 5 hin dubbifamne ni jira.

Lakk. Galmee 311339
Guyyaa 09/11/2011

Abbootii seeraa: Fayyisaa Tolasaa

Abdulsalaam Sirraaj

Taaddasaa Qana'ii

Ayyaanaa Toliinaa

Tsaggaayee Ayichiluu

Iyyataa: Dhaabbata Oomisha Karaxitii fi Pilaastikii Keenyaa

It/G/I/Murtaa'e

Waamamtoota:

1. Bookii Gazzuu
2. Nugusee Kibree
3. Bayyanaa Naggasaa
4. Tasfaa Mokonnin
5. Milkiyaas Baqqalaa
6. Yohannis Girmaa
7. Shifarraa Katamaa
8. Geetaachoo Nagaash
9. Dajanee Yaadaa
10. Milkiyaas Tasfaa
11. Yohaannis Tsaggaayee
12. Haabtaamuu Oliiqaa

Galmee qorannee murtii armaan gadii kennineerra.

Murtii

Iyyataan murtii M/M/Ol'aanaa G/A/O/N/Finfinnee galmee lakk.36404 ta'e irratti dhaddacha gaafa 13/09/2011 ooleen kenne komachuun komii iyyannoo isaa gaafa 26/09/2011 barreessee dhaddacha kanaaf waan dhiyeesseef galmeen kun banamee dhiyaatee murtiin kun kennamuu danda'eera.

Ka'umsi dhimma kanaa falmii dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa yoo ta'u waamamtoonni ammaa himannaa gaafa 25/06/2011 barreessanii iyyataa irratti mana murtii Aanaa Burraayyuutti dhiyeessaniin dhaabbata iyyataa keessatti gita hojii garaagaraa irratti waliigaltee afaanii guyyaa adda addaa taasifameen qacaramnee hojjechaa osoo jirruu balleessaa tokko malee hojii keenya irraa gaafa 20/05/2011 waan nu gaggeesseef akkaataa labsii 377/96 keew. 40/1,2, 35/1C, 44, 36, 38 fi 77tti walumaagalatti qarshii 322,277.63 akka nuuf kanfalu jechuun gaafatanii jiru. Iyyataan ammaa deebii gaafa 03/07/2011 barreessee dhiyeesseen gaafa 14/5/2011 hojii idilee hojjechaa oolani sa'a 9:00 yoo ta'u akka ba'an yoo gaafataman hojii sa'aatii dabalataa (over time) hojjennuu malee hin baanu jechuun jeequmsa uumanii kadhatamanii erga ba'anii booda hojii irraa waan dhabamaniif xalayaa beeksisaa gaafa 20/05/2011 mooraa alaa fi keessatti maxxanfameen hojii irraa dhabamuuf ragaa waan hin dhiyeeffanneef gaafa 21/05/2011 manaajimantiin dhaabbatichaa mindaa guyyaa 5, 5 adabamanii akeekkachiisa yeroo dhumaatiin hojiitti akka deebi'an murteessee xalayaa mooraa dhaabbatichaa alaa fi keessatti maxxansee guyyaa xalayaan kun maxxanfamee kaasee guyyaa

shaniif walitti aansee hojii seenuu waan didaniif akeekkachiisa malee akkaataa labsii lakk. 377/96 keewwata 27/1B jalatti tumameen karaa seera qabeessa ta'een hojii irraa gaggeeffaman waan ta'eef himannaan dhiyaate kufaa ta'ee bilisaan akka gaggeeffamnu jedheera. Manni murtii Aanaa ragaa bitaa fi mirgaa erga dhaga'ee booda hojii irraa gaggeeffamuun waamamtootaa seera qabeessa waan ta'eef kanfaltiin kanfalamu hin jiru jechuun himannaa kufaa taasiseera. Dhimmicha oliyyannoon kan ilaale Manni Murtii Ol'aanaa G/A/O/N/Finfinnee immoo murtii mana murtii aanaatiin kenname diiguudhaan waamamtonni seeraan ala hojii irraa gaggeeffaman waan ta'eef kanfaltiin garaagaraa waamamtoota ammaaf akka kanfalamu murteessee jira.

Iyyataan murtii mana murtii ol'aanaan kenname kan komate yoo ta'u komiin isaa gabaabinaan dhaabbanni iyyataan meeshaa dheedhii yeroof waan jalaa dhumeef Amajjii 14 bara 2011 irraa eegalee hojii sa'atii dabalataa sababa addaan kuteef waamamtoonni ammaa sa'atii dabalataa hojjechuu qabna jechuun jeequmsa uumanii bariitu isaa irraa eegalanii hojii irraa dhabanii sababa hojii irraa hafaniif hanga ragaa dhiyeeffatanitti xalayaa gaafa 20/05/2011 barreeffameen hojii irraa dhorkamanii kan turan taasifameen xalayaan kunis mooraa dhaabbatichaa alaa fi keessatti maxxanfamee waamamtoonnis qaamaan dhiyaatanii akka hubatan erga taasifamee booda ragaa dhiyeeffachuu fedhii akka hin qabne waan hubatameef koreen manaajimantii dhimmicha ilaaluudhaan gaafa 21/05/2011 barreeffameen akeekkachiisa dhuma fi adabbi mindaa guyyaa 5,5 adabamanii hojii isaaniittii akka deebi'an murtaa'ee, murtiin kunis itti himamee

akkasumas mooraa dhaabbatichaa alaa fi keessatti maxxanfame; haata'u malee waamamtoonni kun guyyaa murtiin kennamee jalqabee guyyaa saddetiif hojii irraa waan dhabamaniif xalayaa gaafa 28/05/2011 barreeffameen waliigalteen hojii addaan cituun isaa mana murtii aanaatti ragaadhaan mirkanaa'ee jira. Haalli waliigalteen hojii ittiin cite kun akkaataa Labsii Keewwata 27/1B tiin yoo ilaalamu seera qabeessa dha. Walumaagalatti, waamamtoonni kun mooraa dhaabbata iyyataa keessatti gaafa 14/5/2011 jeequmsa uumuun isaanii fi xalayaa gaafa 21/05/2011 barreeffameen akeekkachiifni dhumaa kennameefii akkasumas mindaa guyyaa shan, shanii adabamanii hojiittii akka deebi'an beeksifamanii sababa deebi'uu didanii guyyaa shanii oliif hojii irraa dhabamaniif waliigalteen hojii karaa seera qabeessa ta'een addaan cituun isaa mirkanaa'ee waamtoonni immoo sababa hojii irraa hafaniif ragaa dhiyeeffachuu waan hin dandeenyeef murtiin mana murtii ol'aanatiin kenname dogoggora seeraa qaba. Kanaafuu murtiin mana murtii ol'aanaan kenname diigamee murtiin mana murtii Aanaa Buraayyuutiin kenname akka nuuf cimu jedheera.

Waamamtootni deebii gaafa 26/10/2011 barreessanii dhiyeesaniin ragoonni waamamtoota ammaa jecha mana murtii aanaatti kennaniin gaafa 14/05/2011 waamamtoonni hojii irra osoo jiranii humna ibsaa irratti dhaamsuudhaan hojii akka hin hojjenne taasisee isaanis gaafa 15/05/2011 waajjira hojjetaa fi hawaasummaa mirga isaanii kabachiifachuuf yoo deeman waajjirichis abbaan qabeenyaa gaafa 16/05/2011 dhiyaatee hojiitti akka deebinu waliigalamee gaafa 16-18tti hojii irra erga turree booda gaa-

fa 19 guyyaa Dilbataa waan ta'eef boqonnee gaafa 20/05/2011 yoo deemnu akka hojii hin seenne nu dhorkuu isaa mirkaneesaniiru. Nuti hojii keenya kabajnee hojjechaa osoo jirruu gaafa 20/05/2011 akka hojii hin seenne kan nu dhorke iyyataa waan ta'eef walitti aansuun guyyaa shaniif hojii irraa hafan kan jedhu fudhatama kan qabu miti. Komiin isaa waa'ee madaallii ragaa waan ta'eef dhaddacha kanatti dhiyaachuu hin qabu. Walumaa-galatti, murtiin mana murtii ol'aanaatiin kenname dogoggora kan qabu waan hin taaneef komiin dhiyaate kufaa ta'ee murtiin mana murtii ol'aanaatiin kenname nuuf haa cimuu jedhaniiru.

Firiin dubbii galmee kana keessatti argamu kan armaan olii yoo ta'u nutis ijoo dubbii haalli gaggeessaa waamamtootaa seeraan ala jedhamee kanfaltiin garaagaraa akka kanfalamuuf mana murtii ol'aatiin murtaa'e sirrii moo? miti? kan jedhu qabachuun galmee keessa qoranneerra.

Galmee keessa akka qorannettis waamamtoonni ammaa dhaab-bata iyyataa keessatti qacaramanii hojjechaa osoo jiranii gaafa 14/05/2011 hojii sa'aatii dabalataa ilaalchisee bitaa fi mirga gid-duutti wal dhabdeen uumamuun isaa firii dubbii mirkanaa'eera. Gaafa 14/05/2011 wal dhabdeen erga uumamee booda waamamtoonni ammaa hojiitti osoo hin deebi'in hafanii gaafa 20/05/2011 xalayaan dhorkaa gama waamamaan maxxanfamuun isaa fi gaafa 21/05/2011 mindaa guyyaa shanii adabamanii akeekkachiisa dhumaatiin akka hojiitti deebi'an murtaa'ee xalayaan beeksisaa erga maxxanafamee booda waamamtoonni ammaa hojiitti osoo hin deebi'in waan hafaniif gaafa 28/05/2011 hojii irraa gag-

geeffamuu isaanii ragaan iyyataa mirkaneessee jira. Waamamtoonni falmii isaanii keessatti iyyataan gaafa 20/05/2011 hojii irraa akka isaan gaggeessettii haa falman malee hojii irraa kan gaggeeffaman gaafa 28/05/2011 akka ta'e galmee keessaa ni hubatama. Ragaan waamamtootaa ammaa mataan isaanii gaafa 21/05/2011 mindaa guyyaa shan shanii adabamanii hojiitti akka deebi'an xalayaan maxxanfamuu isaa dubbatanii jiru. Waamamtoonni kun gaafa 21/05/05/2011 mindaa guyyaa shan shanii adabanii akeekkachiifni dhumaa kennameefii hanga gaafa 28/05/2011tti hojiitti osoo hin deebi'in waan hafaniif akkaataa Labsii hojjetaa fi hojjechiisaa lakk. 377/96 keewwata 27/1Btiin iyyataan akeekkachiisa malee hojii irraa gaggeessuu waan danda'uuf haalli waamamtoonni hojii irraa ittiin gaggeeffaman seera qabeessa jenneerra. Kanaafuu iyyattoonni ammaa kanfaltii boqoannaa waggaa qofa argachuuf mirga qabu. Haaluma kanaan kanfaltii boqonnaa waggaa mana murtii ol'aanaatiin murtaa'e iyyataa 1ffaan qarshii 3,560 (kuma sadii fi dhibba shanii fi jaatama) iyyataa 2ffaan qarshii 622.02 (dhibba jahaa fi digdamii lama) iyyataa 3ffaa qarshii 1,148.40 (kuma tokkoo fi dhibba tokkoo fi afurtamii saddetii fi saantima afurtama), iyyataa 4ffaan qarshii 1500 (kuma tokkoo fi dhibba shan) iyyataa 5ffaan qarshii 1288.47 (kuma tokkoo fi dhibba lamaa fi saddettamii saddet fi saantima afurtamii torba) iyyataa 6ffaan qarshii 1418.97 (kuma tokkoo fi dhibba afurii fi kudha saddet fi saantima sagaltamii torba) iyyattoonni 7ffaan fi 8ffaan tokkoo tokkoo isaanii 476.82 (dhibba afurii fi torbaatamii jahaa fi saantima saddettamii lama) iyyattoonni 9ffaan, 10ffaan fi 11ffaan tokkoon tokko isaanii 1592.1 (kuma tokkoo fi dhibba shanii fi sagaltamii lamaa fi saan-

tima kudhan) iyyataa 12ffaaf qarshii 1150.33 (kum tokkoo fi dhibba tokkoo fi shantamaa fi saantima soddonii sadii) kanfalammu qaba jennee murtii jalaa fooyyessineerra.

Ajaja

1. Haalli waamamtoonni hojii irraa ittiin gaggeeffaman akkaataa labsii 337/96 keewwata 27/1Btiin seera qabeessa waan ta'eef waamamtoonni akkaataa labsicha keewwata 77/5tiin kanfalatii boqonnaa waggaa qaban qofa argachuu qabu jechuudhaan murtii manni murtii A/Magaalaa Buraayyuu galmee lakk. 70552 ta'e irratti dhaddacha gaafa 02/08/2011 ooleen kenneef murtii M/M/OI'aanaa G/A/O/N/Finfinnee galmee lakk.36404 ta'e dhaddacha gaafa 13/09/2011 ooleen kenne bu'ura SDFS 348/1tiin fooyyessineerra. Bu'uuruma kanaan kanfaltii boqonnaa waggaa 1ffaaf qarshii 3,560 (kuma sadii fi dhibba shanii fi jatama) iyyataa 2ffaaf qarshii 622.02 (dhibba jahaa fi digdamii lama) iyyataa 3ffaaf qarshii 1,148.40 (kuma tokkoo fi dhibba tokkoo fi afurtamii saddetii fi saantima afurtama), iyyataa 4ffaaf qarshii 1500 (kuma tokkoo fi dhibba shan) iyyataa 5ffaaf qarshii 1288.47 (kuma tokkoo fi dhibba lamaa fi saddettamii saddet fi saantima afurtamii torba) iyyataa 6ffaaf qarshii 1418.97 (kuma tokkoo fi dhibba afurii fi kudha saddet fi saantima sagaltamii torba) iyyattoonni 7ffaa fi 8ffaaf tokkoo tokkoo isaaniif 476.82 (dhibba afurii fi torbaatamii jahaa fi saantima saddettamii lama) iyyattoonni 9ffaa, 10ffaa fi 11ffaa tokkoon tokko isaaniif 1592.1 (kuma tokkoo fi dhibba shanii fi sagaltamii lamaa fi saantima kudhan) iyyataa 12ffaaf qarshii 1150.33 (kuma tokkoo fi

dhibba tokkoo fi shantamaa fi saantima soddonii sadii) waamaan kanfalu qaba jenneerra.

2. Akkaataa murtii kanaatiin akka raawwatamuuf garagalchi murtii manneen murtii jalaaf haa ergamu.

3. Dhorki kennamee ture ka'eera.

4. Baasii fi kisaaraa bitaa fi mirgi of haa danda'an.

5. Galmeen cufameera.

Mallattoon Abbootii Seeraa 5 hin dubbifamne ni jira

Lakk. Galmee 288913
Guyyaa 11/03/2012

Abbootii Seeraa: Kaasahun Guuttataa

Jamaal kadiir

Mohammad Jimaa

Ol'iyattoonni 1. Gosaa Makkonniin----dhiyaate

2. Isheetuu Daadhoo----dhiyaate

Deebii kennaan A/A Naannoo-----Abdusalaam Amaan

Galmeen qoratamee murtiin itti aanu kennameera.

Murtii

Murtii kanaaf sababa kan ta'e ol'iyattoonni ammaa murtii Mana Murtii Ol'anaa Godina Arsii Lixaa galmee lakk.33835 ta'e irratti dhaddacha gaafa 26/01/2012 ooleen kenne komachuudhaan ol'iyyata gaafa 23/02/2012 barraa'e dhaddacha kanaaf waan dhiyeessaniifidha.

Ka'umsi dhimmichaa himata lakk.00381/2011 ta'e gaafa 18/11/2011 barraa'e Abbaan Alangaa Aanaa Heeban Arsii ol'iyattoota ammaa irratti dhiyeesse yoo ta'u kanaanis oliyyattootni kun (himatamtootni Mana Murtii jalaa) Seera Yak-

kaa bara 1996 tumamee bahe kewt.32 (1-A) fi labsii bosona Naannoo Oromiyaa lakk.72/1995 bahe kewt.14 (4A) fi 15 (4) irra darbuudhaan himatamaa yeroof harki isaa hin qabamne Daammaraaa Luluu waliin ta'uun gaafa 9/11/2011 guyyaa keessa sa'aa 5:30 irratti Aanaa Heeban Arsii ganda Dagaagaa bakka addaa kukkee jedhamutti bosona mootummaa distiriiktii Muunnessaa keessa seenanii hindheessa Faranjii tokko tilmaamaan qar.1500 baasu faasiin muranii osoo baqassaa jiranii harkaafi harkaatti waan qabamaniif yakka bosona mootummaa mancaasuu waan raawwataniif himatamaniiru kan jedhuudha.

Ol'iyyattoota ammaa himanni abbaa alangaa isaan dhaqqabee dhaddachatti dhiyaatanii jecha amantaa waakkii yoo kennan gocha ittiin himataman raawwachuu isaanii guutummaan guutuutti amananiiru, abbaan alangaa himatamtoonni gutummaatti waan amananiif haaluma amantaa isaaniitiin murtiin balleessummaa akka itti kennamuuf gaafatee manni murtiis kanumaan jala murtiidhaan balleessummaa kennee yaada adabbii bitaafi mirgaa fuudhuudhaan adabbii shallagee ol'iyyattoota ammaa hidhaa cimaa waggaa shaniitiin akka adabaman murteesseera.

Ol'iyyattoonni ammaa murtii kana komachuun Mana Murtii Ol'aanaa Godina Arsii Lixaatti yoo ol'iyyatanillee komiin isaanii mana murtii ol'aanaan fudhatama dhabee murtiin jalaa waan cimeef ajaja Mana Murtii Godina Arsii Lixaatiin kenname komachuun komii isaanii dhiyeeffataniiru. Komiin isaan dhaddacha kanatti dhiyeeffatan gabaabinaan:

1. Ragaan seeraa nurratti utuu hin dhagahamin jecha amantaa keenyaan qofa balleessaa jedhamuun keenya sirrii miti.

2. Adabbiin kenname haala umurii keenyaa yaada keessa kan galche waan hin taaneef murtiin mana murtii jalaatiin kenname haqamee bilisaan akka gaggeeffamnu kan jedhuudha.

Dhaddachi kun komii ol'iiyyattoonni dhiyeessan kana erga qoraateen booda seerrii ol'iiyyattoonni jalatti balleessa jedhaman fi adabbiin kenname kan qulqullaa'uu qabu jira jechuun komiin akka dhiyaatu taasisee abbaa alangaa deebii itti kennisiiseera.

Abbaan Alangaa Naannoo deebii xal. lakk.05512 gaafa 3/3/2012 barraa'een dhiyeeffateera. Deebii kenne kanaanis: Ol'iiyyattoonni ammaa yakka bosona mootummaa mancaasuu ittiin himataman raawwannee jirra jechuun akkaataa ijoo himannaatiin guutummaan guutuutti waan amananiif manni murtii jalaa bu'uura sdfy kewt.134 (1) tiin murtiin balleessummaa fi adabbiin kan itti kenname waan ta'eef komiin ol'iiyyattoonni kanaan walqabsiisanii dhiyeessan deggarsa seeraa bu'uura godhatee komii dhiyaate waan hin taaneef fudhatama kan qabu miti.

Ijoo dhaddachi kun qabateen wal qabsiisee deebii kenneenis, labsiin lakk.72/95 Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin tumamee bahe yakka bosona naannichaa irratti raawwatamu ittisuuf kan kaayyeffate yoo ta'u, manneen murtii naannichaa ykn abbootiin seeraa naannichaa Caffichaan muudaman seera caffeen naannichaa baase hojiirra oolchuuf dirqama waan qa-

baniif ijooon seeraa balleessaa ittiin jedhamee dhaddacha kanaan qabame sirrii ta'ee nutti hin mul'anne jedheera.

Adabbii kenname ilaalchisuunis komii dhiyaate gama ilaaluunis: manni murtii jalaa qajeelfama adabbii bu'uura godhachuun adabbii shallagee haala jiruufi jireenyaa deebii kennitootaa yaa-da keessa galchuun adabbii ka'umsaa keewwatichaan tumameen kan adabe waan ta'eef komiin dhiyaate fudhatama kan qabu miti jedheera.

Falmiin bitaafi mirgaan jiru egaa gabaabinaan kanuma armaan olitti dhiyaate kana yoo ta'u, dhaddachi kuni komii ol'iyyannoo dhiyaate, deebii abbaa alangaatiin kenname, garagalcha gal-mee mana murtii jalaa seeraa dhimma harka qabnu kana duukaa rogummaa qabu waliin akka itti aanutti ijoo qabachuun qoranneerra.

1ffaa, ol'iyyattoota ammaa irratti ragaan seeraa utuu hin dhagahanne manni murtii jalaa murtii balleessummaa fi adabbii ol'iyyattoota kana irratti dabarsuun sirriidhaa?

2ffaa, Ol'iyyattoota ammaa labsii lakk.72/95 kewt.15/4 jalatti balleessaa taasiisuufi adabbii kennuun sirriidhaa? Kan jedhu yoo ta'u akka itti aanutti xiinxallee jirra.

Dhaddachi kunis dhimma kana akka qoratetti ol'iyyattoonni ammaa yakka ittiin himatamaniin wal qabatee mana murtii jalaatti dhiyaatanii jecha amantaa/waakkii isaanii yoo kennan

gocha raawwanneerra balleessa qabna jechuun kan amanaan waan ta'eef akkaataadhuma amantaa isaaniitiin murtiin balleessummaafi adabbiin kan kenname ta'uu garagalcha galmee mana murtii jalaa keessaa ifatti mul'ata. Qabatamni jiru kana ta'ee utuu jiruu ragaan seeraa utuu nurratti hin caqafamne adabamne komiin jedhu deggarsa seeraa kan qabu miti. Sababni isaa bakka himatamaan guutummaan guutuutti amanee jirutti ragaa seeraa dhagahuun utuu hin barbaachifne murtii balleessummaafi adabbii kennuun seera qabeessa waan ta'eef.

Ijoo 2ffaa ilaalchisee, Dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa murtii galmee lakk.303547 ta'e irratti dhaddacha gaafa 11/02/2012 ooleen kenneen labsiin bosona oromiyaa lakk.72/95 kewt.15 fi labsiin bosona federaalaa lakk.1065/2010 kewt.26(1) kan walitti bu'u ta'uu ibsuun labsiiwwaan lamaan lammiilee naannichaa irraatti yemmuu raawwataman adabbii garaagarummaa qabu kan hordofsiisan waan ta'aniif manneen murtii naannichaa dhimmaa walfakkaataa irratti murtii walfakkaataa akka kennaan dandeessiisuuf seerri qabeenya bosonaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa ilaalchisee raawwatiinsa qabu labsii mootummaan federaalaa baase lakk.1065/2010 kewt.26 (1) akka ta'e hiikkoo dirqisiisaa itti kenneera. Dhaddacha kanas ta'ee manneen murtii naannichaa murtii dhaddacha Ijibbaataatiin kenname kana hordofuun hojjachuuf dirqama qabu. Yaada bu'uura kana irraa kaanee dhimmaa kana irratti yaada abbaan alangaa naannoo kenne yoo ilaalluu yaada dhaddacha kanaan fudhatama qabu ta'ee hin argamne. Kana waan ta'eef bira dabarree murtii balleessummaafi adabbii labsii lakk.72/95 kewt.15/4

jalatti ol'iiyyattoota ammaa irratti kenname bu'uura sdfy 113(2) tiin gara labsii lakk.1065/2010tti jijjiiruudhaan murtii balleessummaa kenninee jirra.

Adabbii ilaalchiisee, ol'iiyyattoonni muka hindheessa Faranjii tokko muranii utuu baqaqsaa jiranii kan qabaman ta'uun mirkanaa'eera. Tilmaamni muka kanaas qarshii 1500 (kuma tokko fi dhibba shan) akka ta'e hubatameera. Kun immoo sadarkaan yakkaa gad aanaa akka ta'e agarsiisa. Keewwatni ol'iiyyattoonni balleessaa jalatti jedhaman qajeelfama adabbiitiin sadarkaafi gulantaan kan hin baaneef yoo ta'u, bu'uura qajeelfama adabbii lakk.2/2006 kewt.19 tiin sadarkaa fi gulantaa baasuun barbaachisaadha. Keewwatni ol'iiyyattoonni jalatti balleessaa jedhaman adabbii hidhaa cimaa waggaa 1 gadi hin taaneefi waggaa 5 hin caalle akkasumas adabbii maallaqaa qar.10,000 hanga 20,000 akka ta'e tumameera.

Adabbiin hidhaa yoo shallagamu sadarkaan gadi aanaan hidhaa waggaa 1-2 yoo ta'u, adabbii ka'umsaa waggaa 2 qabanneerra. Kun immoo qajeelfa adabbii irraa yoo ilaalamu gulantaa 10ffaa jalatti kufa. Sababa adabbii cimsu abbaan alangaa waan kaase hin qabu. Sababa adabbii salphisu ol'iiyyattoonni kana dura kuusaa yakkaa qabaachuun isaanii waanti dhiyaate waan hin jirreef akka sababa adabbii salphisu tokkootti qabameera. Kunimmoo gulantaa adabbii qabame gara gulantaa 9ffaatti gadi buusa. Gulantaan 9ffaan adabbii hidhaa waggaa 1fi ji'a 4 hangaa waggaa 1 fi ji'a 10 akka adabsiisu tumameera.

Dhaddachi kun ol'iiyyattoota ammaafi fakkaattoota isaaniis ni barsiisa, ni akeekkachiisa jedhee guyyaa harki isaanii qabamee kaasee hidhaa cimaa waggaa 1 fi ji'a 4 tiin akka adabaman, keewwatichi adabbii maallaqaatis kan qabu waan ta'eef haala jiruu fi jireenya fi dandeettii kaffaluu ol'iiyyattoota kanaa yaa-da keessa galchuudhaan bu'uura seera yakkaa kewt.90/2 tiin adabbii ka'umsaa irraa gadi bu'uun ol'iiyyattootni mata mata-an qar.1000,1000 (kuma tokko,tokko) akka adabamaan jedhee murtii mana murtii jalaatiin kenname akkaataa sdfy 195/2/b/2 tiin fooyyessuun murteesseera.

Ajaja

1. Murtiin balleessummaafi adabbiin Manni Murtii Aanaa Heeban Arsii galmee lakk.03026 ta'e irraatti dhaddacha gaafa 18/11/2011 ooleen kenneefi Manni Murtii ol'aanaa Godina Arsii Lixaa galmee lakk.33835 ta'e irratti dhaddacha gaafa 26/01/2012 ooleen cimse fooyya'eera.

2.Manni Amala Sirreessa Godina Arsii Lixaa akkaataa adabbii fooyya'een ol'iiyyattoota irratti haa raawwachiisu jenneerra.

3. Abbaan Taayitaa Galiiwwaanii Godina Arsii Lixaa adabbii maallaqaa ol'iiyyattoota irratti kenname hordofee akka raawwachiisu haa barreeffamu.

4. Garagalchi murtii kanaa mana murtii jalaa haa dhaqqabu, galmeen murtii waan argateef cufameera.

Mallattoon hin dubbifamne kan Abbootii Seeraa 3 ni jira.

- Abbootiin Seeraa: 1. Muhaammad Nuuree
2. Alamaayyoo Dhaabaa
3. Masfin Geetaachoo
4. Ashannaafii Raggaasaa
5. Abdullaahii Shaafii

Iyya/taan/tuun/toonni: Dhaabbata Kontiraakteraa Arabaa W/
Dh/I/Murtaa'e

Waamamaan/tuun/toonni: Obbo Tissee Baqqalaa
Galmee qorannee murtii armaan gadii kennineerra.

Murtii

Iyyatni kun dhaddacha kanaaf dhiyaachuu kan daanda'e iyyataan himanni waamamaa kufaa ta'uun sirrii ta'ee osoo jiruu ijoo himataan hin kaafne kaasuun Manni Murtii Ol'aanaa Go/Gujii Lixaa gadi deebi'ee qulqullaa'ee akka murtaa'u jechuun murtii manni murtii jalaa kenne dogoggora seeraa bu'uura ta'e waan qabuuf akka diigamee murtiin Mana Murtii Aanaa Bulee Horaa kenne akka naaf cimee murtaa'u jechuun waan gaafateefi dha.

Ka'umsi dhimmichaa Mana Murtii Aanaa Bulee Horaa irraa yoo ta'u himataan waamamaa ammaa iyyataan ammoo himatamaa jalaa ture. Himanni himataa gabaabinaan dhaabbata himatamaatti waliigaltee gaafa 03/03/2009 taasifameen konkolaachisaa ta'ee qaxaramee gaafa guyyaa 02/08/2010tti sababa cancelli konkolaataa citeef konkolaaticha waliin galagalee miidhaan narra dh-

aqqabee baasii kiyyaan yaalamaa ture. Himatamaan osoo ana hin yaalchisin xalayaa gaafa 23/10/2010 barreesseen seeraan ala hojii irraa na gaggeessee jira jechuun kaffaltiiwwan himannaa isaa keessatti ibse akka kaffalamuuf gaafatee jira. Himatamaan deebii gaafa 17/04/2010 barreeffameen himataan konkolaataa kan garagalche of-eeggannoo gochuu dhabuu irraa kan ka'e waan ta'eef waliigalteen kan adda cite seeraan ala miti. Himatamaan himataa yaalchisaa ture. Gaaffiin isaa darbiinsa yerootiin daanga'a. Miidhaan yoo dhaqqabe ta'es gocha himataatiin waan ta'eef kaffaltiin hin maluuf ture. Waliigalteen kan adda cite seeraan ala waan hin taaneef kaffaltiiwwan gaafataman himataaf hin malan. Haalli shallaggii kaffaltiiwwan ol ka'e. kanaafuu, himannaan himataa kufaa haa ta'u jechuun deebii kenneera.

Manni Murtii Aanaa Bulee Horaa bitaa fi mirga falmisiisee ragaa namaa fi barruus fudhatee booda murtii kanneera. Murtii kenneenis ragaan barreeffamaa Waajjira Poolisii Aanaa Gadab irraa gaafa 08/09/2010 barreeffatee dhiyeeffateen himataan konkolaataa tabba irra dhaabee madaala osoo hin eeggatin kaasuu osoo yaaluu garagale jechuun ibsan. Konkolaataa kan galagale cancelli citee moo of-eeggannoo gochuu dhabuu himataatiin kan jedhu deebii kan argatu ragaa teekinikaa malee ragaa namaatiin waan hin taaneef konkolaatichi of-eeggannoo dhabuu himataatiin garagaluu ragaan kun waan ibseef ragaa namaa madaaluun hin barbaachifne. Akkaataa ragaa dhiyaate kanaatiin himataan of-eeggannoo gochuu dhabuun qabeenya hojjechiisaa irratti miidhaa waan geessiseef himatamaan hojii irraa isa gaggeessuun seeraan ala hojii irraa gaggeessuu hin jedhamu waan ta'eef

himatamaan seeraan ala hojii irraa hin gaggeeffamne. Kaffaltii yaalaa ilaalchisee miidhaan kan dhaqqabe hanqina of-eeggannoo himataatiin waan ta'eef kufaa dha. kaffaltiiwwan hojii irraa gaggeessuu ilaalchisee himataan kan hojii irraa gaggeeffame akkaataa seeraatiin waan ta'eef kufaa dha jechuun murtii kenneera. Murtii kana irraa waamamaan Mana Murtii Ol'aanaa Go/Gujii Lixaatti kan ol'iyyate yoo ta'u manni murtii ol'aanaas murtii kenneen himannaa dhiyaateef sababa kan ta'e balaa gaafa 02/08/2009 yoo ta'u hojiirraa gaggeeffamuu ol'iyyataatiif sababa kan ta'e garuu balaa gaafa 16/10/2009ti. Gabaasni waajjira poolisii irraa dhiyaate immoo balaa gaafa 20/10/09 qaqqabe akka ta'e agarsiisa. Manni murtii jalaa gabaasa kana qofa xiinxaluun murtii kennuun isaa dogoggora. Sababni isaas gabaasni dhiyaate balaa himannaaf sababa ta'e kan gaafa 02/08/09 ga'e ta'uu hin hubachiisu waan ta'eef, itti dabalees balaan himannaf sababa ta'e fi balaan gabaasni dhiyaate agarsiisu wal hin simu waan ta'eef. Kana malees ragaan namaa hin xiinxalamne. Kun murtii jalaa ragaa malee kan kenname ta'uu agarsiisa. Kanaafuu, manni murtii jalaa galmee cufee ture irra deebiin banee sochoosuun bitaa fi mirga waamee ijoowwan balaa himannaaf sababa ta'e kan gaafa 02/08/09 dhaqqabeef sababni maali, cituu fireenii konkolaatichaati moo hanqina of-eeggannoo ol'iyyataati? Cituu fireenii konkolaatichaa yoo ta'e bu'aa inni hordofsiisu maali? Hanqina of-eeggannoo ol'iyyataa yoo ta'e hoo? Balichi miidhaan konkolaaticha irra geesse jiraa? Jedhan qabatee ragaa namaa dhagahee turee fi ragaa ogummaa (teekinika konkolaataa) dhimmichaaf rogummaa qabu fi fudhatamuu qabuun erga qulqulleessee booda murtii itti fakkaate haa kennu jechuun gadi deebisuun murteesseera.

Seenaan dhimmichaa kan armaan olitti kaafne yoo ta'u komiin iyyataa haaluma jalaa qabuun falmeen ta'ee waamamaan ammoo gaazexaan waamamee deebii waan hin kennanneef bakka inni hin jirretti jedhamee mirgi deebii kennachuu isaa bira darbameera.

Dhaddachi ijibbaataa kunis dhimma kana yoo ilaalu ijoon dubbii 1. Sababa hojiirraa gaggeeffamuu waamamaa ilaalchisee firii dubbii rogummaa qabu erga qulqullaahaa booda murtiin jalaa kennamee? kan jedhu ijoo qulqullaahuu qabu jennee ilaalleera. Akka galmee keessaa ilaalamutti waamamaan ani kan hojiirraa gaggeeffame cancalli konkolaataa citee sababa konkolaataan galagaleef akka ta'e ibsuun dha. Waamamaan garuu sababa ballessaa isaatiin iyyataan hojiirraa gaggeeffame waan ta'eef karaa seera qabeessaan hojiirraa gaggeeffame waan ta'eef kaffaltii yaalaa fi kaffaltiiwwan biroo gaafates argachuuf mirga hin qabu jechuun falme. Manni murtii Aanaa ragaa namaa kan dhagahee ture yoo ta'ellee ragaa namaa dhiyaate kan hin xiinxallee fi ragaa teekinikaa qofaa bu'uureffachuun murtii kan kenne ta'uutu galmee keessaa hubatama. Ragaan teekinikaa manni murtii Aanaa murtii isaaf bu'uureffates kan hojiirraa gaggeessuuf sababa ta'emo miti isa jedhus manni murtii ol'aanaa jalaa galmee keessaa ilaalee gargaagarummaa guyyaa kan qbau ta'uu firii dubbii qulqulleesse dha. Waanuma kana ta'eefis dhimma kana ragaa gahaa fi rogummaa qabu irratti hundaa'amee kan kenname moo miti isa jedhu yoo ilallu manni murtii aanaa ragaa namaa xiinxaluu dhabuun isaa fi ragaa teekinikaa sababa hojiirraa gaggeessaa ta'ee irraa guyyaan addummaa qabu fudhachuun murtii kennuun

isaa mana murtii ol'aanaan kan mirkanaa'e waan ta'eef murtiin mana murtii aanaatiin kenname murtii ragaa gahaa fi rogummaa qabuutiin osoo hin qulqullaahiin murtaa'e waan ta'eef dogoggora seeraa bu'uura ta'e kan qabu dha jenneerra. Waan kana ta'eef ammoo ragaaleen namaa mana murtii Aanaatti dhiyaatan xiinxalamuu kan qaban fi ragaan rogummaa qabus dhimma teekinikaa ilaalchisee dhiyaatee qoratamee murtaa'uu waan qabuuf manni murtii Ol'aanaa Go/Gujii Lixaa dhimmicha sirnaan qulqullaahee booda akka murtaa'u murtii jalaa diigee gadi deebisuun isaa dogoggora seeraa bu'uura ta'e hin qabu jennee murteessineerra. Kanaafuu, murtiin jalaa dogoggora seeraa bu'uura ta'e waan hin qabneef bu'uura s/d/f/s keewwata 348(1) tiin murtii jalaa cimsuun dikirii armaan gadii kennineerra.

Dikirii

1. Murtii Manni Murtii Aanaa Bulee Horaa galmee lak. 01492 ta'erratti dhaddacha gaafa 5/10/2010 ooleen kenne diigameera.
 2. Murtii Manni Murtii Ol'aanaa Go/Gujii Lixaa galmee lak. 00984-ta'erratti dhaddacha gaafa 09/11/2011 ooleen kenne cimera.
 3. Baasii fi kisaaraa falmii dhaddacha kanaa bitaa fi mirgi of-haa danda'an.
 4. Dhorki galmee kanarratti kenname ka'eera.
 5. Galagalchi murtii mana murtii jalaa haa dhaqqabu.
 6. Galmeen cufamee mana galmeetti haa deebi'u.
- Mallattoon hin dubbifamne kan Abbootii Seeraa 5 ni jira.

Lakk. Galmee 304402
Guyyaa 11/02/2012

Abbootii Seeraa: - Muhammad Nuuree
Fiixaa Dachaasaa
Masfin Geetaachoo
Duulaa Lataa
Abdullaahii Shaafii

Iyyataan: Mana Hojii A/alanngaa Waliigalaa Naannoo Oromi-
yaa

Waamamaan: Biqilaa Taraddaa

Galmee qorannee murtii armaan gadii kennineerra.

MURTII

Galmeen kun Murtii Manni Murtii Waliigala Oromiyaa Dhadd-
acha Dhaabbii Lixaa galmee lakk.217391 ta'erratti dhadacha
gaafa 07/05/2011 ooleen kenne dogoggora bu'uura seeraa qaba
jechuun iyyannoo gaafa 16/5/2011 barreeffame A/alangaa dhi-
heeffatan bu'uura godhachuun kan dhihaatee dha.

Seenaan dhimmichaa gabaabbinaan; Falmiin dhimma yakkaa
ta'ee, kan eegale Mana Murtii Ol'aanaa Godina W/Lixaatti dha.
A/alangaa himannaa waamamaarratti dhiheeffateen; waama-
maan seera yakkaa keeww.627(1) jala darbuudhaan miidhamtuu
dhuunfaa Burtukaan Shaafee jedhamtu umuriin ishee waggaa
10 taate yoo isheen boqqolloo eeguu galtutti dirqisiisee buna
keessatti qabuudhaan osoo isheen iyyituu saalquunnamtii irratti

raawwachuuf sanyii kormaa isaa uffannaa isheerratti dhanga-laasee jira jechuun kan himatame yoo ta’u, waamamaan gocha haaluudhaan falmee jira. Manni Murtii Ol’aanaas ragaa bitaafi mirgaa dhaga’een booda ragaan A/alangaa akka irratti mirkan-eessanii fi ragaan ittisaa irraa hin ittisin ibsee keewwata himat-ame jalatti balleessaa taasisuun hidhaa cimaa waggaa 15 tiin waamamaan akka adabamu murteessee jira. MMWO Dhaddachi Dhaabbii Lixaa dhimmicha ol’iyyannoon ilaalee jechi ragaa A/alangaa kan wal faallessu ta’uu ibsuudhaan, ragaan akka irratti hin mirkaneessin caqasee murtii MMO diiguun iyyataa bilisaan geggeessee jira.

A/alangaa iyyannoo gaafa 16/5/2011 barreeffame dhaddacha kanatti dhiheeffataniin; waamamaan gocha ittiin himatame raawwachuu isaa miidhamtuun dhuunfaa fi ragoonni A/alamgaa 2ffaa fi 3ffaan akka sirriitti mirkaneessanii jiranu, jechi ragaa A/alangaa kan wal faallessu akka hin taane, ragaan A/alangaa miidhamtuun dhuunfaa akkaataa himannaatti kan ragde akka ta’ee fi ragoonni 2ffaa fi 3ffaan ammo waamamaan yeroo baqataa jirutti iyya miidhamtuu dhaga’anii akka birmatani, dura ragaamn 2ffaan akka dhaqqabdee miidhamtuun dhaabbattee boossu argitee fi ragaan 3ffaan ammo yoo waamamaan surrii ofitti qabatee baqatu kan argan akka ta’e akka ibsanii jiranu, dabalataanis sanyii dhiiraa huccuu miidhamtuurratti akka arganii jiranu waamamaan yakka raawwachuu mirkaneessanii bakka jiranutti MMWO jechi rgaaw wal dha’a jechuun bilisaan waamamaa geggeessuun dogoggora bu’uura seeraa akka qabu ibsanii, murtichi diigamee murtiin balleessummaa fi adabbiin madaalawaa ta’e dhaddacha kanaan akka irratti darbu gaafatanii jiru.

Dhaddachi ijoon qulqullaa’u jira jechuun waamamaan akka dhihaatee deebii kennu ajajee kan jiru ta’ee, waamamaa yaamichi qaqqabus dhihaatee deebii waan hin kennanneef dhaddacha gaa-fa 28/01/2012 mirga deebii isaa kennachuu bira darbuun galmeen akka qoratamu ajaja kennee jira.

Dhimmichi akka waliigalaatti gabaabbinaan kan armaan olii ta’ee dhaddachi kunis ijoo dubbii; waamamaan ammaa gocha ittiin himatame raawwachuun mirkanaa’ee jira moo? Miti? Yoo mirkanaa’e ta’e bilisa jechuun MMWO dogoggora bu’uura seeraa ti moo? Miti? Kan jedhu qabachuun haala armaan gadiitti xiinxallee jirra.

Waamamaan daa’ima umuriin ishee waggaa 10 taate maqaan ishee Burtukaan Shaafee jedhamutu utuu isheen karaa deemtuu saal-quunnamtii irratti raawwachuuf surree baafatee uffata ishee irraa soqolee sanyii kormaa uffannaa isheerratti gadi dhangalaase jedhamee kan himatame yoo ta’u, waamamaan gocha waakkatee falmee jira. Ragaan A/alangaa namoonni sadii dhaga’amanii miidhamtuun dhuunfaa jecha ragummaa kenniteen guyyaa gaafa 5/9/2011 guyyaa tilmaamaan sa’a 6:00 yoo ta’utti utuu isheen midhaan eeguudhaa galaa jirtuu waamamaan itti dhufee humnaan harka ishee qabee gara caaqqatti ishee siqsuudhaan dugdaan ishee ciibsee surree baafatee isheerra gadi ciisuudhaan yoo gudeeduuf jedhu uffata ishee of irratti qabatee akka iyyitee fi gidduu kanatti qamisii isheerratti akka waan adii tokko akka dhangalaase ykn gadi naqe, sababa isheen iyyiteef ragaan 2ffaan iyya dhageessee akka itti birmatte, waamamaan-

is ragaan 2ffaan waan dhufteef isheerraa ka'ee akka baqatee; buna keessa seene, sababa isheen iyyitee fi uffata ishee ofirrat-ti qabatteef waan yaade utuu hin xumurin akka ragaan 2ffaan dhufte, ragaan 2ffaanis yoo inni baqatu arguu ishee fi isheenis akka waan inni raawwate itti himtee jirtu kan dubbatte yoo ta'u ragaan A/alangaa 2ffaa'n ammo guyyaa fi yeroo akkasumas bakka himannaa keessatti ibsametti ragaan kun utuu naannoo sana dhihoorraa midhaan eegaa jirtuu iyya miidhamtuu dhageessee yoo gara sana deemtu miidhamtuun akka uffata ishee sirreeffachaa jirtuu fi akka dhaabbattee boo'aa jirtu kan argitee akka ta'e, waamamaan ishee gudeeduuf akka ture akka miidhamtuun itti himte, waamamaan ammo surree isaa sirreeffataa akka ishee baqataa jiru kan argite akka ta'e, qamisii miidhamtuurra waan akka gororaa wayii dhangala'aa akka argite kan ragaa baate ta'ee, ragaan A/alangaa 3ffaa'n ammo jecha ragummaa kenniteen; isheenis booda ragaa 2ffaa iyya dhageessee bakka sana akka dhaqxe, yoo achi geessutti waamamaan akka baqataa jiru kan argite akka ta'e, miidhamtuun ammo rifattee akka isaan baqachuu taatee kaatee waamamaan akka ishee gudeeduuf ture itti himte ta'uu ragaa baatee jirti.

Manni Murtii Ol'aanaa ragaan kan itti dubbatan ta'uudhaan akka waamamaan of irraa ittisu ajajee waamamaanis ragaa ittisaa dhiheeffatee ijoo guyyaa sana mana amantaa akka waaqeffataa ture kan ragaan akka beekanuuf kan qabsiifate yoo ta'u ragoonni ittisaa inni dhiheeffate garuu waamamaan eessa akka turee akka hin beekne fi gocha raawwachuuf dhiisuu isaa akka hin beekne dubbatanii kan jiranuudha.

MMO ragaan ittisaa akka irraa ittisee hin jirree fi ragaan A/alangaa akka itti mirkaneessan ibsuun murtii balleessummaa fi adabbii kan kenne yoo ta'u akkuma olitti duraan ibsame MMWO iyyataarratti ragaan A/alangaa hin mirkaneessine jechuun bilisaan geggeessee jira.

MMWO jecha ragaa A/alangaa olitti teechifame kanaan walitti bu'a ykn wal faallessa jechuudhaan, akkasumas miidhamtuun daa'ima waggaa 10 taatee akka inni ishee hin gudeenne of irraa ittisuun ishee kan amanamuu miti jechuun, jecha ragoota A/alangaa fudhatama kan dhabsiiseedha.

MMWO jechi ragaa wal faallessa ya jedhu male ijoo maal irratti akka wal faallessan kan kaa'ee miti, jechuma ragoonni dubbatan adda addatti ibseetuma wal faallessa kan jedheen alatti wanti kaa'e hin jiru. Dhaddachi kun akka jecha ragootaa hubatettettio jechi wal faallessu ragoonni dubbatan akka hin jirree dha. Ragaa A/alangaa 1ffaa kan taate miidhamtuu dhuunfaa yoo taatu isheenis akkaatuma himannaatti kan dubbatte yoo ta'u jechi ishees akka waamamaan qabee gara daggalaa geessee dugdaan ishee ciibsee surree baafatee gudeeduuf jedhe, isheenis iyyaa qamiisii ishee ofirratti qabuun of irraa ittifachaa turte, sababa iyya isheetiin ragaan A/alangaa 2ffaa fi 3ffaa'n duraa duubaan itti birmatanii dhaqanii fi waamamaan baqatee buna keessa akka seene kan ibsite yoo ta'u, ragoonni 2ffaa fi 3ffaanis iyya dhaga'anii yoo birmatanu waamamaan surree sirreeffachaa akka baqataa jiru kan arganii fi uffata miidhamtuurratti sanyii dhiiraa dhangala'aa kan argan akka ta'e, waammaan akka miidhamtuu

gudeeduuf yaale akka miidhamtuun itti himtes dabalani kan dubbataniidha. Jecha ragoota hundayyuu yoo ilaallu kan walitti hidhamiinsa qabu akka ta'e kan hubatamuudha, ragoonni 2ffaa fi 3ffaan utuu inni miidhamtuu kuffisuu fi yaaluu kan argan ta'uu dhabus yoo waamamaan surree isaa duraan miidhamtuu gudeeduuf baafatu sirreeffataa jiru kan arganii fi gara miidhamtuurraa kan fiigu ta'uu, akkasumas sanyii dhiiraa kan uffata isheerratti argan akka ta'eedha. Kana jechuun ammo battala sanatti waamamaan gocha kana raawwachuu isaatiin kan baqate ta'uu kan agarsiisu ta'ee sanyiin kormaa sunillee kanuma caalmaatti kan agarsiisu akka ta'eedha; battala sanatti miidhamtuun gocha inni isheerratti raawwate kan itti himte ta'uunillee jecha ragummaa miidhamtuu kan mirkaneessuudha. Irra caalmaattimmoo miidhamtuun kan gochi irratti raawwatame gocha waamamaan irratti raawwate kan ibsite yoo ta'u sababni haala kamiiniyyuu jechi isheen dubbatte fudhatama itti dhabuuf hin jiraatu. Inumaa ragaan ittisaa waamamaa irraa ittisuuf yaaluu dhabuun isaanii dhugaan jiru kan jechi ragaa A/alangaa dubbatan ta'uu caalmaatti kan agarsiisuudha.

Manni murtii tokko nama balleessaa qaba jechuufi ta'e bilisa jechuufillee jecha ragaa bu'uura godhachuu kan qabu ta'uun beekkamaa dha. Ragaan tokko dirqama kan ijaa ta'uu dhabuu kan danda'u ta'ee, jechi ragaa naannoo fudhatama kan qabu ta'uu hiikkoo s/d/f/h/h keeww.137 (1) irraa kan hubatamuudha. Jechi ragas yoo madaalamu akka waliigalaatti waan agarsiisanuu fi mullisanuun ta'uu qaba male jecha tokko tokko funaanuun wal faallessa jechuun jecha ragummaa dhimma kanaa keessatti

ragaan A/alangaa dubbatan waliin yoo ilaalamu haalli MMWO ragaa A/alangaa itti madaale kan nama amansiisu miti.

Seerri deemsa falmii yakkaa keeww.141 fi 149(1) irraa akka hubatamutti ammo bilisa jechuufis ta'ee balleessaa qaba jechuuf ragaan jecha kennan manni murtii yoo madaalu sababa kaa'uu akka qabu kan ibsuudha. Sababni taa'uu qabus kan fudhatama qabu ta'uudha qaba.

Dhimma kana jecha ragaa A/alangaa waliin akka olitti xiinxalletti Manni Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Lixaa qajeeltoo madaallii ragaa haala cabsuun dhimmicha kan ilaalee fi kaayyoo fi faallaa s/d/f/h/y keeww.141,149 fi 137(1) tiin dhimmicha kan ilaale ta'uudhaan dogoggora bu'uura seeraa kan qabu ta'ee argamee jira.

Waamamaan kun gochi inni ittiin himatame yaalii kan jedhu ta'uu dhabus sababa miidhamtuun iyyitteen ragoonni A/alangaa 2ffaa fi 3ffaan birmatanii itti dhaqaniif waamamaan miidhamtuu utuu hin gudeedin kan ishee kuffisee uffannaa isheerratti dhanga-la'aa sanyii kormaa gadi naquun waan yaade jechuunis gudeed-dii irratti utuu hin raawwatin kan addaan ba'e ta'uudhaan gochi isaa sadarkaa yaaliirratti akka hafee jiru dhaddachi kun hubatee waan jiruuf, MMO gochichi akka xumura argatetti fudhachuun murtii balleessummaa kan kenne ta'ullee sadarkaa yaaliitti kan hafeedha jennee s/yakkaa keeww.27 fi 627(1) jalatti balleessaa qaba jenneerra.

Adabbii ilaalchisee; waamamaan keewwata jalatti balleessaa qaba jedhameef sadarkaa fi gulantaan yakkichaa qajeelfama adabbii lakk.2/2006 jalatti kan ba'eefii jiru yoo ta'u, yakkichi sadarkaa yaaliitti kan hafe ta'uudhaan, miidhamtuurra miidhaan qaqqabe dhabamuu tilmaama keessa galchuudhaan,akkasumas sababoota adabbii salphisanu Mana Murtii Ol'aanaatti waamamaan dhiheeffatee fi waamamaan umuriin isaa sadarkaa dar-gaggummaarratti kan argamu ta'uu dhaan akkasumas dhimma kanaan kan wal fakkaatu yakkoota sadarkaa yaaliitti hafan ilaalchisee manni murtii akkaataa itti fakkaateen adabbii salphisuu akka danda'u galmee lakk.119500 ta'ee fi 104937 ta'erratti Manni Murtii Waliigala Federaalaa Dhaddachi Ijibbaataa murtii kan kennee waan jiruuf qajeelfama adabbiitiin utuu hin daanga'in bu'uura s/yakkaa keeww.27(1),31,180 fi 627(1) tiin akkasumas qajeelfama Adabbii lakk.2/2006 keeww.24 tiin adabbii murteessuun barbaachisaa ta'ee argamee jira. Kanaafuu waamamaan hidhaa cimaa waggaa 10 (kudhan) tiin akka adabamu jennee murteessineerra.

Ajaja

1. Manni Sirreessaa Godhina Wallagga Lixaa adabbii hidhaa cimaa waggaa 10 [kudhan] ta'e kana, waamamaan dhimma kanaaf kan hidhame yoo jiraate itti shallageefii akka raawwachiisu ajajamee jira.
2. Komiishiniin Poolisii Oromiyaa waamama kana to'annoo jala oolkchuudhaan adabbiin akka irratti raawwatamuuf dabarsee

Mana Sirreessaa Godina W/Lixaatiif akka kennu ykn akka galchu ajajamee jira.

3. Galmeen murtii waan argateef cufamee jira, mana galmeetti haa deebi'u.

Mallattoon hin dubbifamne kan Abbootii Seeraa 5 ni jira.

Lakk. Galmees 304872
Guyyaa 27/01/2012

Abbootii Murtii: Doobee Dhaabaa
Fiixaa Dachaasaa
Masfin Geetaachoo
Galaanaa Dhugumaa
Duulaa Lataa

- Iyyattoonni
1. Kadir H/Muhaammad
 2. Amiin H/Muhaammad
 3. Muktaar H/Ahimad
 4. Abdurahimaan Daalee
 5. Ashannaafii Dabalee

Waamamaan- Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa
Galmeen qoratamee murtiin kanaa gadii kennameera.

Murtii

Dhimmi falmii kuni kan eegale himata Abbaan Alangaa Aanaa Sinaanaa iyyattoota kana irratti Mana Murtii Aanaa Sinaanaatti dhiyeesseen yommuu ta'u tarreen himatichaas gabaabinaan iyyattoonni kuni S.Y. bara 1996 bahe keewwata 32 (1) (a) fi 686 (2) irra darbuudhaan gareedhaan ta'uun mirga tokko osoo irraa hin qabaatin faayidaa argachuuf jecha Aanaa Sinaanaa Ganda Qotee Bulaa Iluu Saanbituu iddoo addaa Qooxxee jedhamee waamamutti gaafa guyyaa 06/12/2009 ganama keesaa tilmaamaan sa'aatii 3:00 yommuu ta'utti lafa qonnaa miidhamtuu dhuunfaa Alfiyyaa Abbaas bal'inni isaa Miiddee 10

ta'e daangessitoonni Bahaan Shamsiyyaa Abdulbaasix fi Hasan H/Ahimad,Lixaan Alfiyyaa Abbaas, Kaabaan Karaa, Kibbaan Saafii Kadiriin daangeffamu mana murtiitiin murtaa'ee raawwatameefii kan ture humnaan jalaa qotanii waan qabataniif yakka jeequmsaa qabeenyaa ishee irratti raawwataniiru kan jedhudha. Iyyattoonni kunis himata isaan irratti dhiyaate kana waan haalaniif manni murtichaa ragaa Abbaa Alangaa dhagahee ragaan is irratti mirkaneessaniiru jechuudhaan ragaa ittisaas dhagahuudhaan erga madaaleen booda iyyattoonni yakka itti himataman raawwataniiru jechuudhaan murtii balleessummaa fi adabbii hidhaa cimaa waggaa tokkoon guyyaa qabamani kaasee kan shallagamuuf akka adabamaniif murtii kenneera. Iyyattoonni ammaa kunis murtiin haala kanaan kenname dogoggora of keessaa ni qaba jechuudhaan ol'iiyyata isaanii gara Mana Murtii Ol'aanaa Godina Baaleetti waan dhiyeeffataniif manni murtichaa ol'iiyyata sana dhiyeessisuudhaan falmii fi ragaa dabalataa waamee erga dhagaheen booda murtii jalaa diiguudhaan iyyattoonnis yakka itti himataman hin raawwanne jechuudhaan bilisaan isaan gaggeesseera. Abbaan Alangaa Godina Baalees murtii haala kanaan kenname komachuudhaan ol'iiyyata isaa gara Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Kibbaatti waan dhiyeeffateef manni murtichaas dhimma kana irratti falmii erga dhagaheen booda murtii kana diiguudhaan iyyattoonni yakka itti himataman raawwachuun isaanii mirkanaa'eera jechuudhaan murtii balleessaa fi adabbii Manni Murtii Aanaa Sinaanaa kenne cimsuudhaan murteesseera.

Iyyattoonis murtiin haala kanaan kenname dogoggora seeraa isa bu'uuraa of keessaa qaba jechuudhaan komachuudhaan iyyata isaanii dhaddacha kanatti kan dhiyeeffatan yommuu ta'u tarreen iyyatichaas gabaabinaan qabiyyee amma falmiif sababa ta'e kana irratti miidhamtuun nama wajjin wal falmaa turte faana waan araaramteef ani iyyataa Iffaan kun gahee obbo Muktaar H/Ahimad irraa yakutoo fudhadhee kan qonne malee faayidaa hin malle ofiif argannee miidhamtuu kanaan miidhuuf jennee gochaa kana hin raawwanne. Kunis ragaa namaa fi barreeffamaa galmee keessa jiruun mirkanaa'ee kan buleerudha. Kanaaf yakka kana hin raawwanne jedhamee murtii balleessaa fi adabbiin kenname narraa ka'ee galmeen akka cufamun gaafadha kan jedhuudha. Dhaddachi kunis iyyata isatti dhiyaate kana erga qorateen booda ni dhiyeessisa jechuudhaan waamamaan deebii akka irratti kennuuf ajajeera. Waamamaanis deebii isaa gaafa 27/07/2011 barreessee dhiyeeffateen qabiyyeen falmiif sababa ta'e miidhamtuuf murtaa'ee raawwiidhaan harka ishee galee kan buleerudha. Ragaan waraqaa ragaa abbaa qabiyyee kan ish-ee ta'uu agarsiisus dhiyaatee galmee mana murtii jalaa keessa ni jira. Waliigalteedhaan qabiyyee kanan qabadhe jechuudhaan iyyataa Iffaan kan inni ibsaa jiru ilaalchisees namni waliigalticha barreesseera jedhame bakka miidhamtuun hin jirretti ta'uu ibsee waan jiruuf waliigaltichi ni jira jedhamee hin yaadamu. Kanaaf gochaan isaan raawwatan yakka qabeenyaa mancaasuu waan ta'eef murtiin mana murtii jalaatiin kenname dogoggora seeraa isa bu'uuraa of keessaa ni qaba hin jechisiisu waan ta'eef cimee galmeen akka cufamuuf gaafateera.

Seenaan galmee kanaa fi falmiin gaggeeffamaa ture kan olitti eerame yommuu ta'u, iyyattoonni yakka qabeenyaa namaa irratti jeequmsa kaasuu raawwachuun isaanii mirkanaa'e moo miti? qabxii jedhu irratti galmeen qoratameera. Haala kanaan iyyattoonni kuni mana murtii jalaatti qabeenyaa miidhamtuu dhuunfaa Alfiyyaa Abbaas jedhamtu irratti jeequmsa kaasaniiru kan jedhame erga murtiidhaan akka gadhiisaniif itti murtaa'ee haala sanaanis raawwatameen booda yaada sammuu yakka kana raawwachu godhatanii qabeenyaa ishee qotataniiru jedhameetudha. Kanaan wal qabatee yakki kuni raawwatameera jedhamuudhaaf ulaagaawwan seeraa guutuu qaban ilalchisee tumaa seeraa isaan itti himataman ilaalchisuun barbaachisaadha. Akkaataa tumaa s.y.keewwata 686ttis yakki qabeenyaa namaa irratti jeequmsa kaasuu raawwatameera kan jedhamu namni tokko mirga tokkollee otoo hin qabaatin faayidaa argachuuf jedhee qabeenyaa namaa gamoo yookaan lafa yoo weerare yookaan immoo yoo qabate yookaan immoo qabiyyee namaa irratti jeequmsa yoo kaase akka ta'e ni hubatama. Dhimma ammaa kana irratti immoo iyyataa 1ffaan qabiyyee kana qabateera kan jedhamu waliigaltee yakutoodhaan nama Muktaar H/Ahimad jedhamu irraa fudhatee akka ta'e ragaan namaa iyyattootaa Mana Murtii Aanaa Sinaanaatti dhagahamanii fi ragaan dabalataa Mana Murtii Ol'aanaa Godina Baaleetti dhagahaman mirkaneessaniiru. Qabiyyichas falmii miidhamtuun nama Muktaar H/Ahimad jedhamu faana wal falmitee isaanis waliigalteedhaan miidhamtuun Miiddee 8, Muktaar H/Ahimad immoo Miiddee 10 fudhatee kan waliigalan ta'uu waliigalteen gaafa 21/12/2008 barraa'ee galmee keessa jiru ni agarsiisa. Ragaan dhagahamanis waliigaltichi

taasifamuu mirkaneessanii jiru. Kanaaf iyyattoonni qabiyyee kana dhaqanii kan qotani gahee Muktaar H/Ahimad irratti waliigaltee yakutoo inni iyyataa Iffaa kana faana taasiseen ta'uutu mul'ata. Kuni immoo yaadni sammuu iyyattoota kanaa mirga tokkuyyuu otoo hin qabaatin faayidaa argachuuf jecha qabiyyee miidhamtuu kan hin qabanne akka ta'e agarsiisa. Iyyattoonnis ka'umsa waliigaltee jiruun qabiyyee kana kan qabatan akka ta'e malee callisanii akka hin qabanne agarsiisa. Miidhamtuun waliigaltichi akka diigamuuf kan barbaaddu yoo ta'es, falmii hariiroo hawaasaadhaan mirga ishee kabachiifachuu kan dandeessudha malee dhimmichi yakka qabeenyaa namaa jeequu jedhamee himanni dhiyaachuun isaa ulaagaa tumaa seera kanaa kan guute miti. Ragaan Abbaa Alangaa dhagahames iyyattoonni lafa kana miidhamtuun dhorkuu dhaqnaan didanii qotaa turuu malee waliigalteedhaan miidhamtuun Muktaar H/Ahimadiif gadhiistee iyyattoonni immoo lafa isheen waliigalteedhaan gadhiiste kana waliigaltee biraadhaan kan hin qabanne ta'uu kan agarsiisan hin qabani. Kanaaf yakki qabeenyaa namaa irratti jeequmsa kaasuu raawwatameera jedhamuu waan hin dandeenyeef himanni dhiyaates hin mirkanoofne jedhameera. Kana ta'ee otoo jiruu Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Kibbaa iyyattoonni balleessaa raawwataniiru jechuudhaan akkaataa Manni Murtii Aanaa Sinaanaa murteessetti adabbiin hidhaa cimaa waggaa tokkoo irratti haa raawwatamu jedhee kan murteesse dogoggora seeraa isa bu'uura of keessaa kan qabuudha jedhameera.

Ajaja

1.Murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Kibbaa Galmee Lakkoofsa 286010 ta'e irratti dhaddacha gaafa 03/04/2011 ooleen kenne diigamee murtii Manni Murtii Ol'aanaa Godina Baalee Galmee Lakkoofsa 25071 ta'e irratti dhaddacha gaafa 24/05/2010 ooleen kenne immoo cimee murtiin akkaataa tumaa s.d.f.h.h. keewwata 348(1) tti kennameera.

2.Iyyattoonni yakka qabeenyaa namaa irratti jeequmsa kaasuu hin raawwanne jedhamanii himata isaan irratti dhiyaate irraa bilisaan gaggeeffamaniiru.

3.Dirqamni wabii iyyattoota kanaa bu'eera. Maallaqa isaan wabummaaf qabsiisanis haa deebi'uuf.

4.Garagalchi murtii kanaa mana murtii jalaa haa qaqqabu.

5.Galmeen waan murtaa'eef cufameera. Mana galmee haa taa'u.

Mallattoon hin dubbifamne kan Abbootii Seeraa 5 ni jira.